# XIINXALA FOOKLOORII OROMOO ITTI FAYYDAMA FARDAA KEESSATTI GODINA SHAWAA KIBBA DHIHAA AANAA DAAWOOTTI

**URGEESSAA XILAAHUN**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO HOG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYY, 2009/2017**

**FINFINNEE**

# XIINXALA FOOKLOORII OROMOO ITTI FAYYDAMA FARDAA KEESSATTI GODINA SHAWAA KIBBA DHIHAA AANAA DAAWOOTTI

**URGEESSAA XILAAHUN**

**GORSAA: XILAAHUN TALIILAA (Ph D)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO HOG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2009/2017**

**FINFINNEE**

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

Dhaaabbata Qorannoo Digirii Duraafi Boodaa

Waraqaan qorannoo ulaagaa digirii lammataa (MA) gamisaan guuttachuuf mata duree ‘Xiinxala Beekumsa Hawaasa Oromoo Fardaafi Horii Maalaatiif qabu Aanaa Daawoo irratti xiyyeeffatee` jedhuun Urgeessaa Xilaahuun qophaa’e ulaagaa sadarkaa madaallii yuunivarsiitichi kaa’e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa keessaa

Maqaaa_____________________Mallattoo_______Guyyaa__________

Qoraa alaa

Maqaaa_____________________Mallattoo_______Guyyaa__________

Gorsaa

Maqaaa_____________________Mallattoo_______Guyyaa__________

---

Dura Taa’aa Muummee Ykn Walitti Qabaa Digirii Lammata

## Axeeraraa

*Qorannoon kuni mataduree 'Xiinxala Fookiloorii Itti Fayyadama Fardaa Keessatti: Aanaa Daawoorratti xiyyeeffate' jedhu irratti qoratame. Kaayyoon qorannoo kanaas akkaataa Dorson (1972) fookiloorii qoqqoodeen, Fookilooriin Oromoo isaan kamtu fardaa keessatti argamaa? Faayidaan isaan qaban maali? Sirnoota akkamiitu fardaa walqabatee qophaa'aa? Hawaasni Oromoo Fardaa haala kamiin maqaa moggaasaa?Jijjiirama akkamitu Fookloorii Fardaa keessatti mul'ataa jira? isa jedhuuf deebii auf qoratame. Barbachisummaan firii qorannoo kanaa, namoota gara duraatti qorannoo gaggeessaniif, kitaaba barreessaniif, galmee jechaa qopheessaniifi ciicata ta'uu danda'a. Malli iddatteessuu qorataan gargaarame mala iddatteessu akkayyoo /purposive sumpling/ ta'ee namoota kallattiin fardaa taphatanfi fookiloorii Oromoo waliin hariiroo qaban irratti xiyyeeffachuun ragaan funaaname. Qorannoo kuni gosa qorannoo ibsaa ta'ee mala akkamtaa /qualitative description/ fayyadame. Meeshaan funaansa ragaa afgaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeeffannoo yoo ta'u madda ragaa duraa irraa odeeffannoon funaanamee ragaan argame eega xiinxalamee booda qaacceffamee hiikni itti kennamee jira. Akka firii qorannoo kanaatti akaakuun fookiloorii Oromoo itii fayadama fardaa keessatti ga'ee qaban, Afoola /Oral Literature/, Meeshaa aadaa /Material culter/, Duudhaa /Custom/, Aartii sochii/FolkArt/dha. Fkn eebba, sirba, mi'a fardaa, kal'ee gosa gosaan , daabee, gaachana, alangaa, ulee, farda bifaan, dirree/araddaa/. Isaan kuni immoo aadaa barsiisuuf, walitti dhufeenya cimsuuf, jabina qaamaatiif /fayyummaaf/, bareedinaaf,Ogummaa yknkalaqa sammuu jajjabeessuufi kkf fayyadu. Yoomessi isaan tajaajilan, yeroo qophii sirnaa, yeroo sirna kessattifi sirnaan booda ta'ee achirratti kan qooda fudhatan diiraafi dubartii dabalatee daa'imman, dargaggoota, ga'eessotafi maanguddootadha. Karaa biraatiin hawaasni Oromoo sababoota garaagaraatiin fardaaf maqaa nimoggaasa. Bifa, amala, haala yeroofi kkf irratti hunda'ee akka maqaa moggaasuu bira game'ra. Akaakuwwan fookiloorii Oromoo Gombisa fardaa keessatti argaman kuni, sababa siyaasaa, barumsa jabanaa /qaroominaa/, dinagdeefi amantii irraa kan ka'e jijjiiramni isaani ni mullata. Sababa hanqina lafa qonnaarraan kanka'e dirreen hundi qotamaa waan jiraniif yeroo dheeraaf akka kanaan yoo itti fufe iddoo itti taphatan dhabuu irraa kan ka'e dhaabbachu akka danda'u nama hin mamsiisu. Kana irraa kan ka'e qorataan qabxii gara gara irratti qaamni ilaallatu akka hojjatuuf yaboo kaa'ee jira. Isaan keessaa rakkoo olaanaa kan ta'e saamamuu dirree ilaalchise. Qaamni dhimmi ilaallatu akka eegumsa barbaachisaa taasisuuf. Haala kabaja sirnoota kan akka sirna fuudhaafi heerumaa, sirna gumaa, sirnoota kkf irratti jijjiiramni yoomessaa, gatiin gabbaraa waan jiruu mariin hawaasaa irratti taasifamee fooyya'uu akka qabu waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Daawoo akka irratti hojjachuu qabu qorataan kun yaboo isaa keessatti ibse.*

## *Galata*

Hundaa olitti qorannoo kana bifa kanaan hojjadhee akkan xumuruuf hanga dhumaatti kan nagargaare Waaqa Uumaa guddiseen galateeffadha! Itti aansuudhaan haala gaariin natti dhiyaachuun beekumsa qaban osoo hinqusatiin kan nagorsaniifi sirreeffama hojii kootiif gargaasa guddaa taasisaa turan Xilaahun Taliilaa (PhD) baay’een galateeffadha. Karaa biraatiin hojii koo irratti najajjabeessaa kan turte haadha manaa koo Aaddee Birqii Tulluutiif galanni koo guddaadha. Dabalees funaansa ragaa irratti suura kaasuufi, sagalee waraabuun kan nagargaaraa turan Abbabaa Takkaafi Ayyaansaa Toleeraa dabalee galateeffachuun barbaada. Haluma kana fakkaatuun, funaansa odeeffannootiif gandoota baadiyyaa iddoowwan adda addaa jiran keessatti haala naaf mijeessuunfi odeeffannoo kennitoota naaf beellamuun deeggarsa gochaa kanturan barsiisaa Bulloo Alamuu, Obboo Dajanee Nasgaa, Addee Eebbisee Tirfessaatiif galanni koo xiqqaa miti. Karaabiraatiin hojjattoota WAT Aaanaa Daawoo tumsa isaan naaf godhaniif galatan qaba. Akkasumas, manguddoota, barsiisota, dargagoota, haawweenfi jiraattota Aanaa Daawoo warra nuffii tokko malee beekumsaafi yeroo isaanii otuu hinqusatin odeeffannoo naaf kennan hunda ulfaadhaa jechuun barbaada. Keessayyuu Obboo Naggaa Indaalaaf kabajini koo guddaadha. Dhuma irratti barreeffamni koo unka barreeffama qorannoon tokko qabaachuu qabu akka guutu kan naaf qideessite barreesituu Tsiggee Baqqalaatiif galanni koo guddaadha.

**Gabaajeewwan**

| | |
|---|---|
| BBO | - Biiroo Barnoota Oromiyaa |
| Fkn | - Fakkeenya |
| Kkf | - Kan kana fakkaatan. |
| MOE | - Minster of education |
| WBAD | -Waajjira Barnoota Aanaa Daaawoo |
| WATO | - Waajjira Aadaafi Turiizimii oromiyaa |
| W AT | - Waajjira Aadaafi Turiizimii |
| WBLAD | - Waajjira Bulchiinsa Lafaa Aanaa Daawoo |
| WKAD | -Waajjira Kominikeeshinii Aanaa Daawoo |
| Ykn | - Yookan |

**Jibsoo**

Albaadhessa ------ kan baay’ee nyaatu

Baraara ------------jalaabaasa

Ciruma ------------- siruma (wanta hinjirre)

Geelloo  -----------sirba cidhaa

Jibsoo --------------hiika jechootaa

Og –Afaan---------afoola

Yaboo -------------furmaata

Gadabii ----------- Farda qalaamaa hin yaabbatamne

Dankaaka --------- Farda qalaamaa hindhalle

Maseena ------------ sa’a gonkumaa hindhalle

## *Gabate 1, Baafataa Suuraawwaan Agarsiisu*


| **Lakk.Suuraa** | **Wanta fakkiin agarsiisuu** | **Fuula** |
|---|---|---|
| **Suuraa 1ffaa** | **Fakkii kaartaa Aanaa Daawoo** | **3** |
| **Suuraa 2ffaa** | *Fardaa mi'a fardaa guutuu wajjiin,* | **35** |
| **Suuraa 3ffaa** | **Fakkii Gaachanaa kan agarsiisu** | **35** |
| **Suuraa 4ffaa** | **A- Looffisaa Kan Gogaa jaldeessaarraa hojjatame** | **37** |
| | **B- Fakkii Looffisaa Kan Gogaa Qeerransaarraa Hojjatame** | **37** |
| **Suuraa 5ffaa** | **Fakkii Namoota Zinnaara Mundhitti Hidhatan agarsiisuu** | **38** |
| **Suuraa 6ffaa** | **Fakkii Fardaa Kan Agarsiisu** | **39** |
| **Suuraa 7ffaa** | **Fakkii Kan Dirree Guluffii Fardaa Agarsiisu** | **40** |
| **Suuraa 8ffaa** | **Fakkii Kan sochii Aartii Gugsii Fardaafi Utaalcha Agarsiisuu** | **48** |
| **Suuraa 9ffaa** | **Fakkiiwwaan Fokkorsa Yeroo Namni Du'e Taasifamu Agarsiisan** | **54** |
| **Suuraa 10ffaa** | **Fakkii Horii Qircha Masqalaatiif Bitaman Agarsiisu** | **57** |
| **Suuraa 11ffaa** | **Fakkii Ayyaana Masqalaa Gaafa Carqoos Masqalaa Qirca Qircatan** | **57** |
| **Suuraa 12ffaa** | **Fakkii yeroo Daamaraan Masqalaa Boba'u agarsiisu** | **60** |
| **Suuraa 13ffaa** | **Fakkii Halkan Yeroo Foolleen Foollee Sirbitu Agarsiisu** | **61** |
| **Suuraa 14ffaa** | **Fakkii Yeroo Qophii Keessatti Mi'a Fardaa Walitti Qobatan** | **62** |
| **Suuraa 15ffaa** | **Fakkii misirroon manaa baatuu agarsiisu** | **64** |
| **Suuraa 16ffaa** | **Fakkii Sirna Fuudhaafi Heerumaa Yeroo Raawwatu Argisiisu** | **64** |
| **Suuraa 17ffaa** | **Fakkii misirroon Erga Mana Gurbaatti Galtee** | **65** |
| **Suuraa 18ffaa** | **Nama Gumaan Itti Galee Gadhatufi Marii Gumii Abbootii Gadaa** | **67** |
| **Suuraa 19ffaa** | **Fakkii Gosoota Fardaa Umuriin Agarsiisu** | **70** |
| **Suuraa 20ffaa** | **Fakkii Gosa Fardaa Gama Tajaajilaatiin Agarsiisu** | **70** |
| **Suuraa 21ffaa** | **Fakkii Jijjiirama Mi'a fardaarratti Mul'ate Kan Agarsiisu** | **74** |
| **Suuraa 22ffaa** | **Fakkii Jijjiirama Gaachanarratti Mula'te** | **74** |
| **Suuraa 23ffaa** | **Jijjirama Kal'ee Irratti Mul'atu Gorataan Kan Kaase** | **75** |
| **Caatoo 1** | **Kan idda latiinsa Oromoo Aanaa Daawoo agarssisu** | **7** |
| **Gabatee 1** | **Qaaccessa Afwalaloo Fardaa wajjiin walqabatu** | **48** |
| **Gabatee 2** | **Qaaccessa hiika fakkoomii fardaan wajjiin walqabatan** | **71** |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


**BOQONNAA TOKKO: SEENSA**.....1

**1.1 Seenduuba Qorannichaa**.....1

1.1.1 Haala Waliigala Naannoo Qorannichaafi Jireenya Uummataa.....3

1.1.2 Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Daawoo.....6

1.2 Ka'umsa Qorannoo.....8

1.2.1 Gaafiilee ka'uumsa qorannoo.....9

1.3 Kaayyoo Qorannoo.....9

1.3.1 Kaayyoo Gooroo.....9

1.3.2 Kaayyoo Gooree.....9

1.4 Barbaachisummaa Qorannoo.....10

1.6. Hir'ina Qorannichaa.....10

1.7. Qindoomina Qorannichaa.....11

**BOQONNAA :LAMA**.....12

**2. Sakatta'a Barruufi Yaaxinawwan**.....12

2.1. Maalummaa Fookloorii.....12

2.1.1 Amaloota Fookloorii.....15

2.1.1.1 Babal'achuu Fookloorii (Continutes ).....15

2.1.1.2 Jijjiiramummaa (Changing of Folklore).....16

2.1.1.3 Hurrubummaa.....16

2.1.2 Maqaa Fardaa Moggaasuu.....17

2.2 . Yaada Rimeewwaan (Yaaxina) Fookloorii.....18

2.2.1 Yaaxina Faayidaa (Functional Theory).....18

2.2.1.1 Barsiisuuf.....18

2.2.1.2 Aadaafi Duudhaa Hawaasaa Cimsuu.....18

2.2.1.3 Amala Sirrii Ta'e Ittin Dagaagsuuf.....19

2.2.1.3 Miliksuu.....19

2.2.2 Yaaxina Seen-Naannoo (Historical GeographicaTheory).....19

2.2.4 Yaaxina Hiika Fakkoomii (Symbolic Interprition Theory) ..............................20
2.2.4.1 Fakkoomii hunda Galeessa ..........................................................................20
2 .2. 4. 2 Fakkoomii Barsiifataa..........................................................................20
2.2.4.3 Fakkoomii Dhuunfaa ..............................................................................21
2.2 Qorannoo Wal Fakkii ......................................................................................21
2.3.1 Ciminaafi Hanqina Qorannoo Walfakkii ......................................................21
2.3.2. Tokkummaafi Garaa Garummaa Qorannoo Walfakkiifi Qorannoo Kanaa .......22
**BOQONNAA : SADII** .........................................................................................23
**3 IJAARSAAFI MALA QORANNOO** .................................................................23
3.1 Saxaxa Qorannichaa .........................................................................................23
3.2. Irraawwatama ...................................................................................................23
3.3. Madda Odeeffannoo..........................................................................................24
3.4 Mala Iddatteessuu ..............................................................................................24
3.5 Yoomessa Qorannoo..........................................................................................25
3.6 Meeshaalee Funaansa Ragaa ............................................................................25
3. 6.1 Afgaafii ...........................................................................................................25
3.6.2 Daawwannaa ....................................................................................................26
3.6.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo ............................................................................27
3.7 Adeemsa Funaansa Odeeffannoofi Qaaccessa Ragaa. ............................................27
3.7.1 Adeemsa Funaansa Odeeffannoo .....................................................................27
3.7.2 Qaaccessa Ragaa ..............................................................................................28
3.7.3 Qindeeffama Qorannoo......................................................................................29
3.8 Muuxannoo Dirree ..............................................................................................29
3.8.1 Meeshaa Sagaleefi Suuraa .................................................................................29
3.8.2 Naamusa Ogummaa............................................................................................29
**BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAA** .......................................31
**4. Haala Waliigalaa**...................................................................................................31
4.1. Akaakuu Fookloorii Hawaasa Oromoo Itti Fayyadama Fardaa wajjiin walqabatan..32
4.1.1 Meeshaalee Aadaa ( material culture ) ............................................................32

4.1.1.1 Meeshaalee Aadaa Hawasa Oromoo Aanaa Daawoo Fardaan wajjiin walqabatan ....................................................................................32
4.1.1.2. Afoola /Oral Literature / ....................................................................42
4.1.1.3. Duudhaa/custom /..............................................................................44
4.1.1.4 Aartii Sochii /Folk Art/ ..........................................................................46
4.2. Faayidaa Fooklooriin Itti Fayyadama Fardaa Hawaasa Oromootiif Qabu................50
4.2.1 Barsiisuu ...............................................................................................50
4.2.2 Cimsuu...................................................................................................51
4.2.3 Aadaa Hawaasaa Ittiin Dagaagsuuf( Aadaa Dabarsuuf) ...................................52
4.2.4 Waanta Balaa Geessisu Danda'u Jalaa Milqsuuf .............................................53
4.3. Sirnoota Itti Fayyadama Fardaa Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo Biratti kabajaman..........................................................................................53
4. 3. 1. Sirna Booyichaa Itti Fayyadama Fardaa Hawaasa Oromoo Aanaa Dawoo......53
4.3.1. 1 Raawwii Sirna Awwaalchaa Duraa .........................................................54
4.3.1.2 Raawwii guyyaa sirna awwaalchaa .........................................................54
4.3.1 .3 Raawwii Sirna Awwaalchaa Booda .........................................................55
4.3 .2 Kabaja Ayyaana Masqalaa.........................................................................56
4.3. 2.1 Qophii Kabaja Sirna Ayyaana Masqalaatiif Godhamu ...............................56
4.3.2.2 Raawwii Guyyaa Ayyaana Masqalaa.........................................................59
4.3. 2. 3 Raawwii Guyyaa Ayyaana Masqalaan Boodaa .........................................61
4.3.3 Sirna Fuudhaafi Heerumaa..........................................................................62
4.3.3.1 Raawwii yeroo Qophii Sirna Fuudhaafi Heerumaa ....................................62
4.3.3. 2 Raawwii Yeroo Sirnaa Fuudhaafi Heerumaa.............................................63
4.3.3.3 Raawwii yeroo Sirnaan Boodaa ...............................................................66
4.3.8 Raawwii Sirna Gumaa Baasuu.......................................................................66
4.3.8.1 Raawwii Yeroo Gumaa Baasuu Duraa .......................................................67
4.3.8.2 Guyyaa Sirna Gumaa Baasuu (Guyyaa Araaraa)..........................................67
4.3. 8.3 Raawwii Sirna Gumaa Baasuu( Guyyaa Araaraa Booda) ...........................69
4.4 Moggaasa Maqaa Fardaa Hawaasa Aaana Daawoo biratti.................................69
4.5 Hiikaa Fakkoomii Fookloorii Itti Fayyadama Fardaa Hawaasa Aanaa Daawoo .......71
4.6 Jijjiirama Fookloorii Itti Fayyadama Fardaa irratti mul'ate...............................73

4.6.1. Jijjiirama Fookloorii Fardaa Gama Meeshaa Aadaarratti mul'ate ....................74
4.6.2 Jijjiirama Fookloorii Fardaa Gama Duudhaarratti mul'ate...............................77
4.6.3 Jijjiirama Fookloorii Fardaa Gama Sochii Artiirratti mul'ate ............................77
4.6.4 Jijjiirama Fookloorii Fardaa Gama Afoolaarratti mul'ate ..................................78
4.7 Firii QorannooFookloorii Itti Fayyadama Fardaa Bira Gahme ...............................78
4.7.1 Firii Qorannoo Gama Gosoota Fooklooriitiin Mul'ate.......................................78
4.7.2 Firii Qorannoo Gama Faayidaa Fooklooriitiin Mul'ate......................................79
4.7.3 Firii Qorannoo Gama Sirnootaan Fookloorii Itti Fayyadama Fardaa Mul'ate ....79
4.7.4 Firii Qorannoo Gama Moggaasa Maqaa Fardaatiin Mul'ate .............................79
4.7.5 Firii Qorannoo Gama Hiikaa Fakkoomii Fookloorii Fardaatiin Mul'ate ............80
4.7.6 Firii Qorannoo Gama Jijjiirama Fookloorii Fardaatiin Mul'ate.........................80
**BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GUDUUNFAAFI YABOO** ..............................82
5.1. Cuunfaa ..........................................................................................................82
5.2. Guduunfaa ......................................................................................................83
5.3. Yaboo ..............................................................................................................87
**Wabbii**..................................................................................................................89
**Dabaleewwan** ......................................................................................................92

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduuba Qorannichaa

Kutaan kun bakka itti haalli waliigala mataduree qorannichaa itti ibsamuudha. Kaayyoon kutaa kanaa inni guddaan bakka itti dubbistoota kakaasuufi kallattii agarsiisuuf itti gargaamnuudha. Addunyaa (2011:52) .Haaluma kanaan qorataan mataduree “Xiinxala Fookloorii hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo Itti Fayyadama Fardaarratti Qabu” jedhu jalatti haala waliigala mata durichaa akka kanaa gadiitti ibsuuf yaale.

Waa’ee seenaa guddina fookloorii tokkoo qorachuun dura calqaba isaa irraa ka’uun sirriitti hubachuufi haala sirrii ta’een itti waa’ee ba’uuf gargaara. Hawaasni adda addaa akkuma aadaan isaa gargar ta’e, qorannoo fookloorii isaatiinis adda adda ta’uu mala. Haaluma kanaan kan uummata Oromoo yoo ilaalle akkuma lakkoofsi uummatichaa hedduu ta’e fooklooriin isaas akka bal’atu nama hinshakkisiisu. Kana irraa ka’ee fookloorii Oromoo tarreessuun akka urjii lakkaa’uu ulfaatullee akka fakkeenyaatti aadaa nyaataa, uffannaa, fuudhafi heerumaa, waaqeffannaa, walgargaarsaa, hawaasummaa, sirna awwalchaa, sirna ateetee, sirna gadaafi kanneen biro hawaasichi guyyaa guyyaan dalagu kaasuun nidanda’ama. Kanas hiika hayyooni biyyoota gara gara itti laatan irraa ka’ee babal’isuun qorattoonni hedduun itti hirmaatanii jiru. Kana hunduma isaanii ilaaluun waan hindanda’amneef muraasa ilaalle:

Dorson (1972), yeroo ibsu, hambaaleen baay’ee dulloomoon (antiquities) kuni ‘folklore’ akka jedhamaniif yaada kenne. Kanaaf biyya Ingiliz keessattis, qorannoo afoolaa keessatti aadaa hambaalee seenaa baay’ee dulloomoo tahan qorachaa ture.

Taylor (1973), afoolli seenaan ilma namaa, “*simple, savage, barbarism, civilization*” keessa dabaree dabareedhaan keessa taree akka dhufe agarsiisuu danda’a jedha. Malli qorannoo Taylor, seenaafi guddina ilma namaa akka waliigalaatti, duubaa gara fuula duraatti ilaala jechuudha. Fooyya’aa deemuu ilma namaa kana ammoo nuuf mirkaneessuu kan dandahu hafteewwan duudhaa uummataa afseenaatiin darbaa daddarbaa dhufanidha. Taylor, Kanaafis, fookloorii yoo ibsu, “*saayinsii seenaa (historical science), duudhaafi barsiifata hawaasaa dorgomsiisuufi adda baasuuf hawaasa ammayyaa qoratudha*.” jedha.

Alamituufi Alamaayyoo (2010). Elliot Oring, (1986:6) wabeeffachuun yeroo ibsan*:* *"Jechi 'folklore' jedhu, meeshaalee durii jiraattota baadiyyaa biraa argamee jireenya durdurii uummata tokkoo mul'isuuf dandahuuf moggaaffame."* jechuun ibsu.

Qorannoo afoola biyyoota sadii kan Jarman, Ingiliziifi Ameerikaa akka fakkeenyatti yoo kaafne, qorannoon cimaan kan har'a folklore jedhamee beekamu irratti kan adeemsifamu jalqabe xumura jaarraa 18ffaa keessa biyya Jarmanitti.

Applebee, Andrea. *etal.* (2003) keesatti waa'ee fookilorii Friedrich bu'uureffachuun "*Folklore reflect the experience of child hood, unsophisticated societies, and common people*" jechuun ibsu. Namoonni kuni garee warra Roomaantiikii yoo ta'an, warri 'Romantics' sirba (folk song) hawaasa keessaa sassaabuudhaan ogbarruun biyyooleessaa (national literature) akka jajjabaatuufi cimaa akka deemuu hojjechaa turani. Warri 'Nationalist' immoo duudhaa nama durii ibsuufi irra deebi'anii hubachuuf afoola sassaabaa turani. Keessumaayyuu afoola Jarman, dhufaatiifi babal'ina Giriik, Roomaafi qaroomina kiristaanaa waliin walqabatee, (mythology) bade deebisanii ijaaruuf gara afoolaatti fuulaa isaanii deebisanii akka turan seenaan nimirkaneessa.

Kanaafis, namoota baadiyyaa qonnaan bulan (peasants) kanneen ilaalchi magaalaa beekumsa isaanii ganamaa (indigenous) kan hinfaalle akka madda odeeffannootti gargaaramaa turani.

Duudhaan, oduun durii, sirba, Ilaalchi isaan qabeenyaa, meeshaalee aadaatiif qabaniifi haalli dubbii isaanii raacatii jireenya hawaasa durii ofkeessaa qaba yaada jedhu irraa argachuuf odeeffannoo argamu qaaccessuudhaan, durdur hawaasni lafa sanarra ture maal akka fakkaatu duuba deebi'anii ilaaluun akka danda'amu dursanii warrii hubatanii itti gargaaramani warra Jarman. Jacob Grimm (1785-1863)fi Wilhelm Grimm (1786-1859) oduu durdurii walitti qabanii maxxansiisutiin barnoota afoola Jarman keessatti baay'ee beekamoodha. (Dundes 2007), Qorannoo afoola Ameerikaa keessatti immoo, waa'ee afoolaa keessaa yaadarimee 'lor' irratti xiyyeeffatu. Qorata Afoola Ameerikaa keessatti, fooklooriin qabeenya kanneen hinbaratinii akka ta'etti yaadama ture. Hayyuun xinaadaa (cultural anthroplogy) Ameerikaa Robert Redfield 'folk society'n amala addaa waan qabuuf isaan irratti xiyyeeffatamuu qaba jedha. Akka inni jedhutti, (folk society) baay'ee walfakkaatu; hawaasa garee isaanii ala tahe waliin walitti dhufeenyi qaban baay'ee

daanga'aadha; amalaafi ilaalchi isaanii walfakkatu. Hayyuun Redfield immoo jecha 'folk' jedhu kana sadarkaa sadarkaatiin kaa'a. Isaanis: Hawaasni duri (primitive society) kanneen baadiyyaa (peasants)  kanneen magaalaa caalaa 'folk'dha jedha. Jechi ''folk'' jedhu yoo ibsamu: garee namoota kamiillee ta'e, kanneen yoo xiqqaate waanta tokko kan walitti isaan hidhu qabanidha jedha. Kan walitti isaan qabsiisu kan fedhe yoo ta'ellee, gareen sun barsiifata eenyummaa kooti jedhu qaba. Kunimmoo "lori"isaati.

Bauman (1992:147), gareen tokko barsiifata waliinii eenyummaa waliinii isaanii irratti bu'uureffame qabaachuun folk( hawaasa durii) sana ibsuu keessatti ulaagaa barbaachisaa akka ta'es niibsa. Qorannoon afoola Ameerikaa erga Dorsonfi Dundes hojii isaanii isa guddaa barreessanii booda guddina gaarii agarsiisaa dhufeera. Kitaabni kunis dhimmoota afoola sabaafi amantaa, afoola hojii, afoola daa'immaniifi afoola sirbaa irrattis namoota qorannoo afoolaa reefu eegalaniif jalqabbii gaarii ta'eera.

### 1.1.1 Haala Waliigala Naannoo Qorannichaafi Jireenya Uummataa

Qorannoon kun kan gaggeeffame Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Daawootti yoo ta'u, Fookiloorii hawaasni Oromoo Ittifayyadama Fardaatiif qaburratti xiyyeeffata. Aanaan kun kan argamu Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kibba Dhihaa keessatti. Aanaan kun karaa bahaatii Aanaa Iluu, dhihaan Aanaa Waliso, kaaban Aanaa Dandiitiin, kibbaa Aanaa Bachootiin daangeffama. Finfinnee irraa fageenya  96km irratti argama. Magaalaa  Godinaa walisorraa 50km fagaate argama.  Bali'nni waliigala aanichaa Heektara 41,094ta'a. Baayyinni uummata Aanaa Daawoo dhi. 44,108  dub. 42,685 waliigalatti 86,703 akka ta'e ragaan waajjira Bulchiisa Aanaa ni ibsa. (*Waajjira Bulchiinsa Aanaa Daawoo bara 2008*)



*Suuraa1ffaa, kaartaa Aanaa Daawoofi daangessitota ishii ibsu. Maddi:Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Daawooti*

Aanaa Daawoo Aanaa taa'ee kan moggaafame bara, 1968 yoo ta'u, bifa haaraan beekamtii kan argate bara 1985 ture. Aanaa Daawoo Gandoota baadiyyaa 22 fi ganda magaalaa 1 walitti gandoota 23 qaba. Magaalaa guddoo Aanaa Daawoo "Buusaa" jedhama. Magaalli Buusaa bali'na lafa heek. 451.036 irratti diriiree argama. Baay'inni uummata Magaalaa Buusaa dhi .3651, dub. 3849 wal. 7500 of keessatti qabatee jira. (*Maddi raga bulchiisa magaalaa Buusaarraa* )

Jireenyi uummata aanaa kanaa kan irratti hundaa'e qonnaa, horsiisa looniinkaraa aadaatiin, horsiisa lukkuu, horsiisa kanniisaafi hanga tokko daldalarratti. Haalli qilleensa baramaa Aanaa Daawoo baddaan dhibbeentaa 12% badda daree dhibbeentaa 88% yoo ta'u, midhaan naannoo kanatti bal'inaan oomishamu, qamadii, garbuu, xaafii, baaqelaa, atara, shumburaa, gaayyoo, boqqolloo, nuugii, talbaa naannoo baddaatti warqeefi kkf yoo ta'u, mishingaanis darbee darbee ni oomishama.(*Maddi Waajjira Qonnaa Aanichaarra).*Afaani aanaa kana keessatti bal'inaan dubbatamuufi beekamu Afaan Oromoo yoo ta'u, Afaan Amaaraas darbee darbee nidubbatama. Amantiin aanaa kana keessatti bal'inaan hordofamus amantaa Ortoodoksiifi Pirootestaantiidha. Amantaan Waaqeffannaafi Amantaan Islaamaas darbee darbee nimul'ata.

**Tajaajila lafa aanichaa ilaalchisee**: raga wajjira qonnaa aanichaa akka ibsutti lafti qonnaaf oolu heektara 32,890 (79.38%), lafti kaloof (tifkataa) heek.5,611(13.56%), lafti tajaajila ijaarsaatiif oolu heek.733.35 (1.78%) fi lafti bosonaa heek.320 (0.77%) akka ta'e ibsa.

**Bu'uraa misoomaa** kanneen akka bishaan dhugaatii akka aanatti 78%irra jiraatullee pirojektiiwwaan jalqabamanii hin xumuramne heddu akka jiran ibsame. Telekominikeeshin, akka aanaatti tajaajilli bilbila dijiitaalii tokko nijira. Tajaajila moobayilii aanaa keessatti bakka hundatti ni hojjata. Buufata fayyaa , akka anaatti 4tu jira kellaan fayyaa 20, kiliinkin loonii aanaa keessa 3tu jira. Kiliinikni nama dhuunfaa 6 jira.

**Manneen baruumsaa** , Manneen Barnootaa sadarkaa 2ffaa 2, Mana Barumsa Qopha'inaa 1, Manneen Barnoota Sadarkaa 1ffaa 28 , akkasumas Mana Barumsa Oolmaa Daa'immanii

1, dabalataniis Wiirtuu Leenjii Ogummaa 1 kan qabdu ta'uu ragaan Waajjira Barnootaa Aanaa Daawoo irraa arganne ni ibsa. Daandii bonaafi gannaa kan magaalaa Tullu Boolloo ka'ee Magaalaa Buusaa Keessaan qaxxaamuree magaalaa Giinciitti galu aanaa kanaaf tajaajila guddaa kennaa jira. Akkasumas, daandiin magaalaa Buusaarraa ka'anii gandoota baadiyaa wajjiin walqunnamsiisaan heddu hojjatamaa jiru.

**Aadaa hawaasa Aanaa Daawoo ilaalchisee** :Aadaa hawaasa aanaa kanaa akkuma hawaasa Oromoo hundaa gosa heddu kan qabuu dha. Isaan keessaa beekamoon, aadaa nyaataa yoo ilaallee yeroo sirnaafi ayyaana waggaa akkasumas yeroo keessummaan dhufe gosoonni nyaataa dhiyaatan ni jiru. Fakkeenyaa Caccabsaa, Cuukkoo, Qorii(marqaa), Qincee, Daabboo, Buddeena, Maxinoo(qixxaa), Ollataa, Qummusii, Arafrafaatii, Unkuroo,  Akaawwii, Argoofi kkf dha. Aadaa dhugaatii ilaalchisee kan qopha'uu Farsoo, Daadhii(Booka), Farsoo Oromoo(Bulbulaa Dikitaa), Qariboofi kkfdha. Kanbiroo aadaa uffannaati. Akkafakkeenyaatti: Bullukkoo(dirriba), Kofoo, Kittaa, Waarroo, Kallee, Wandaboo, Sabbata, Gaabii, Marxoofi kkf dha. Aadaa hojii ilaalchisee isaan beekamoon: Daboo(jigii), Qaboo, Daadoo, Shanii , Wanfala fi kkf fa'iidha.

**Duudhaaleefi Sirnoota** Aanaa Daawoo keessatti sirnnoon hawaasni dhimma itti bahu hedduudha. Isaan keessaa: Guddifachaa, Gumaa, Ateetee, Booranticha, Sirna Gadaa, Sirna ayyaana Masqalaa (Irreecha), Sirna Qaammee, Sirna Haraara Waaqaati. Aadaa Sirni Fuudhaafi heerumaa kun karaalee garagaratiin raawwata. Isaaniis: Kadhannaa , Irradhaaba(kallacha), Waliin deemuufi kkf taniidha.

**Meeshaalee Aadaa Ulfoo**:

**Caaccuu** : Caaccuun meeshaa ulfoo Oromoo dhimma itti bahuudha. Meeshaan kun yeroo dubartoonni ayyaana Ateetee kabajan ofirra kaa'anii sirna kana ittiin raawwatu. Yeroo gumaa n sagadamus ililleettiin (dubartoonni caaccuu uffatanii bakka sagadatti argamu meeshaa ooda baasuudha. Haalli ittiin hojjatamu gogaa loonii duuganii laaffisanii, elellaa irratti maxxansanii faayuun hojjatama.

**Callee:** Calleenis akkuma caaccuu meeshaa ulfoo dubartoon itti dhimma bahaniidha. Colleen yeroo ayyaana Ateetee kabajan ittiin dubartoonni faayamu.

Kana qofaa miti meeshaan kanaan dubarri qarrees bakka qarree isheetti fannifattee, mormatti hidhattee, harkatti kaawwattee yeroon ittiin miidhagani nijira. Haalli ittiin

hojjatamu dooqa xixiqqoo bifa garaagaraa qabu uranii foyaa qalloo keessa baasuun ykn walitti diruun itti gargaaramu.

**Kallacha:** kallachi meeshaa ulfoo Hawaasni Oromoo kabaja guddaa kennuufiidha. Kallachi sirna seera baasuu keessatti bakka guddaa qaba. Kallachi yeroo baay'ee ayyaantuu ykn abbaagadaa bira taa'a. kallachi sodaatamaa waanta'eef yeroo yakka dhokataa namoonni raawwatan ittiin kaksiisuun qulqulleesu. Oromoon kallachi waaqaa bu'ee jedha.

Eeboo:Eeboon meeshaa waraanaati dur Oromoon otuu meeshaan jabanaa hin babal'atiin eeboon dhiina isaa ofirraa ittisaa ture. Eeboon sibiilaafi mukarraa hojjatama. Sibiila kan qaree akka mukatti galuuf mijatutti kan tolchu ogeessa sibiilaa hojjatu(tumtuu) dha.

fi kkf dha.(maddi WAT Aanaa Daawoo ti.)

**Bakkeewwaan Seena Qabeeyyii Aanaa Daawaa keessatti argaman**:Holqa Andoodee, Holqa Amaaraa, Fincaa'aa Qaalaa Allaattii, Fincaa'aa Laga Hiddaa, Iddoo kabaja Irreechaa (Adaabinnaa) Ganda Raccee Kushoo keessatti iddoo tulluu raccee jedhamutti argama.


### 1.1.2 Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Daawoo

Aanaa Daawoo keessaatti gosoonni Oromoo jiraatan dame latiinsa Oromoo Boorana Kaabaa kan ta'an gosoota gurguddoo lamatu jira. Gosoonni kunis Latiinsa Jahan Bachoo Tuulamaafi Latiinsa Arfan Walisoo Liiban Maccaa kan jedhamaniidha.

1/ Jahan Bachoo Tuulamaa jala kan jiran:Iluu, Keekuu, Garasuu, Uruu,Waajituu fi Meettaa dha.

2/ Arfan Walisoo Liibaan Maccaa kan ofjalatti qabate immoo:Aabbuu, Maaruu, Walee, Muunyoofi Leemman Abbaadhoo fa'aa akka ta'e ragaan WAT aanaa irraa arganne ni ibsa. Walumaagalatti sanyiin oromoo aanaa kana keessatti argaman Ilmaan raayyaa lamaan Maccaa fi Tuulama ykn, warra Bachoo fi warra Maccaa jedhameeti waamama. (madda WAT AD).

**Caatoo 1 Caasaa hidda latiinsa Oromoo Aanaa Daawoo Keessa Jiraatan Agarsiisu.**




**Qabeenyaa Uumamaa Aanaa Daawoo**

1/ **Bosona uumamaa** : aanaan kun bosona uumamaa baayyee qaba ture jedhu manguddoonni naannaawa sanarra jiran yeroo amma kana garuu, sababbii babal'ina lafa qonnaatiif jecha baayyee ciramaa waan jiruuf xiqqachaa deemera. Haata'u malee ammas gandoota muraasa keessatti bosonni uumamaa ni argama . Fkn Ganda Daawoo SadeenFi Xuxee Quncee keessaa Bosona Qaaqichaa, Ganda Dheeraa Iaansoo keessa Bosona Yuubdoo, Gandoota Gombisaa kusaayyee, Seedaree Harbuufi Bashii Qilxuu keessa kan jiru akka fakkeenyaatti ibsuun ni danda'ama.(Obboo Ballaxaa Magarsaa).

2/ **Bineensa Bosonaa** :bosonoota armaan olitti heeramana keessa bineensonni bosonaa jiraatan nijiru. Isaan keessaa muraasni: Bosonuu, Karkarroo, Booyyee, Qamalee, Weennii, Waraabessa, Awwaaldiigessa, Jaldeessa, Kurupheefi kkf yoota'an shimbirroonni muraasni : Simbira halkanii, Harraangessa, Joobira, Kurkuduu(bullaallaa), Urunguu(Jajjuu), Simbira Masqalaafi kkf ni argamu.

3/ **Lageen aanicha keessatti argaman**: Jalluwaan, Kallachoo, Laga Callee, Aliitoo, Gafarsoo, Hidda, Laga Xuxee, Diimtuu, Saddeeqaafi kkf Yoota'u gara laga guddaa Hawaashiitti galu.

4/ **Albuuda aanichaa**: Dhagaa Adii, Dhagaa Gurraacha, Saddeeqa, Cirrachifaa akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama.

5/ **Beelladoota (horii manaa) ilaalchisee** akka Aanaa Daawootti qilleensa baddaas ta'ee baddadareetti Horiin maalaa (loon), Fardeen, Ro'oota, Hoolota, Lukkuu, Gaangee, harroota fa'a.

6/ **Dirreewwaan (Urufa)** Aanaa Daawoo keessatti argaman Urufa warxuu, urufa Gafarsaa, Urufa dheeraa (Joogar) Urufa Jabduu,Urufa Ilaansoo,Urufa Kaarraafi Urufa Koltobbee yoo ta'u kanneen keessaa kan fardi irratti taphatamu: Dirree Jabduu,Dirree Dheeraa Dirree Joogari fi kkf dha.(maddi WQAD).

### 1.2 Ka'umsa Qorannoo

Ka'umsa qorannoo jechuun dhugaa hawaasa keessatti mul'atu ykn dhimma waahee hawaasichaa barreeffame tokko rakkoo maalii qabaa? Ykn qawwaa maaltu keessatti mul'ataa? Kan jedhu beekuuf. Akkasumas, yaaxina jiru fooyyeessuuf jecha qaamni qorannoo geggeessu gaafiiwwaan ijoo qorannoon isaa deebii argachuu dandan'an bakka itti kaasuudha. Gaafiiwwaan qorannoo ka'an kunis ifaafi kaayyoo qorannoo wajjiin kan walqabatan ta'uu qabu. (Addunyaa, 2011:53). Kanaafuu qorataa kanaaf waantonni ka'umsa ta'uufii danda'an hanga ammaatti mata duree walfakkaatu kanaan aanaa kan keessaatti qorannoon adeemsifame hinjiru. Kun immoo fooklooriin aanaa kanaa yoo haala ammayyaattiin qorannoo irratti geggeeffamee galma'ee taa'uu baatee dagatamuu bira darbee baduuyyuu ni danda'a. waan kana ta'eef qorataan kun jiraataa aanaa kanaa fi hojjataa aanichaa waanta'eef mata duree kanarratti hojjachuuf ka'umsa godhate.

Gaafiiwwaan gurguddoo qorannoo kanaan deebii argatu jedhamee yaadame akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

### 1.2.1 Gaafiilee ka'uumsa qorannoo

1/ Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo Gosoonni fookloorii fardaatiif fayyadamu maal fa'aa?

2/ Faayidaan Fooklooriin Fardaa Hawaasa Oromootiif qabu maalii?

3/ Sirnoonni Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo Fardaan dhimma bahu maal fa'iidhaa ?

4 / Haalli moggaasa maqaa Fardaa hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo biratti maal fakkaataa?

5/ Hiiknii Fakkoomiin Fookloorii Fardaan wajjiin walqabtu Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo biratti maal fakkaataa?

6/ Jijjiiramni Fookloorii Fardaa ilaalchisee jiru Aanaa Daawoo Keessatti sadarkaa maaliirra jira?

## 1.3 Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon kun kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree ofjalaa qaba.

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroon qarannoo kanaa, "Fookloorii hawaasni Oromoo ittifayyadama Fardaa wajjiin walqabsiisee qabu Xiinxaluu." dha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

- Gosoota Fookloorii Hawaasni Oromoo itti fayyadama Fardaakeessatti qabu agarsiisuu.
- Faayidaa Fooklooriin Fardaa walqabatee Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo biratti qabu ibsuu.
- Sirnoota Hawaasni Oromoo Aanaa DaawooFookloorii Ittifayyadama Fardaa walqabsiisee dhimma bahu tarreessuu.
- Haala moggaasa maqaa Fardaa hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo biratti maal akka fakkaatuu beeksisuu.

- ❖ Hiikni Fakkoomiin Fookloorii Itti fayyadama Fardaan wajjiin walqabtu Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo biratti maal akka ibsu agarsiisuu.
- ❖ Jijjiiramni Fooklooriin Fardaa ilaalchisee Aanaa Daawoo Keessatti sadarkaa maaliirra akka jiru ibsuu.

### 1.4 Barbaachisummaa Qorannoo

Barbaachisummaan qorannoo "Bu'aa qorannoo kanatti eenyuutu fayyadamaa?"gaafii jedhuuf deebii deebisa. Haaluma kanaan bu'aa qorannoo kanatti kallattiinis ta'ee, miti kallattiin qaamoleen garaagaraa bu'aa qorannoo kantti ni fayyadamu.

1/ Waajjiirri Aadaa fi Turizimii Aanichaa akka madda ragaatti ittiin gargaaramuu nidanda'a.

2/ Namoonni dhimma mataduree kanaa fi kanaan walfakkaaturratti qorannoo gadi fageenyaan geggeessuu barbaadan akka ka'umsaatti itti fayyadamuu danda'u.

3/ Dhaloonni haaraan falaasama hawaasaa akka irraa baratuu .

4/ Namoota kallattii kanaan qorannoo gaggeesuu barbaadaniif ciicata ta'uufii danda'a.

5/ Qabiyyee Sirna barnootaa keessa galchuun ittiin barsiisuuf BBO Ittidhimma bahuu nidanda'a.

### 1.5. Daangaa Qorqnnoo

Qorannon tokko daangaa qaba. Daangaan kunis, daangaa madda ragaa (source data),hawaasa irraa fudhtameefi dhimma qoratamuun daangeeffama. Qorannoon kun kan adeemsifame Naannoo Oromiyaa, Godina Shawaa Kibba Lixaa, Aanaa Daawoo keessatti mataduree "Xiinxala Fookloorii Hawaasa Oromoo Itti Fayyadama Fardaaf qabu." Kan jedhurratti daangeffamee kan geggeeffameedha.

### 1.6. Hir'ina Qorannichaa

Adeemsa qorannoon tokko gaggeeffamu keessatti, rakkooleen mudachuu danda'u. Isaan keessaa, yeroo gahaa sababa baay'ina hojiitiin dhabamuu, hanqina baajataafi adeemsa mala qorannoo irratti hubannoo dhabuu fa'a. Haata'u malee qorataan mala itti aanuun qorannoo isaa qorachuun fiixa baasee jira.

Kunis, hanqina yeroo baay'ina hojiitiin mudateef, bulchiinsa mana barumsaa itti barsiisaa jiruuf rakkinicha ibsuun, weytiin barnootaa akka irraa hir'ifamuuf deeggarsa gaafachuudhaan yeroo gahaa argateera. Rakkoo baajataa jiruuf, meeshaalee barreessaa waraqaa fi kkf. gargaarsa mana barumsaa irraa argachuun rakkinicha furateera. Adeemsa mala qorannoo irratti rakkina jiruuf, tajaajila gorsaa, gorsaa (advisor) isaa irraa deeggarsa walirraa hincinne yeroo yeroon fudhachuuniifi kitaabolee mala qorannoof gargaaran dubbisuudhaan qorannicha gaggeessee jira.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa Shan of jalatti qabate. Boqonnaa tokkoffaa keessatti kan ammataman seenduuba qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo gooroo fi gooree, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa, hanqinaa fi qinda'ina qorannichaa kan of keessatti qabatee dha. Boqonnaa Lammaffaan sakata'a barruu jalatti ibsa yaadarimee mataduree, Yaaxinaalee matadureen walqabbatanifi Qorannoowwan walfakkii qabateera. Boqonnaa Sadaffaan: Ijaarsaafi Mala qorannoo jedhu jalatti Saxaxa qorannichaa, Irraawwatamaa, Madda odeeffannoo, Mala Iddateessuu, Yoomessa qorannoo, Meeshaa funaansa ragaa, Adeemsa funaansa odeeffannoofi qaaccessa ragaafi Muuxannoo dirree kan jedhu qabateera. Boqonnoo Arfaffaan: Haala Qaaccessa Ragaalee jedhu jalatti Akaakuu Fookloorii Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo Fardaaf qabu, Meeshaalee aadaa Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo Fardaaf dhimma bahu, Duudhaawwan Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo itti fayyadama Fardaa gargaaramu, Aartii sochii qaamaa Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo Fardaaf qabu agarsiisuu, Afoola Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo Fardaaf dhimma bahu, Sirnoota addaa addaa Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo Fardaaf dhimma itti bahu, Haala Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo maqaa Fardaa ittiin moggaasuu, Jijjiirama Fooklooriin Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo fookiloorii itti fayyadama Fardaatiin walqabatee jiru maal akka fakkaatu gadi fageenyaan xiinxalame. Dhumarratti firiin qorannoo kanaan bira gahame ibsame. Boqonnaa Sanaffaa: Cuunfaa, Guduunfaafi Yaboo kan jedhu jalatti haalli qorannoon keessa darbe cuunfameera; guduunfaa jalatti xiinxala boqonnaa arfaffaatiin mul'ateen hanqinni mul'ate kaa'amre; dhumarratti yaanni furmaataa (yaboon) qorqnnoo kanaan kanaan bira gahame kaa'ame.

## BOQONNAA :LAMA

**2.** Sakatta'a Barruufi Yaaxinawwan (Review of Related Literature &Theory)

Boqonnaan kun bakka itti qorannaa geggeessinuuf yaada deeggarsaa ykn yaada mormii ittiin dhiyeessuun raga keenya waan qabatamaan ittiin tumsinuudha. Kanaaf matadure kana irratti ayyoonni fookloorii maal qoratanii? Maaltu qawaa qabaa? Maaliin walfakkaataa? Kanaaf kan kana fakkaatan addaan baafachuuf sakkata'insi barruu barbaachisaadha.

### 2.1. Maalummaa Fookloorii

Maalummaa fookloorii irratti hayyoonni garaa garaa yaada adda adaa kan kennan ta'uun isaa ni beekama. Hayyuun Dorson (1972:1), "*folklore emerged asa a new field of learning in the nineteen century, when antiquaries in England & philoegists in Germany began to look closely at the way of the lower closed.*" jechuun ibsa.

Akka yaada ayyuu kanaarraa hubachuun danda'amutti fookilooriin akka dirree qorannoo tokkootti kan mul'ate joorraa 19ffaa keessa yeroo hayyoonni Englaandii fi Jarmani namota sadarkaa gadaanarra jiraniif xiyyeeffanno kennnanitti ta'uusaati. Kana malees hayyuun Marzolph, (1998:5) foolkiloorii ilaalchisee waan hedduun kaaseera. Innis dhimmoota fooklooriin walqabatan yommuu ibsu, "*folklore is a power ful cultursal expression both contining and conveying a number of meanings* " jedha. Egaa akka yaada hayyuu kanaatt immoo fooklooriin dhimmoota aadaan walqabataniifi dhimmota aadaa hiika qabesssa teessisuu, beeksisuu irratti hamna cimaa kan qabudha

Gama biraatiin Alan Dundes, wantoota fooklooriin ofkessatti haammatuun walqabsiisee akka itti aanutti ibsa.

> *Folklore includes myths, folkltales, jokes, proverbs, reddles, chents, charms, blessing, curses, oaths insults, retorts, taunts, teases, taslsts, tongu twisters, & greeting & leave taking formulas (E.g. see you later alligator) art, folk belifef (or suppersttion) it also includes folk custome, flkdance, & folk drama (& mime). Folk medicine, folk instrumental music (e.g. fiddle tunes) folk songs… folk poetry… he list of folklore forms also*

*contains gamesm gestures, symbol, prayers (E.g. graces) practical jokes, folk exymologies, food recipes…*

Akka yaada barreeffama armaan olii kanaattimmoo wantoonni jiruufi jireena hawaasaa keessatti raawwataman hundinuu fookloorii jalati akka haammataman ta'uusaa nutti hima. Kanarraas wanti hubatamu; Wentoonni aka hibboo, geerersa, baacoo, dubbii qoolaa, abeersa, eebba, arrabsoo, tapha ijoollee, diraamaa, shubbisaa, nagaa walgaafachuufi nagaa dhaamuu, mallattooleen waan tokko ibsu, afwalaloo, duudhaa hawaasaa, amanta hawaasaa, fi k.k.f. of keessatti qabachuu saati.

Kanarraas wanti hubatamu fooklooriin baatto ta'ee seenaa, duudhaa fi aadaa sabni tokko qabu labataa labatatti kan dabarsuufi hawaasnis yaadaafi fedhii qabu karaa ittiin baase ibsatu ta'uusaati. Yaaduma kenneen walqabsiisee hayyuun Brunvand (1979:436) "*folklore is asphere of itnerction, need and desires and entistic expression with its structures aesthetics*" jedha. Kana jechuunsaas, kalaqni barreeffamaa osoo hineegaliin dura meeshaan guddaan hawaasni aadaa, seenaa fi duudhaasaa dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabrsee fookloorii ta'uu, Fooklooriin maqaa waliinii yoo ta'u, dhimmoota amantaa aadaa, barsiifata, himafaan hawaasaa kan labata tokkoo isa biraatti jecha afaanitiin darbu; raagamtaa beekamaa yookiin bakka amantaa aadaafi gochaa garee hawaasaati.*"Folklore is a traditional beliefs, customs, and stories of a community, passed through the generation by word of mouth; a body of popular myths or belifes relating to a particular place, activity, or group of people" (Oxford Dictionary of English, 2010:679).*

Fookloriin, amantaa, barsiifataafi aadaa kan ummanni yeroodhaa gara yerootti keessa darbee dhufe. Irra caala kan ofkeessatti hammatus, walaloo gaggabaaboo af-seena, wanta yaadan jiru, durduriiwwan, seenaa durii dhugaa ta'uu yookin dhiisuu danda'uufi seenaa bara durii uumaa wajjin wal-qabatu ta'ee kan dhugaa hintaane fa'a. Fooklooriin wantoota biroos niqabaata: aartii, ogummaa daansiwwan, taphoota, sirboota dargaggeessaa gaggabaaboo, mammaaksota, hiibbowwan, sirboota, gochoota ragaa irratti hinhundoofne, guyyaa ayyaanaafi kabaja amantaalee dabalachuu danda'a.

Fitsum (2013) UNESCO wabeeffachuun fooklooriin walitti qabaa ykn waliigala barsiifata aadaa hawaasa tokkoo kan dhuunfaan ykn gareen ibsamu, fedhii hawaasaa calaqisiisuun beekamu akkasumas eenyummaa aadaa kan mullisu, afaaniffaan bifa

sirbaa, ragadaa ykn shubbisaa, taphaa, barsiifataa, sirna ayyaaneffanaa, duudhaa, ogummaa harkaafi kkf niin akka darban ibsee jira. Karaa biraa Dundes (1973:33) taphni aadaa (folk game) akka wiirtuu leenjii waraanaatti tajaajilaa akka ture ni ibsa. Kunis: "*Games and war form a common continuum. With game at one end and war at other end.*" Ibsi kuni bara durii loltoonni iddoo adda bahee waa'ee waraanaa itti leenji'an akka hinqabanefi taphoota aadaa kanaan waraanaaf akka kaadhimaman namatti agarsiisa. Kun Hawaasa Oromoo birattis kan mul'atuudha. Sababbiin isaa sirna gadaa isaa keessatti abbootiin duulaa dargageessa duulaaf qopheessuuf akka farad itti yaabbatanifi meeshaa waraanaa kan akka Eeboofi Gaachana ittiin fayyadaman ni leenjisa.

Misgaanuu, (2011:17) fooklooriin dhaloota darbeefi kan amma riqicha ta'ee wal qunnamsiisa. Kan jechuu hambaalee bara durii turaniifi bara ammaa jira dhaloota har'aatti agarsiisuun maalummaa uummatichaa akka waliitti fidu ibsee jira. Sims, (2005:14) "*..folklore is an important mechanism for maintaining the stability of calture*" jechuun yaada kana dhugoomsa. Kanaaf fookilooriin hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin akka waa gumaachu mirkaneessa. Fookloorii gargaaramee hawaasni walbarsiisa, duudhaa isaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa seenaa isaa addunyaa beeksifata, ittiin bashannana, walbashannansiisa. Hawaasni yeroo ammaa seerawwan, amantiifi siyaasaan walbulchuudhaaf dhakaa bu'uuraa kan ta'e bekumsa fooklooriiti. Karaa biraa fooklooriin waan hawasni jiruufi jireenya isaa toora qabsiisuuf, beekumsa duudhaa (indigeneous knowledge) gargaaramee, kalaqee gamtaatiin itti gargaaramu mara akka ilaallatu yaada olii irraa hubachuun nidanda'ama.

Beekan (2015:10) Maalummaa jecha "Folklore"jedhu yemmuu ibsu, jechi kun jechoota lama "folk"fi "lore" kan jedhamanirraa kan uumamaniidha. Hiikinni isaanis: fookiin garee namoota xiqqaatee xiqqaatu waan tokko kan waliin qooddatan kan bakka bu'uudha. Dhimmi isaan waliin qooddatan sun oggummaa walfakkaatu, afaan, amantii, aadaa hojiifi kkf dha. Miseensonni garee kanaa walbeekuu baatanillee dhimma gamtaa sana walitti isaan hidhu tokkoon tokkoon isaanii ni beekuu jechuudha. Lorii jechuun dhimma gareen sun akka walitti dhufu taasise sana kan akka aadaa, amantaa, araada, barsiifata, ogummaa, biyyummaa, hiriyummaa ta'ee kan gochaan, jechaan, yookiin qabatamaan ibsamuu danda'uudha.

Fiqaaduu (2007) Fekede (1998:10) wabeeffachuun yeroo ibsu, hawaasa keessatti seenaa, duudhaa, falaasama, ogummaa saba tokkoo hubachuufi ajaa'ibsiiffachuuf fookiloorii sabichaa qorachuun kan nama hin shakkisiifne ta'uu ibsee jira. Haaluma kanaan sabni Oromoo haala jireenya isaa, duudhaa, aadaa, safuufi ogummaa isaa kan ittiin ibsatufi dhaloota itti aanuuf kan dabarsu fookloorii mataa isaa akka qabu ni beekama. Isaan kunis akka Dorsen (1972) ibsetti, afoola (*oral literature),* waanta aadaa (*material culture*), duudhaawwan hawaasaa (*Social Folk Custom)fi* aartii sochii qaamaa *(Folk Art*) jedhamuun beekamu.

Fookilooriin saba tokkoo kallattii adda addaatiin tajaajila kenna. Kan saba Oromoos bal'inaan kan tajaajiluu bifa garaagaraatin ta'a. Isaan keessaa tokko afoola /Oral literature/ fayyadamee naamusa, Safuu, duudhaafi ogummaa isaa ittiin barsiifata. Kana gochuun immoo fedhii, hawwiii, jaalalafi kabaja sabni kun qabu dhaloota durduriitti fayyadamee barsiisa. Haaluma kanaa Hawwsni Oromoo Aanaa Daawoo Fookloorii isaatiin gargaaramee Fardaafi Horii Maalaa haala kamiin qabataa, kununsaa, itti dhimma bahaa kkf ilaalle. Haala kanaan hawaasni aanaa kanaa qabatamaan afoola fardaafi horii maalaatiin fayyadamu keessaa muraasa kan akka geerrarsaa, dhichisa, sirba, faaruu, oduu durii, mammaaksa, eebbaafi kkf ilaalameera. Dabaltees, hawaasni kun sirnoota fardaafi horii maalaatiin walqabatee geggeessuu sirna kabaja ayyaana masqalaa, sirna kabaja killee, sirna hateeteefi kkf. Akkasumas, fakkoomii kanneen akka farad luugamuun waaqa kadhachuu, sangaa camaduun gumaa baasauufi kkf bal'inaan ilaallameera. Dabalataan haala kamiin Fardaafi Horii Maalaatiif maqaa akka moggaasu, Jijjiiramni fookloorii mul'ate maal akka fakkaatuu xiinxaluuf yaalameera.

### 2.1.1 Amaloota Fookloorii

Fooklooriin amaloota hedduu ofkeessaa qaba. Isaan keessaa muraasni lufummaa, jijjiiramummaa, miidhagummaa, babal'achuufi kkf kaasuun nidada'ama.

#### *2.1.1.1 Babal'achuu Fookloorii (Continutes )*

Aadaan tokko hawaasa uume biratti mul'ate hinhafu. Akkuma afaan walirraa ergifamu aadaaniis walirraa ergifama; nidaddarbas. Filee Jaalataa yaada kana akka armaan gadiitti kaa'a. Sirna ittiin bulmaata kan ta'e Sirni Gadaa Oromoo kan Oromoo qofaan kalaqamee, tumamee, kan dhalootaa dhalootaatti daddarbaa dhufe; ammas jira. Haata'u malee Sirni

Gadaa kun  Hawaasa Oromoo biratti daanga'ee hinafne. Gara uummatoota Koonsoo, Sidaamaafi kanneen biro ofitti fudhatanii ittiin bulaa turan. Sirni Gumaa baasuu uummata Amaaraafi kanneen biro biratti babal'atee ittiin gargaaramaa jiru (Filee, 201:17).

Yaanni kun kan nuhubachiisuu aadaan hawaasa Oromoo biratti uumame miidhaafi bu'aa isaa addaan baafatee madaalee hawaasni biro ofitti fudhatee itti dhimma bahuun babbal'achuun amala fookloorii ta'uu sirriiti nama hubachiisa.

### *2.1.1.2 Jijjiiramummaa (Changing of Folklore)*

Fooklooriin hawaasa tokkoo nijijjiirama. Waantoonni jijjiiramuu foklooriitiif sababa ta'uu danda'an dhiibbaa siyaasaa, dhiibbaa qilleensaa, galoo galaanaa, daldala, godaansa, ammayyummaa, waraana, babal'ifannaa lafa qonnaa, babal'achuu magaalaafi kkf ta'uu malu. Jijjiiramni kun gara badiitti ykn gara sirriitti ta'uu danda'a. Aadaafi duudhaan Hawaasa Oromoos sababoota adda addaarraan kan ka'e kan duraan sadarkaa gaariirra ture gara sadarkaa baduutti kan deemaa jiru nimul'ata. Dhiibbaa siyaasaa gita bittootaa abashootaa kanaan aadaan Oromoo badaafi baduuf deemuun amaloota fokloorii armaan olii kan qooddatu ta'uun isaa nama hinshakkisiisu. Filee jaallataa,  Jeylan, (2005;24) wabeeffachuun yaada isaa akka armaan gadiiti kaa'eera.

> *"The socio-economic changes the occurred to the Oromo, starting from the beginning of the 19th century had exerted great impact on the form as well as the content of the Oromo oral arts among the mecha Oromo, the egalitarian Gad System started to give way to the monarchic and semi monarchic rules from the beginning of the 19th century."(Filee Jaallataa,2016;11).*

Akka yaada kanaatti dhiibbaan siyaasaa jiruufi jireenyaa hawaasa tokkoo miidhuu bira darbee hanga sirna ittiin bulmaataa, afaan, duudhaafikkf balleessuuf deemuutti danda'uu isaa hubanna. Uumata Oromoorras jaarraa tokkoof kanirra gahe kanuma.

### *2.1.1.3  Hurrubummaa*

Amaloota afoolaa keessaa tokko hirmaattota qabaachuu isaati. Afoolli kamiyyuu qophaa kan dalagamu gonkumaa hinjiru. Fkn. Yeroo namni tokko geerraruu warri afan jalaa qabuun ykn. Cookuun hirmaatu. Yeroo dhiichisaa tokko jidduu bu'ee yoobasu warri kaan immoo naannoo marsanii dhiichisu, gara samiitti olutaalu, ulee walharkatti rukutu.yeroo ijoolleen hiibboo taphatan namni tokko yoo gaafate warri biro dhaggeeffatanii deebii deebisu. Yeroo deebii wallaalee biyya ykn gabaa kennu itti kolfuun gammadu.

Walumaa galatti amalli fookloorii kun hawaasa Oromoo biratti baay'ee beekamaafi kan yeroo maraa sirnoota geggeeffaman kamiyyuu keessatti kan jiru. Kanaafuu karaalee afoollii dhalootarraa gara dhalootaatti daddarbu keessaa tokko hurrubummaa dha.

### 2.1.2 Maqaa Fardaa Moggaasuu

Maqaan jecha yookaan jechoota namoonni, bakkiifi wantoonni ittiin waamamanifi ittiin beekaman akka ta'e yaanni hayyoota tokko tokkoo ni'ibsa. Yaada kana laalchisee galmeen jechoota 'oxford' (1995:771) yoo ibsu "*Name is a word or words by which a person, an animal, a place or a thing is known by and spoken to or about,*" jechuun kaa'ee jira. Yaada kanarraa kan hubachuun danda'amu, maqaan kan namni, bakkiifi wantoonni ittiin beekaman ta'a jechuudha.

Moggaasa maqaa ilaalchisee yeroo waa'ee achii dhufteefi jalqabbiisaa haasofnu waa'ee jalqabbii afaanii haasa'uu keenya ta'a. Kunis moggaasa maqaafi afaan gargarbaasanii ilaaluun waan hindanda'amneefidha. Yaada kan ilaalchisee Smith (1969:168) yoo ibsu "*Names undoutely originated during the very earliest beginning of the birth of language,"* jechuun kaa'a. Kanaafuu Ministeera Barnoota (2005:5) "Gaffii 'Afaan akkamitti jalqabanme?' jedhu deebisuu kan yaalan yaadoleen guguddaa lama jiru; isaanis falaasama amantiifi falaasama saayinsii warra hordofaniin kennamu," kan jedhuudha. Maalummaa hiika maqaarratti beektonni adda addaa yaada garaa garaa yeroo yerootti kennaniiru. Haaluma kanaan Addunyaan(2010:117) akka itti aanutti ibsa, *"Maqaan moggaasa namootafi wantootaati jechuun gahadha,"* jechuun ibseera. Yaada kanarraa akkuma hubatamutti maqaan moggaasa namootafi wantootaf kennamu ta'uu agarsiisa. Haaluma kanaan maqaan moggaafame sun namaafi bakka yookaan wantoota biroo hawaasicha biratti adda bahee ittiin waamamuuf tajaajila.

Akka armaan olitti ibsametti yoo ilaalu, maqaan kan namoonni, bakkifi wantoonni akka ittiin waamamaniif kennamu ta'ee namni, bakki yookaan horiin tokko isa biraarraa adda baafamee qofatti ittiin beekamu ta'a. Karaa kamiinuu haata'uu afaan erga uumamee jalqabee waantonni lafarra jiran hunduu maqaan mogga'eefii ittiin waamamu. Hawaasa Oromoo biratti maqaan iddoo guddaa qaba. "ebeluun maqaa eegee, namni maqaaf du'aa, maqaa abbaasaa gatee?,…." kanaafi kankana fakkaataniin waa'ee maqaaf kabaja qabu ibsa. Hawaasni Oromoo waantota ofitti aansee ilaalu keessaa Fardii isan ijoodha.

Isaaniifis maqaa nibaasa sana bira darbee yeroo akka ilmootti maqaa Fardaatiin waamamu nimul'ata.

## 2.2 . Yaada Rimeewwaan (Yaaxina) Fookloorii

Addunyaan (Zoltan ,2007) wabeeffachuun akka ibsutti, "sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu inni biraan, yaaxxina (theory) qorannoon sun irratti bu'uruu dha. Dhimmi kun karaa biraatiin qorannichaaf dallaa ijaarrachuu dha."jechuun barbaachisummaa yaaxinni qorannoof qabu ibsa.

### 2.2.1 Yaaxina Faayidaa (Functional Theory)

Akka Yaaxina kanaattii fooklooriin faayidaan inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu ol aantummaan mul`ata. Yaaxinni kun kan bu`uure baratаа Melville Herskovits, kan ta`e nama William Bascom (1965) jedhamuuni. Akkaa yaada Bascomitti aartiin mallattoo 'verbal art' jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara.Yaaxinni kun gama waanta aadaa (material culture) akkasumas, gooroowwan fookiloorii biroon hojiirra ooluunidanda`a. Akka yaaxina kanaatti fooklooriin hawaasa barsiisuuf, yaada isaa cimsuuf, rakkoo qunname jalaa baasuuf akka gargaaruu nutti mul'isa.

#### *2.2.1.1 Barsiisuuf*

Amaloota yaraa ta'an hawaasa keessaa maqsuufi kenneen jajjabeeffamuu qaban hawaasa keessa tursiisuuf fooklooriitti dhimma ba'anii barsisuun meeshaa filannoo hin qabne dha. "Folklore is an educational tools for the transmission of cultural tradtions, values, & histories from generation to next" (Bonney 1985:285). Akka yaada barreeffama armaan olii kanaatti fooklooriin meeshaa barnootaa hawaasni aadaa, duudhaa sonaa fi seenaasaa dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsu mirkaneessa.

#### *2.2.1.2 Aadaafi Duudhaa Hawaasaa Cimsuu*

Dhimma kenaan walqabsiisee Bascome (1954:344) yommuu ibsu "*folklore is that which is play in validating culture, in justifying its ritual and institution to those who perform & observes to strengthen & reinforce cultural tradition,*" jedha kanarraas wanti huabatamuu danda'u fooklooriin aadaa hawasaa cimsuuf, amantaasaa mul'isuuf barsiifata

hawaasichaa jajjabeessuuf, heeraafi seera hawaasaa eegsiisuun duudhaafi aadaan hawaasichaa umurii dheeraa akka jiraatu taasisuu keessatti ga'ee bakka hin bu'amne kan qabudha.

#### *2.2.1.3 Amala Sirrii Ta'e Ittin Dagaagsuuf*

Hawaasni tokko jiruufi jireenyaasaa keessatti wanti sirri hin ta'iin akka hin dagaagneef, kan sirrii ta'emmoo caalaatti akka dagaaguuf meeshaan inni dhimma itti ba'u fooklooridha. Kana ilaalchisees hayyuun Wendy (1971:233) wayita ibsu, "folklore helps to maintain conformity to accept patterns of behavior." Jedha. Akka ibsa kanaatti fooklooriin amala fudhatama qabuufi sirrii ta'e hawaasa kessatti uumuuf kan gargaarudha

#### 2.2.1.3 Miliksuu

Hawaasni tokko jiruufi jireenyaasaa keessatti wanti sirri hin ta'iin akka hin dagaagneef, otuu beekuus Otuu hinbeekiin karaan miidhaan namarra gahu nijira. Miidhaa qaqqabuu danda'u kana jalaa karaa ittiin milquu dand'amu hawaasni bifa fookloorii adda addaa gargaaramee jalaa baa'uu danda'u ittiin ijoollee barsiisa.

### 2.2.2 Yaaxina Seen-Naannoo (Historical GeographicaTheory)

Kaayyoon yaaxina kanaa seenaa fookiloorii tokkoo bira gahuudha. Kana gargaaramuun gooroon fookiloorii tokko madda tokko qaba. Kanaafuu, fookiloorii jalqabaa sana bifa garaa garaa inni ittiin argamu sana walitti fiduudhaan, xiinxaluudhaan bira gahuun nidanda`ama. Fookilooriin inni jalqabaa sun yoomiifi eessatti akka uumame mala dhahuun nidanda`ama. Adeemsa yeroo keessa fookilooriin tokko bakka tokkorraa gara biraatti, akkasumas, yeroo tokkorraa yeroo biraatti yeroo daddarbaa deemu jijjiirama mul`ateefi waan otoo hin jijjiiramiin tures adda baasuun nidanda`ama.

Akka walii galaatti yaada Yaaxina kanaa yoo ilaallu, qorannoo fookiloorii tokko geggeessuuf maddi isaafi bakki argama isaa (bakka yeroo qo`annoon geggeessamutti jiru) gargar ta`uu ni danda`a. Sababiin isaas, fookilooriin bakka maddetti kan hafu qofaa otoo hintaanee sababii garaa garaan biyyoota biraatti tatamsa`uu ni danda`a. Kanaafuu, qorannoo fookiloorii keessatti seenaa fookiloorii sanaa duubatti deebi`uun ilaaluun jijjiirama bakka jirurrattis agarsiise bira gahuun ni danda`ama.

### 2.2.4 Yaaxina Hiika Fakkoomii (Symbolic Interprition Theory)

Yaaxxinni kun dhimma ilaalchi haawaa maal akka bakka bu'u ibsa. Haawsni waanhedatu, waansafeeffatu, waan ilaalee gara fuula duraatti dhufuu danda'u tilmaamuuf ittidhima baha.

Fakkoomiin amalli isaa inni guddaani bakka bu'uudha. Wanti qabatamaan tokko bakkaan ykn gochaan bakka wanta biraa bu'uun waa'ee bakka bu'e sanaa olguddisee mul'isa. Akka Zarihun Asfaa (2004) jedhutti gosoota fakkoomii bakka gurguddoo sadiitti qooda.

#### 2.2.4.1 Fakkoomii hunda Galeessa

Fakkoomiin kun bakka bu'aafi bakka bu'amaan bakka hundatti haala tokkoon beekama. Fkn

- Abaaboon jaalalaafi miidhagina ibsuuf bakka bu'aa
- Dukkanni wallaalummaafi muudannoo badaa bakka bu'a.
- Warqeen waan baay'ee mi'aa ta'eefi kabaja ibsuuf.
- Bishaan hojii badaarraa qulqullaa'uu bakka bu'a.
- Tulluun wanta dhiibuu ykn sochoosuu hin dandeenye ibsuuf
- Biiftuun baatuu jiruu haaraa, fooyya'insaafi bilisummaa bakka bu'a.
- Ibiddi balleessaa, rakkoofi dubbii dabaa kaasuu bakka bu'a.
- Bullaallaan nageenya bakka buutii.

#### *2 .2. 4. 2 Fakkoomii Barsiifataa*

Gosti fakkoomii kun hawaasni duudhaafi barsiifata isaa, haala jiruufi jireenyaafi muudannoo isaarraa ka'ee kan uumuudha. Gosoonni fakkoomii kun hawaasa sanaaf mallattoo isaati. Namni hawaasa sana keessa hinjiraanne akka salphaatti beekuu ykn hubachuu hindanda'u. fkn.

- Hawaasa Oromoo biratti haalluu gurraachi abdii, fedhafi waan waaqa biraa barbaadu ittiin ibsata.
- Haalluu adii nageenyaaf dhimma itti baha.
- Haalluu diimaa gootummaafi wareegamaan bakka buusa.

### *2.2.4.3 Fakkoomii Dhuunfaa*

Gosti fakkoonii kun barreessaan ykn waloon tokko kalaqa sammuu isaatii kan uumee waan qabatamaa addunyaa kanaa ittiin ibsuudha. Waan barreessaan sun bakka buuse beekuuf beekumsaafi qorannoo gadi fageenyaa taasisuu barbaachisa Zarihun (2004:120-121).

## 2.2 Qorannoo Wal Fakkii

### 2.3.1 Ciminaafi Hanqina Qorannoo Walfakkii

1. Taaddasaa Hoomaa (2016) “Xiinxa akaakuu fookiloorii Oromoo Gombsa Fardaa keessatt Aanaa Dandii”kan jedhu digrii isaa lammaffaa (MA)Afaan Oromootiin Yunivarsiitii Addis Ababaatti hojjate .Cimina qorannoo isaa waa’ee tapha gugsii Oromoo Dandii bal’naan wabileen deeggaree dhiyeesseera. Dabalees hariiroo OromooAanaa Dandiifi Fardi qabu eessaa dhuftee waliin sirritti ibseera. Gosoota fookloorii arfanuu raawwii sirna gombisa fardaa keessaatti tokko tokoon xiinxale. Maalummaafi gahee hirmaattota gombisa fardaa sirriitti addaan baasee ibseera. Dabalataanis naamusa sirna gombisa fardaa keessatti eegamuu qabu sirnaan xiinxaleera. Dhumarratti jijjiiramni fookloorii gombisa fardaa wajjiin walqabatee mul’atu ibsera.
2. Katamaa Bayeechaa (2003) mataduree “Tapha Fardaa Aanaa Meettaa Roobii. Ciminni qorannoo isaa tapha fardaa aanaa meettaa hanga tokko ibsuu yaalee yoo ta’u hanqinni inni mullise immoo, qorannoon isaa digirii calqabaaf waan ta’eef ibsi isaa qabiyee bal’naan kan qabatemiti.
3. Xannaa (2013) mataduree “The Dokumantation of Historical and Cultural Significancy of Horse Racing “Gugsii” Game In Kutae Oromo Society With Particular Presence To The Ambo District.” jedhu irratti yuunivarsiitii Finfinnetti hojjate. Cimina qorannoo isaa waa’ee tapha gugsii Oromoo Kuttaayee bal’naan wabileen deeggaree dhiyeesseera. Dabalees hariiroo Oromoo kuttaayeefi farda eessaa dhuftee waliin sirritti ibseera. Hanqinni jiru immoo taphni gugsii Oromoo kuttaayee umurii dheeraa akka qabaatu maaltu ciicata / input/ akka ta’ee ballinaan hin ibsine. Karaa biraas tapha Oromoo Kuttaayee godina adda addaa keessa jiru akka garaa garummaa tokko illee hin qabnetti qorannoo dhiyeesse.

Karaa biraa aanaalee Kutaayeen keessa jiraatu hundumaa gaagarumaan isaanii hintuqamne.

4. Jaalataa Mootii Araddaa (2014) mataduree “Xiinxala Sirna Gombisa Fardaa Oromoo Tuulamaa Aanaa Kuyyuu” jedhu irratti sagantaa MA tiif yuunivarsiitii Finfinneetti hojjate. Ciminni qorannoo kanaa sirna raawwii gombisa fardaa ballinaan ibsee jira. Dabalees qorannoon isaa foormaatii qorannoon tokko guutuu qabu eeguun wabilee sirnaan wabeeffateera. Hanqinni qorannoo isaa garuu sirna gombisa fardaa kana raawwachuuf fookiloorii isa kamtu maal gargaare? isa jedhuuf deebiin gosoota fookilooriitiin walqabatee ibsame bal’inaan hinmul’atu. Karaa biraa sirna raawwii gombisa fardaa ija ispoorii waliin walqabsiisee eessaa dhufteefi faayidaa isaa ifatti adda godhee hinxiinxalle.

### 2.3.2. Tokkummaafi Garaa Garummaa Qorannoo Walfakkiifi Qorannoo Kanaa

- Tokkummaa: Mata dureefi maqaan hanga tokko adda ta’u illee xiyyeeffannoo qorannoo fookiloorii fardaa jiddugaleeffatee hojjatamuun tokkumma isaanii ibsa.
- Garaagarummaa: Qorannoo kana waanti adda taasisu:
    1. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan akaakuuwwan fookiloorii Oromoo Gombisa fardaa qofa otuu hin ta’in fookloorii fardaan walqabatu hunda xiinxaluuf yaaleera.
    2. Fookiloorii Itti Fayyadama Fardaa keessa jiran tajaajilli isaan kennan maali? akkamitti? gaaffii jedhuuf yaaxina fookloorii waliin walqabsiisee deebii laate.
    3. Jijiirama fookiloorii Oromoo Itti fayyadama fardaa keessatti ga’ee qaban irratti mul’atu ifa baasa.

BOQONNAA : SADII

# 3 IJAARSAAFI MALA QORANNOO

Boqonnaan kun mata-dureewwan itti aanan of jalatti hammata: maalummaa saxaxa qorannoo, madda odeeffannoo, irraawwatama, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi adeemsa funaansa odeeffannoo akkamtaafi mala qaacceessa raga fa'a.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo waliigala qorannicha kan to'atu ta'ee, qorannichi maal akka fakkaatufi maal irratti akka bu'ureeffate agarsiisa. Qindoomina qorannoo kanaa jalqabaa hanga dhumaatti maal akka fakkaatuu ibse. Saxaxni qorannoo haala kooaayyoo ibsa, kaayyoon immoo hala mataduree ibsa. Yaada kana kan deeggaru, Addunyaan (2011) (Cohen, Manionfi Morison, 2005:73), wabeeffachuun akka ibsetti, *"Research design is governed by the notion of fitness for purpose; the purpose of the research determine the methodology and design of the research"* jedhu. Haaluma kanaan qorannoon kun kan xiyyeeffate Xiinala Fookloorii hawaasa Oromoo Itti fayyadama Fardaatiif qabu; Aanaa Daawoorratti xiyyeeffatee gosa Qorannoo qulqulleefannaa fayyadamee odeeffannoo argate ibsa. Sababni qorannoo ibsaa kun fayyadamameef wantoonni mul'atan maal akka ta'an jechootaan ibsuu waan danda'uufi.

Malli qorannoo qulqulleeffannaa kan of keessatti qabatu, adeemsa ragaa duraa ta'ee kan gaaffii banaafi lakkoofsa hinqabne waan ta'eef, xiinxalliin ragaa tokkoffaa immoo kan lakkoofsaa kan hintaane ta'uu isaa ibsa. Kanaafuu, akaakuu qorannoo kanaa gaggeessuuf, akkaataan odeeffannoo itti funaanamu, gosti odeeffannoo, akkaataan ittiin qaacceefamuufi itti ibsamu kan qorannoo hammamtaa irraa adda ta'a. *"Qualitative research involves data collecting procedures that result primarly in open ended non numerical data which is analyzed primarly by non-statistical methde*(Zooltan, 2007:19).*"*

## 3.2. Irraawwatama

Irraawwatama jechuun wanta qorannoon tokko irratti gaggeeffamu yoo ta'u, qorannichis, mata-duree Xiinxala Fookloorii Hawaasa Oromoo Itti fayyadama Fardaatiif qabu. Kan jedhu waan ta'eef maddi ragaan irraa argamu manguddoota waa'ee fookloorii Fardaa beekan irratti ta'a.Yaada kana Addunyaan yemmuu ibsu, "Qorannoon tokko

Irraawwatamaa qaba, kunis namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti geggeeffamu." (Addunyaa, 2011:64) jechuun ibsee jira.

### 3.3. Madda Odeeffannoo

Madda odeeffannoo jechuun burqaa deebii gaaffilee qorannoo tokkooti. Maddi odeeffannoo qorannoo tokkoo iddoo lamatti yoo qoodamu, isaanis madda ragaa duraafi madda ragaa lammataati (Dastaa, 2013:44). Kanumarraa ka'uun, qorataan madda ragaa duraa kan ta'e manguddoota waa'ee fookloorii fardaa wajjiin walqabatu irratti hubannoo qaban, Daawwannaa dirreetiin bakkee itti fooklooriin fardaa wajiin walqabatu geggeeffamutti qaamaan argamuun madda raga duraa sochii namootaa, meeshaalee aadaa, afoolota yeroo sirna itti dhimma bahan daawwateera. Odeeffannoon haqa ta'e waan argamaniif maddi raga duraa kun filataneera. Dabalataan yaada kana kan cimsu, MOE (1999:177) akka ibsetti "*pirimary data is original to the problem, have direct physical contact to the event."* jechuun ragaan duraa dhimma qoratamu waliin hariiroo kallattiin akka qabu mul'isa.

### 3.4 Mala Iddatteessuu

Malli iddatteessuu adeemsa fudhannaa iddattoo jamaa waliigalaa keessaa fudhachuun qorannoo adeemsisuuti. yaada kana ilaalchisee Taaddasaan, Berg (2011:11) wabeeffachuun akka ibsetti qorataan toftaa kamiiniyyuu fayyadamee iddattoo fudhachuun waan hinoolleefi kanneen dhimmichi ilaallatu mararraa odeeffannoo fudhachuun rakkisaa waan ta'eef iddattoo filachuun barbaachisaa akka ta'e qorannoo isaa keessatti ibseera. Karaa biraatiin Iddattoo fudhachuun dirqama kan ta'eef jamaa hundaarraa odeeffannoo fudhachuun mallaqa, yeroo, humnaafi qabeenyaa qisaasessuu waan ta'eefdha (Taaddasaa, 2016).

Kanaafuu iddatteessuun tooftaa garaagaraa yoo qabaate iyyuu qorannoo kanaaf qorataan iddatteessuu mala akkayyoo /purposive sampling/ fayyadamuun namoota kallattiin Fookloorii Fardaafi Horii Maalaa wajjiin walqabaturratti hirmaataniifi hirmaataa jiran kaayyeffatee filachuun qorannoo isaa adeemsiseera. Kana kan dhugoomsu Taaddasaan, Tuchman (1994) wabeeffachuun yeroo ibsu "*Purpesive sampling is useful specially when some of the units are very important and should be included in the study*."jachun ibsa (Taaddasaa, 2016:340).

Dabalataanis, bakka barbaachisaa ta'etti qorataan mala iyyaafannaa ykn darbaa dabarsaa /snow ball/ fayyadamee namoota beekumsa addaa fookloorii Fardaa irratti qabu jedhaman irraa ragaa funaanee jira. Sababiin isaa, MOE (1999) waa'ee kana yeroo ibsu, "*To get adequate information searching the best person who know about the issues is the best way than using other technique*"jedha.

## 3.5 Yoomessa Qorannoo

Qorannoon kun kan adeemsifame akaakuu fookloorii Oromoo Fardaa wajjiin walqabaturratti waan ta'eef akka aadaa hawaasa Oromoo Aanaa Daawootti Sirni Fardaa yeroo baayyee kan adeemsifamu Tibba Birraa irraa eegala. Haaluma kanaan yoomessi qorannoo kanaas Fulbaana 17 irraa hanga waxabajjiitti ta'a. Yeroo kana keessatti yoomessa uumamaa keessatti yeroo sirnoonni garaagaraa geggeeffaman bakka sanatti argamuun meeshaalee ittiin tajaajilaman, gosoota afoolaa ittigargaaraman, suura kaasuufi sagalee isaanii waraabeera. Karaa birootiin manguddootaafi namoota dhimma fookloorii Fardaa irratti hubannoo qaban afgaafii gaafachuun odeeffannoon funaanameera. Kunis fulbaanaa haga caamsaa keessatti guyyaa sirnooni adda addaa geggeeffamaniifi yeroo itti namoonni fedhii argatanitti beellamuuniidha.

## 3.6 Meeshaalee Funaansa Ragaa

Meeshaaleen funaansa ragaa qorannoo tokko gageessuuf, wantoota odeeffannoo ittiin funaannataniidha. Isaanis gosa odeeffannoo sassabamuufi kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'un garaagara yoo ta'an, qorannoon kun qorannoo ibsa akkamtaa /Qualitative descriptive/ ta'ee akaakuu Fookiloorii Oromoo Fardaa kessatti ga'ee qaban waan qorateef meeshaa funaansa odeeffannootiif daawwannaa, afgaaffiifi Marii garee Xiyyeeffannootti fayyadame qorannoo kana geggeesse.

### 3. **6.1 Afgaafii**

Afgaaffiin fuulaafi fuulatti qaama tokko irraa waanta barbaadamu gaafachuu waan ifa hin taane irra deebi'anii hubachuuf nama gargaara. Gosoonni Afgaafii afgaafii banaafi afgaafii cufamaadh. Qorataan kunis gosoota afgaafii lamaanuu akkaataa barbaachisummaa isaatti ittiin gargaarame. Yeroo gaafii gaggabaaboo lakkoofsaan ykn baraan deebi'u gosa afgaafii cufamaa, yeroo deebii bal'aa akka kennaniif barbaadu

immoo gosa afgaafii banamaa gargaarame. Yaada kana kan dhugoomsu MOE (1999) yeroo ibsu:

> *The purpose of interviewing is to find out what is in or on someone else's mind. It allow interviewer to do more things to improve the equality of the information required than other method. It also enable to secure depth and detail information. Interview is one of the most popular techniques to meet divers situation (flexibility)and it also provide opportunity to understand non verbal behavior, identity of respondent and allows for greater depth."*

Jechuun yaada hin ibsamnellee gadi fageenyaan hubachuuf afgaaffiin kan nama gargaaru ta'uu ni ibsa. Mala ganaan gaafa mudde 29 ganda Daawoo Kaarraa bakka amantaa tawaahidoo Ortodoskii mana Amantaa Baalawaldi jedhhamutti waa'ee fookloorii fardaan wajjiin walqabatu Obboo Naggaa Indaalaa wajjiin gafiifi deebii taasise. Obboo Naggaan gaafii gaafatamaniif deebii akka armaan gadiitti deebii kennan yeroo jalqaba bakka gugsiin itti adeemsifamu yoo gahan hangaffiti waaqa akka waamuu qorataaf ibsan. Itti dabaluun gosoota meeshaa fardaafi fardaan wajjiin walqabatan gilaasa, baladii, kooraa, qomoo, uddeellaa, qomoo, fuuloo, birmaduu, gaachana, ulee, dashee, alangeefi kkf.ibsan. Dabalatee naamusa dirree keessatti eegamuu qabu dirreen dheerinni isaa meetira dhibba shani ta'uu danda'aa. Jalqaba inni hari'u isa deessurraa meetira kudham fagaatee dhaabbata. Erga walariisaa jalqabanii booda dhumarratti yeroo meetirri dhibbi tokko hafu namni hari'aa jiru `eeggadhu` jedhaan. Namni dheessaa jirus ofirra garagalee qolachuuf qopha'aa. Jedhu obboo Naggaa Indaalaa.

Walumaa galatti afgaafiin namoota gaafiin gaafatamu fuulaafi fuulaann waan gaafii geggeeffamuuf mala filatamaadha. Kanaaaf qorataan mala kana filate.

### 3.6.2 Daawwannaa

Qorannoon kun meeshaa funaansa ragaa daawwannaa fayyadamuun adeemsifame Sababiin isaa daawwanaan qorannoo dirreetiif filatamaa akka ta'edha. Sababbiin isaa qorataan yoomessa dhugaa keessatti argamee ta'ii jiru gochaan, jechaan meeshaa itti dhimma bahan arguun dhagahuun ilaaluun qaama miiraa isaa sadan walfaana itti gargaaramuun raga dugaa fudhate. Dastaa (2013:118) "… *akkaataa itti dalagan, haasawaa, sochii isaaniifi kkf ilaalaniifi dhaggeeffatanii galmeeffachuuf nama fayyada*" jechuun ibsa. Dabalees yaaduma kana Addunyaan (2011:10) akka kanaa gadiitt cimsa.

*“Qorattoonni haala jiruufi jireenya hawaasaa irrati gaggeessuu barbaadan odeeffannoo kan argatan waan daawwatame, mari’atame, argame, dhaga’an, haala naannoofi jiruufi jireenya hawaasichaa ilaalchisee waan dubbisaniifi wkf irraatti*” jechuun ibsa waant’eef malli kun filatame. Qorataan yoomessa uumamaa bakka itti dhimmi fookloorii fardaan wajjiin walqabatee adeemsifamutti qaamaan argamuun daawwannaa geggeesse. Fkn dirree Joogaritti argamuun gaafa guyyaa 23/01/ 09 haala eebbaafi gombsia fardaarratti argamee haala ittiin waaqa kadhataniifi raawwii gombsa fardaa daawwateera.

### 3.6.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Mala kana qorataan kan itti fayyadameef ka’umsa isaa jalatti gaaffilee bu’uuraa dhihaatan keessaa waan mirkaneeffachuu barbaadu waan jiruufi. Haaluma kanaan Manguddoota Hubannoo Fookloorii Fardaa irratti qaban filachuun, namoota waajjira aadaafi turizimii aanaa keessa hojjatani abbootii fardaa bebbeekamoo, abbootii Gadaafi affeeruun haala duudhaan irra jiruufi jijjiirama amma mul’ataa jiru, akkasumas gara fuula duraatti maalta’uu akka qabu mariin gaggeeffameera. Haaluma kanaan yeroo waan beekan waliif seenessan sagalee isaanii teeppidhaan waraabbateera. Sababni teeppii fayyadameef akka armaan gadiitti ibsameera. *“Using a tape recorder in interview has the following advantages. These are avoid omissions, distortion and modification of data, saves the interview time and gives opportunity to hear the information again and again” (Dawit &Alemayehu, 2002:49*).

Marii garee kanarraa bu’aan argame rakkoolee sirna fuudhaafi heerumaa irratti jijjiirama mul’ate fala kaa’amuu qaburratti mariin yeroo geggeeffamu qorataan qaamaan bira taa’ee hubateera. Gama biraatiin waa’ee jijjiirama sirna gumaa baasuurratti mul’ataa jiru gadi fageenyaan irratti yaada yeroo waljijjiiran qorataan biratti argamee hubate.

## 3.7 **Adeemsa Funaansa Odeeffannoofi Qaaccessa Ragaa**.

Mata duree kana jalatti haala ragaan odeeffannoo kennitoota irraa itti funaaname, adeemsa hiikni itti kennamefi akkaataa itti qaaccefametu qindaa’ee dhiyaate.

### 3.7.1 Adeemsa Funaansa Odeeffannoo

Qorataan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf akaakuwwan fookiloorii Oromoo itti fayyadama/gombisa fardaa/fi Horii maalaa keessa jiran ga’ee akkamii akka qaban

xiinxaluuf meeshaa funaansa ragaa kan akka afgaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeffannoo fayyadamee odeeffannoo madda ragaa duraa irraa sassaabuun qorannoo adeemsise. Kunis deeggartoota nama sadi waliin ta'amee bifa itti aanuun hojjatame. Jalqaba cheekliistii qopheeffachuun daawwannaan taasifameera. Sagalee waraabbiinis adeemsifameera. Itti aansee afgaaffiin madda ragaa duraa irraa yeroo gara garaa keessatti kallatiin taasifame.

Dhuma irrattimmoo odeeffannoo afgaaffiifi daawwannaan argame gabbisuufi marii garee xiyyeeffannoo adeemsifamee yaada beektotarraa deggaramee dhiyaatee jira. Dabalataan jijjiirama fookilooriin Oromoo itti fayyadama Fardaa keessatti ga'ee qaban irratti mul'atuufi gara fuula duraatti maal ta'uuf akka deeman akeekuuf gaafiileen bu'uraa Afgaafii, Cheekliistiin daawwannaa dirreetiif ta'u akkasumas, qabxiin marii gareetiif ta'u qophaa'ee Waajjira Aadaafi Turiizimii irraa, namoota dhuunfaarraafi marii garee irraa odeeffannoon fuudhamee jira. Adeemsi kun sirrii ta'uu kan mirkaneessu V. Kahnfi W.Best ( 2005:297, 300) yeroo ibsan:

> *Observation should carefully and expertly recorded.To aid in the recording of information gained through observation a number of devise have been extensively used.Check list, rating scale, scor card and scaled specimens provide systematic meanse of summarizing or quantfing data collected by observation or examination*. jechuun ibsan.

### 3.7.2 Qaaccessa Ragaa

Ragaan bifa oliitin funaaname duraan dursee akka walfakkeenya yaadaatiin gurmeeffame. Itti fufee duraaduuba raawwii isaanii bifa eegeen mata duree gurguddaafi xixiqqaatti caccabanii akka hiika sirrii laachuu dandaan'tti tarreeffamanii ragaa suuraafi yaada beektotaa waliin deeggaramanii qaacceffaman. Yaada kana V. Kahnfi W.Best (2005:34)

> The *process of classification, sorting and tabulating of the data are important part of the research. The analysis and interpretation of the data represent the application of deductive and inductive lojic to the research process. The datas are often clasfied by division into sub group and then analysed*. jechuun yaada olii sirrii ta'uu mirkaneessu.

### 3.7.3 Qindeeffama Qorannoo

Qorannoon tokko kaayyoo isaa galmaan gahuuf qindaa'aa ta'uu akka qabu beektoonni adda addaa ni dubbatu. Kunis amala qorannoon gaarii tokko qabu keessaa haalaan qindaa'aa ta'uun, jechoota ifa ta'een barreeffamuun, yaadaan walqabataa ta'uu akka qabu beektotaan barreeffamera. Yaada kana Taaddasaan, Zoltan, (2007:11) wabeeffachuun yeroo ibsu: *"Good Researche is systematic:It means that research is structured with specified steps to be taken in specific sequence inaccordance with well defined set of rules."* jechuun ibsa (Taaddasaa, 2016:39). Kanaaf qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamuun tartiibaan qinda'ee jira.

## 3.8 Muuxannoo Dirree

Mata duree kana jalatti yeroo ragaan funaanamu meeshaa itti dhimma ba'amefi daawwannaan irratti mirga, duudhaafi safuu hawaasaa osoo hinmiidhin haala odeeffannoon fudhatametu as jalatti qindaa'e.

### 3.8.1 Meeshaa Sagaleefi Suuraa

Qorannoo kana adeemsisuuf meeshaalee gara garaa dirreef ta'an kan akka kaameraa suuraafi viidiyoo sagalee waraabu tajaajilamee jira. Sababiinsaa V. Kahnfi W.Best (2005:300) "*Observers use aproprate instrument like photo camera, video recored and others to systematize, quantify and preserve the result of their observation*" jedhu. Kana irraa ka'ee qorataan qaaman iddoo tapha gombisa fardaa kabajaman deemuun jechaafi gocha isaanii akka jiruttii ragaa suuraafi sagalee haala qabatamaan fudhatamee jira.

### 3.8.2 Naamusa Ogummaa

Hojiin qorannoo kanaa yeroo adeemsifamu bifa seera qabeessaafi naamusa qabuun kabaja hawaasaa eegee raawwate. Fkn yeroo qorannoo kanaaf afgaaffiifi daawwannaan dirree taphaa keessatti taasifame, bifa aadaafi safuu hawaasichaa eegeen, mirga isaanii kabajeen akkasumas yeroo suuraa eeyyama gaafachuun fedha isaaniitiin suurri fudhatamee jira. Dabalees waraabbii sagalee irratti fedhii isaaniitiin odeeffanoo qabatamaa barbaadamu akka kennan fedhii gaafachuun sagaleen isaanii warabamee jira. Dhuma irratti xalayaa seera qabeessummaa gaafataniifi osoo hingaafatin odeeffannoo warra kennan maraa galateeffachuun xumuramee jira. Bifa naamusa qabuun haala olitti

ibsameen qorannoo adeemsisuun adeemsa sirrii ta'uu kan nuuf mirkaneessu yaada V. Kahnfi W.Best (2005:347) dhiyeessaniidha.

> *Psychologist accord aproprate respect to the fundamental right, dignity, and woth of all people.The are aware of culture, individual, and role difference, including those due to age, gender, race, ethinicity, national origin ,sexual orientation, disability language and socio economic status*

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAA

**4. Haala Waliigalaa**

Ragaan odeeffannoo kennitoota isaa walitti qabaman akkataa kaayyoo qorannoo galmaan ga'utti qindaa'anii as jalatti qaacceffamaniiru. Dabalataan yaadni beektonni waa'ee mataduree qaaccefame irratti qabanisi ragaa qindaa'e waliin walbira qabanii dhiyaataniiru. (Dastaa, 2013:67). Odeeffannoon funaanames akka calqabairratti karoorameen xiinxalamuun hiika waliin qaacceffamaniiru.

Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaadame meeshaa funaansa ragaalaa afgaafii, daawwannaa dirreefi marii garee xiyyeeffannoo irraa bifa barreeffamaan, suuraafi sagaleen sassaabame. Aanaa Daawoo keessatti sirni Fardaan walqabatanii qophaa'an hedduudha. Isaan keessaa Masqallii Ayyaana Oromoon kabajatu keessaa isa jalqabaati. Gaafa guyyaa  Fulbaana 17fi  23 nikabajama. Guyyaan Kun Jalqaba bara haarwaa waanta'eef hawaasni bakka tokkotti walgahee waaqa isaa galateeffataa jedhu manguddoonni aanaa kanaa kan qorataan haasofsiise. Kanas suuraafi sagaleen waraabame. Guyyaa kana jalqabaaf waan ta'eef Fardi godatti (dirreetti ) bahee nigulufu. Dargaggeessi walitti yaa'ee sirba, nidhiichisa keessayyuu gaafa fulbaana 23 bakka "Adaabinnaa" jedhamutti abbootiin Gadaa walga'anii eebbisu. Ayyaanni ittiin aansee kabajamu gaafa Mudde 29, Ayyaana Qillee (Gannaa)ti Ayyaan kun yeroo ammaa akka amantaa Ortodoksiitti Mana  Amnataa Baalawaldii jedhamutti. Bakka kanatti gugsiin (Gombifni) Fardaa nigeggafama. Gaafa Amajjii 7 Mana Amantaa Ortodoksii Sillaasee dheeraatti ayyaana kabajamu irratti Gugsii Fardaa niadeemsifama. Gaafa ayyaanota kana sadanuu qorataan bakkatti argamee daawwannaa geggeessuun ragaa funaannate.

Karaa biraatiin yeroo namoonni bebbeekamoon kaneen akka Abbaa Gadaa, Abbaa Biyyaa , Abbaa Fardaa Abbaa Bokkuu dhiiraas yoota'e dubartii yeroo du'an sirni awwaalchaa nigeggeeffama. Abbootiin fardaa sirna kanarratti argamanii niboochisu (nidhaadatu). Kanamalees Hawaasni Oromoo Yeroo Sirna Fuudhaafi Heerumaa geggeessuu Fardaan dhimma baha. Kana qorataan yoomessa uumamaa keessatti argamuun suuraan, Suursagaleedhaafi gaafiifideebiin ragaa funaannateera.

## 4.1. Akaakuu Fookloorii Hawaasa Oromoo Itti Fayyadama Fardaa wajjiin walqabatan

Akaakuu fookloorii Oromoo Fardaan walqbatanii geggeeffamani tarreessuun dura, gosoota fookloorii akkaataa qoqqoodinsa Dorsaniin adda baafachuun murteessaadha. Isaanis: Meeshaa Aadaa (materialculture), Aartii Sochii (folkart), Duudhaa (custom)fi Afoola (oral literature) (Dorsan, 1972) akka ta'an boqonnaa lammaffaa jalatti ibsameera.

Kanaafuu qorataan kun gosoota fookloorii arfan kana keessaa kamtu fookloorii hawaasa Oromoo Fardaan wajjiin akka deemaan odeeffannoo Afgaafii, Daawwannaa dirreefi Marii garee xiyyeeffannootiin funaannateen mirkaneeffate.

### 4.1.1 Meeshaalee Aadaa ( material culture )

Meeshaaleen Aadaa Fardaan wajjiin walqabatan hundi isaanii beekumsa hawaasa keessa jiruun hojjatamu. Namoonni ogummaa kanaa qaban dhuunfaan hojjatu yeroo durii namoota kanaaf moggaasa kennu warra muka hojjatan `Fugaa` warra sibiila hojjatan immoo `Tumtuu` yoojedhan warra gogaarraa hojjataniin `Faaqii` akka jedhan gaafiifi deebii obboo Goonyii wajjiin taasiseen qorataan ragaa argate. Yaada kanarraa kan hubannu hojiin jarreen kanaan hojjatamu murteessaa ta'ee otuu jiruu karaa dogoggoraatiin hawaasni ogeeyyii kanaan maqaa addatti moggaasee waamuun yeroo ammaa kana kan ilaalchi kun jijjiiramee ogummaa beekamoo ta'ee dhaabbanni leenjii ogummaa dhaabbatee nomoonni isa baratanii hojii gurguddaa ittiin hojjatanii jiraatan agarra.

#### *4.1.1.1 Meeshaalee Aadaa Hawasa Oromoo Aanaa Daawoo Fardaan wajjiin walqabatan*

Hawaasni Oromoo kan ittiin beekamu keessaa tokko Farda. Fardaan dhimmoota garaagaraa ittiin baha. Kanarratti hunda'ee Farda tajaajila inni kennuun addaan baasa. Farda Gugsiifi Lolaaf ooluun "Sangaa Fardaa / Farda teessumaa/" jedhee moggaasa. Kan namoonni kamiyyuu ittiin imaltuu deemanimmoo "Baataa" jedhaan. Farda dhalaa kana hin yaabbatamneen "Gadabii"yoojedhamtu, kan yaabbataniin "Qalaamaa" jechuun addaan baasuu. Kanamalees, Fardaan `*Collee*` jedha. Collee jechuun kan waan tokko hari'ee qaqqabuu ykn dheessee jalaa bahu jechuudha. Kanaaf Oromoon farda yeroo durii diina isaa ittiin ofirraa ittisaa waan tureef colleen diina jalaa bahuufi diina irra gahee

waraanuuf kan itti gargaaramaa ture waan ta'eef maqaa kana moggaaseef. *(Obboo Qaabataa Dhaabii, sadaasa 20, ganda Daawoo Kaarraa ).* Meeshaan Aadaa Fardi teessumaa Ykn Sangaa Fardaan ittiin fe'amuufi Abbaan fardaa Gugsiif qabatu kan baataaan ittiin fe'amuurraa adda Jedhu Obboo Naggaan. Akka Ayyuun Fardaa kun ibsanitti Meeshaan Aadaa gaafa gugsii Fardaa ittiin dhimma bahan Mi'a Fardaa, Gilaasa, Kal'ee (Luuffisaa), Daabee (Dashee), Gaachana, Alangee, Zinnaara, Ulee (siiqee) darbannaa faa akka ta'e qorataan yeroo yoommassa uumamaa keessatti daawwannaa dirree gaafa (Fulbaana 23,Mudde 29fi Amajjii 7) adeemsiseen addaan baafate. Haaluma walfakkaatuun meeshaaleen aadaa Fardaa kun yeroo sirna booyichaa abbootiin fardaa yeroo qabatanii dhaadatan mul'ateera. Haata'u malee tajaajilli isaanii garaagara. Fkn, tajaajilli Gaachanaa gaafa gugsii ittiin qolachuuf uleenimmoo ittiin waraanuuf yoogargaaru, gaafa booyichaa garuu, ittiin dhaadatuuf gargaara. Kanasi qorataan guyyaa awwalcha namoota gurguddoo (bebbeekamoon) du'an bakkatti argamuun viidiyoon waraabuun ragaa fudate. Haaluma kanaan meeshaalee aadaa fardaa tokko tokkoon akka armaan gadiitti hiikaafi bakka isaan itti tajaajilan waliin ibsame.

**A/ Mi'a Fardaa**

Miini fardaa maqaan isaa tokko yaata'u malee waan baay'ee of keessaa qaba. Kunis: Kooraa, gilaashsa, uddeellaa, qomoo, fuuloo, birmaduu, Faanaa, Garjaleefi gaam'aa (mi'a mataa) qabacuu danda'a.

- ***Kooraa:*** Gogaa re'eefi horii, mukafi sibiila irraa tolfama. Tolfamni isaa dugda fardaa akka hammatee qabuu fi madaala namaa eeguttigaraa duubaa Dursaa duubaafi karaa fuunduraa dursaa fuunduraa, ijjannoo miilaa bitaa fi mirgaa '*faanaa*'fi '*gara jalee' kangaraa fardaa jalaan naanna'ee kooraan fardattiin hidhamu* waliin tolfamee mi'oota biro walii tajaalila kenna.
- ***Gilaasha*:** Wayyaa furdisanii hodhuun fuunduraafi duubatti qaawwa itti godhanii 'dursaa' kooraatti akka seenutti hojjatama. Gilaashi miidhaginaaf oolu '*baladii'* kan jedhamu gubbaa irra oolee ittiin yaabbatam.
- ***Uddeellaa*:** Gogaa irraa tolfama; kunis gara udduu duuba kooraa waan ooluuf 'uddeellaa' jedhamee moggaafame. Kooraa irratti irkoo duubaa bitaa fi mirgaan

kan qabsiifamuu ta'ee eegee fardaa jala oolee hidhama. Kuniis fardi yeroo asii gadee deemu nammi yaabbatu gara morma fardaa irraan akka hinbuune qabee dhoowwuuf gargaara.

- ***Qomoo*****:** Gogaa irraa tolfama dursaa kooraa isa fuunduraatti kaawwamee morma fardaa bitaafi mirgaan gara gateettii isaa oolee laphee irratti iddoo tokkotti dhufuun luka fuurduraa lamaan jidduu bahee garaa fardaa jalatti '*gara jalee*'dhaan waltti hidhama. Laphee ykn qoma fardaa irra waan ooluuf '*qomoo*' jedhame. Kuni immo kan tajaajilu fardi yeroo irraa olee gara tabbatti deemu namni gara duubatti lo'ee akka duubaan hinkufneef gargaara.
- ***Fuuloo****:* Gogaa irraa tolfama. Maqaa kana kan argateef fuula fardaatti waan kaawwamuf "fuuloo" jedhame. Kunis addafi maddii lamaan irraa gadi kan bu'u dhaabbataa sadi akkasumas dalga maraa funyaanfi adda irratti lama qaba. Hidhata harkisaaf oolu immoo morma jalatti hidhaama. Kunis "loosaa"kan jedhamu dheerinni isaa naannoo metira 1.5 ta'ee farda ofduuba harkisuufi yeroo tokko tokko fardi akka dheedu yoo barbaadame ittin sakaalu ykn ittiin hidhuuf gargaara.
- ***Birmaduu*****:** Sibiila fi gogaa irraa tolfama maqaan kuni kan kennameef afaan fardaa keessa galee waan hidhamuuf soda guula fardaa jalaa nama oolcha. Namni akkanatti yaabbate nan kufa kan jedhu yaaddoo hin qabu biilisumaa ykn birmaduutu itti dhaga'ama waan ta'eef maqichis *'Birmaduu'* ykn`Luugama Fardaas` nijedhama. Kunis sibiila afaan fardaatti seenufi teepha bitaafi miirgaan goree mataa fardaatti kawwamu qaba.`Zaabii` kan jedhamu immoo morma fardaa bitaa fi mirga goree harkaan kan qabatamudha. Tajaajilli 'Birmaduu' Farda garmalee kaatu akka hinguulle ittiin dhaabuufi yeroo barbaadame immoo utaalchisuufi saggarsisuuf gargaara.
- ***Gaam'aa*****:** Kunis gogaa beelladootaa irraa kan tolfamu ta'e morma fardaa irratti gamada irratti keewwama waan ta'eef '*gaam'aa* ' jedhame. Tajaajilli isaa bareedaaf oola. Kun kan gogaa qofa irraa tolfamuufi kan kuulli itti naqamee tolfamu qaba. Kan kuula qabu yeroo baay'ee cidhaaf itti dhimma bahama.

- ***Dibdaabii*:** kooraa jala galuun akka kooraan farda hin miineef tajaajila. Meeshaan kun kara fuunduraatiin uramee dursaa kooraa isa duraatti gala. Miini kun yeroo baayyee kan irraa hojjatamu kal'ee hoolaa ykn uccuu furdaarraayyi.

Akka walii galaatti *mi'a fardaa* kan jedhamu iddoo qaama fardaa irra ooluufi tajaajila kennuun waliin walqabatee moggaafame. Kunis asii gaditti adda bahee taa'eera.

I / Iddoo teessuuma qaama fardaa irratti hundaa'ee kan moggaafame

- *Fuuloo* fuula fardaa irraa ka'ee kan mogga'e.
- *Gaam'aa* gamada fardaa irraa ka'ee kan mogga'e.
- *Qomoo* laphee ykn qoma fardaa irraa ka'ee kan mogga'e
- *Uddeellaa* udduu fardaa irraa ka'ee kan mogga'e
- *Gara jalee* garaa fardaa jala oolee waan hidhamuuf.

II / Tajaajila kennan irratti hundaa'ee kan maqaa argatan.

- *Faanaa* ijjannoo faana miilatiin waan ta'eef.
- *Kooraa* farda irra koruuf ykn yaabbachuuf waan gargaaruuf.
- *Birmaduu* farda to'atee birmadummaadhaan deemuuf waan garaaruuf

Miini Fardaa yeroo gombisa fardaa qofa osoo hin ta'in yeroo imaltuu gara garaa fkn yeroo cidhaa, yeroo namni du'ee awwaalan ittiin himu yeroo gabaafi jaarsummaa deeman illee ittiin yaabbatu. Mi'a fardaa guutuu ta'e kan ittiin yaabbatan farda sangaa ykn teessuumaati. Fardeen akka '*baataa'* jedhaman daa'imaafi dubartiitu yaabbata waan ta'eef isaan kuni mi'a guutuun hin yaabbataman .Yeroo baay'ee birmaduufi fuulootu keessa hafa. Bakka isaanii '*lookoo*' kan teepha irraa hojjatamu fayyadamu(Obboo Naggaa Ildaalaa, Mudde 29). Dabalataaniis Daawwannaa dirree gaafa guyyaa (fulbaana 23,Mudde 29fi Amajjii 7) yoomessa uumamaa bakka Gugsiin (Gombisa Fardaa) geggeeffamutti argamuun qorataan suuraafi sagaleen waraabeen kanuma mirkaneesse.





*Suura 2ffaa: Fardaa mi'a fardaa guutuu wajjiin kan qoratan kaase.*

**B. Gaachana**

Gaachaanni gogaa roobii fi gafarsaa irraa hojjatama. Gombisa fardaa keessatti harka bitaatti qabatamuun waraansa ulee ittiin of irraa qoluuf fayyada. Bifti isaa gurracha ta'ee boca giingoo golboo ta'e qaba. Golbina isaa keessa kan ciqilee itti galfatanfi qabdoo harkaa qaba. Karaa biraa gaachanni hawaasa Oromoo keessatti tajaajila adda addaaf oola. Akka fakkeenyaatti yoo fudhanne, yeroo lolaa darbannaa xiyya diina isaanii ofirraa ittisu, yeroo gadaa foolleen qabattee sirbiti, yeroo nama farda yaabbatu jalaa fardi du'e gaachaana lafa ka'anii hirpha kadhatu, Yeroo namni seenaa hojjatee beekama ta'e tokko du'e qabatanii ittiin dhaadatu/fokkoru/, yeroo kaka eeboo walii waraana ciibsanii ittin kaksiisufi kkf tajaajila kenna waan ta'eef gaachanaaf kabaja guddaatu kennama. Yeroo abbaan du'e gaachana kan fudhatu ykn dhaalu ilma angafadha(manguddoo ObbooQaabataa Dhaabii, Obboo Dibaabaa Bareechaa irraan raga argadhe).

***Suuraa 3ffaa, Fakkii Gaachanaa kan qorataan kaase.***



### C. Alangaa

Alangaan gogaa fi muka ykn sibiila irraa kan tolfamu dha. Gombisa fardaa keessatti farda dhahachuf ykn akka sirritti gulufu rukutachuuf gargaara. Jaalataa (2014) alangaan waan yaabbattuun farda tuqatee si'aayina isaa ittiin dabaludha jechuun yaadicha mirkaneessa. Alangaan hawaasa keessatti tajaajila biraas ni qaba. Kunis yeroo ilma guddifatan alangaan ga'ee qaba. Ilma namni guddifatu nama seera beeku waliin waadaa galee fudhata. Namni seera beeku ykn qajeelchu suni immoo alangaa harkatti qabatee sosochoosuun waadaa galchisiisa. Kuni immoo seera tumaa waliin walfakkaata. Namni seera tumus alangaa qabatee qajeelfama kenna. Kana irraa ka'ee yeroo ammaa namni yakka hordofee qajeelfama kennu waajira mana murtii keessatti '*Abbaa alangaa'* kan jedhan kana iraa ka'eeti (Obboo Naggaa Indaalaa).

### D. Kal'ee /luffisaa/

Kal'een gogaa bineensota adda addaa kan akka leencaa, qeerransaa fi jaldeessa irraa tolfama. Yeroo farda gulufan yeroo durii namoota bekamoo ykn goota jedhamantu kaawwata. Kunis bareedina argarsiisuufi gootummaa ibsuuf keewwatama. Kal'ee waliin kan deemu gonfoo/daabee/ kan mataatti keewwatan qaba. Hiika isaanis amala bineesotaa waliin wal-qabssiisu. Fakkeenyaaf:

- ***Kal'ee Jaldeessaa***: Jaldeessi amalli isaa: baala cira, human qaba, gara jabeessa, hamaadhas. Kana waan ta'eef nammi kal'ee jaldeessaa uffachuun isaa akkuma jaldeessi baala ciru sana namtichis lola irratti kan waan qabe tokko cicciruu danda'u jechuudha; gara jabummaa fi hammenya cimaan nama isa lolu irratti tarkaanfii kan fudhatu jechuudha. Haalli keewwannaa isaa ankaakseefi gaachana waliin qabatama.
- ***Kal'ee Leencaa:*** Leenci hamaadha, waan qabe tokko gadi hindhiisu, nibabbaqaqsa, nicaccabsa. Namni kal'ee leencaa uffate tokkos qabee kan gadi hin dhiifnee, waraanee kan cabsu, darbatee kan tarsaasu ykn babaqaqsu, lola irratti harkaa ba'uu kan hin dandeenye jedhame yaadama.
- ***Kal'ee Qeerransaa***: Qeerransi amalli inni qabu, yoo tuqan niharqa, utaalee nama irra bu'a, amma haaloo bahutti ykn diina isaa irratti tarkaanfii barbaade fudhatutti

niharqa. Kanaaf namni kal’ee qeerraansaa uffate, goota, hamaa, kan baqatanii jalaa hinbane, ariitiin kan tarkaanfii fudhatudha yaada jedhu qaba (daawwannaa yeroo adda addaa taasiserraa suuraan deeggare) .





*sSuuraa 4ffaa, A- Looffisaa Kan Gogaa jaldeessaarraa hojjatame qorataan kaasee*






*Suuraa 4ffaa, B- Fakkii Looffisaa kan Gogaa Qeerransaarraa Hojjatame*

E. Zinnaara

Zinnaarri waraana irratti kan hidhatamu yoo ta’u gogaa irraa kan tolfamu ta’ee rasaasa kan keessa naqan kiisii xixiqqoo qaba. Sababiin yeroo gombisa fardaa hidhatauuf yeroo durii Oromoonni waraana irratti fardaan gulufanii waan waraanaaniif fardii fi lolli ykn waraanni durii kaasee hariiroo qabaachuu ibsuuf hidhatama. Hiiki isaa akka namicha hidhateetti fardaan waraana dhaquun akka jiru mullisuufidha. Waraana isa gombisaa

fardaa  caalu iyyuu goonni nideema yaada jedhu of keessaa qaba. Kanaaf gombisa fardaa keessatti hidhatanii yeroo taphatan dawwanaa keessatti mul’ateera. Dabalataniis Obboo Naggaan yeroo meeshaalee fardaafi fardaan wajjiin walqabatan tarreessan waa’ee zinnaaras ibsaniiru. (Obboo Naggaa Indaalaa).






*Suuraa 5ffaa, Fakkii  namoota Zinnaara mundhitti hidhatan agarsiisuu kan qorataan kaase.*

## F. Farda

Mi’ia fardaafi meeshalee gombisa fardaa keessatti tajaajilan yeroo ibsan waa’ee fardaas dabalatan beeksisuun irra caala bu’a akka qabu ifadha. Bakka fardi hin jirretti gombisa fardaa taphachuun hin jiru. Kanaaf fardi mataa isaatii’n gombisa fardaa keessatti tajaajila gochuuf ga’ee guddaa qaba. Kunis hari’ee dhaqqabuu ykn jalaa baqatee jalaa bahuuf, waraananii kuffisanii maqaa baasuf ciminni fardaa murteessaadha. Fardi dandeetti garaa garaa qaba.  Kunis, kan utaalcha ykn fooggaluun beekamu, kan garmalee fiigu, kan saggaaru jedhamee beekama. Dandeettiin kuni immoo akka hawaasaa naannichaatti bifa fardaa walin wal qabata. Bifti isaanii kunis odolcha, daamaa, boora booranaa, boora qaaccoo, magaala, gurraacha ykn shaanqoo, daamaa bulloo,  magaala bulloofi kkf naannoo qorannichaatti maqaa fardi ittiin waamamu ta’uun beekamu. Bifaan wal qabatee ilaalchi jiru, fkn *Odolcha bifa* xiilloofi *Boora Qaaccoo* kan gamadnifi eegee boraa fiiguu ykn gulufuun kan beekaman; kan hin dhaqqabanee; akka bubbee figuu kan danda’an jedhamee amanama.  Isaan kuni yeroo bitaman illee bifa kana qabaachuun isaanii gatii olaanaa akka qabaatan godha. *Farda Ja’ii* kan kottee arfan muxaafi qaamni biraa hundi

diima ta'e dha. Kan biroo kannee akka *Daamaa, Magaala, Bullo, Booraa Booranaa*fi kkf saggaaruu danda'u jedhamee yaadama.

Walumaa galatti fardi Oromoo biratti tapha *Gombisa fardaa* qofa osoo hin taane yeroo cidhaa, warra du'aa, waraanafi imaltuu garagaraa irratti tajaajila guddaa kenna. Karaa biraa fardi hawaasa Oromoo biratti kabaja guddaa qaba. Nama ilmoo hin qabne tokko illee maqaa farda isaatiin waamu. Fkn Abbaa Daamaa, Abbaa soqee, Abbaa booraafi kkf jedhanii waamuu danda'u. Karaa biraa fardi ykn *colleen Waaqa* araarsa jedhamee waan amananuuf yeroo warra gumaa kadhatan illee farad leexoo birmaduu itti kaa'anii, buqqee duudaa fi daa'ima dubara xiqqoo qabatanii *Waaqa* kadhatu. Fardi sangaan kophaatti galee soorama, okaa, amoolee, midhaan 'anshaafa' jedhamuu sooru. Yeroo guluffiin ga'u dhaqna dhiqanii, gamada muranii, eegee maaxanii qopheessu. Guluffiin guyyoota muraasa yoo hafu nyaata itti xixiqqeessu; Yoo garaa quufe danda'ee hin kaatu jedhamee waan amanamuuf ni qooqsu. Kanaaf fardi Oromoo waliin hidhata guddaa akka qabu beektoonni adda addaa ibsa bal'aa itti kennanii jiru. Yaada kana kan deeggaru Xannaa (2013) Blance (1968) wabeeffachuun yeroo ibsu "*Every Oromo is a horsemen; every horsemen is a solder.*" Jechuun ibsee jira. Kuni immoo Yeroo durii Oromoonni baay'een abbaa fardaa akka ta'aniifi abbaan fardaa kami iyyuu loltuu adda waraana akka ta'e ibsa. Kana irraa ka'ee Oromoonni baay'een abbaa waraanaa ta'uu isaani ifa baasa.






*Suuraa 6ffaa, Fakkii Fardaa kan qorataa kaase.*

**G. Dirree Guluffii**

Dirreen guluffii iddoo taphni fardaa itti gaggeeffamudha. Kunis dhaabbataa waan ta'eef alaala irraa illee yeroo biyya sana keessaa waan tokko ykn mana namaa yoo iyyaafatan

‘Dirree guluffii irraa gara kami?’ jechuun iyyaafatu. Bara durii iddo kuni bara dheeraaf waan hin jijjiiramne akka iddoo seenaatti fudhatama. Kanaaf dirreen guluffii gombisa fardaa keessatti waantoota murteessa ta’an keessaa tokkodha. Dirreen irratti gulufan, fardi, meeshaanfi namni walduukaa  hinjiran yoo ta’e gombisni fardaa gonkumaa jiraachuu hindanda’u.Yaada kana kan deeggaru Dirribii (2012 :129 ) *“Amantii araddaa,dhangaafi aadaan saba tokkoo wal qabataadha*.” Jechuudhaan dirreen illee qaama aadaa keessatti akka hammatamuu danda’u lafa kaa’a. Kanaaf dirreen gulaffii akka iddoo seena qabeessatti beekaman dirreen guluffii ‘*Goodaa Jabduu’* jedhama. Kanbiroo dirree guluffii ‘*Goodaa Gafarsaa’* jedhama, iddoon itti gulufan ‘*Goodaa Raccee’* jedhama. Kanneen dur beekamtii qaban kan yeroo ammaa lafa qonnaatti jijjiiraman heddu akka ta’an Waajjirrii Aadaafi Turizinii Aanaa Daawoo odeeffannoo kennan. Fkn. Dirreen Urufa warxuu, Dirreen Kidaanmiratii gara magaalattifi lafa qonnaatti jijjiirame.

Waa’ee dirree guluffii Obboo Naggaa Indaalaa gaafannaan “Dirreen guliffii fardaa tokko dheerinni isaa meetira 400-500 ta’uu qaba. Namni farda dheessu tokko yeroo ka’umsa meetara 10 isa hari’u irraa fagaachuu qaba. Erga guliffii eegalanii hanga meetirri 100 hafutti uleedarbachuu dhorkadha. Erga meetirri 100 hafee booda inni hari’u `eeggadhu ulee` jedhaan. Namni jalaa baqataa jirus ofirra garagalee eeggatee gaachana isaatiin ofirraa qolata.” Kanaaf dirreen guluffii ulaagaa kana guutuu qaba (Obboo Naggaa, Mudde 29.)




*Suuraa 7ffaa, Fakkii kan Dirree Guluffii Fardaa Agarsiisu*.

Dirreen fardaa bakka ka’umsaa, bitaafi mirgarraa qaba, bakki kun namoonno wajjiin gulufuu barbaadan duraan dursanii eeyyama walgaafatu. Bakka ka’umsaa kana namni hari’u booda fageenyaa meetira kudhan irraa fagaatee dhaabbata. Inni dheessuu fuundura bahee farda narraa qabadhu jedhaan. Inni hari’u beenuu jedha, inni dheessuus koottu jedhee farda isaa kaafata. Dheerinni dirree akka mijaa’ila lafaarratti hunda’ee meetira dhibba afurii hanga dhibba shanii dheerachuu danda’a. walakkaa dirree kanaatti inni dheessuu jalaa bahuuf inni hari’u qaqqabuu jecha fardeen isaanii garaftuun rukutatu gudeedaan tuttuquun jabeeffatu. Yeroo dhumarratti meetirri dhibbi yeroo hafu inni hari’u sagalee olfuudhee `eeggadhu ulee` jedhaan inni dheessaa jiru ofirra garagalee uleen eessaan akka itti aggaamame ilaallatee gaachanaan qolata bakki kun `lallabata` jedhama. Dirreen bakka gahumsaas qaba bakki kun bakka itti farda mataa deebifataniidha. Haala kanaan namoonni farda taphatan naamusa eeganii dirree kanatti gargaaramu.

#### *4.1.1.2. Afoola /Oral Literature /*

Akkaataa ragaan daawwannaafi afgaaffii irraa argameen Afoolli gombisa fardaa keessatti ga’ee olaanaa akka qabu bira ga’ameera. Kunis yeroo guluffiif deeman weeddisaa deemu. Yeroo gulufuuf ka’an eebba maanguddootaatiin eegalu. Yeroo gareen muraasni guluf immoo deeggartoonni ykn lafoon hamilee kennuuf giingoo uumanii sirbu, ragadu; yeroo guluffii xumuranii deebi’an sirbaa deemu; mana nyaanniifi dhugaatiin qophaa’etti, ni weedisu, nigeeraru. Kanaaf yeroo qorataan raawwii gombisa fardaa yoomessa uumamaa keessatti daawwatu  gosti fookiloorii afoola ta’e akka jiru mul’atee jira. Kan biraa yeroo tapha gombisa fardaa waliin makmaaksonni dubbataman illee nijiru. Fkn: Fardi biraan ga’a malee hin waraanu, Lafa ilaallatanni farda dhahatu kkf hawaasa keessatti nimammaakama.

Fkn yeroo gara dirree deeman akkasjedhu.

| | |
|---|---|
| *Daaleen farduma yaagadhee,* | *Daaleen farduma yaagadhee,* |
| *Abbaatuu sooree, shoolee , Yaabbata malee.* | *abbaatuu sooree, shoolee yaabbata* |
| *Aramtuun qullubbii, harki daaraa qabaa* | *Hoo* |
| *Yaabbatuutti uggumii, harki gaashaa qaba.* | *Hoo* |
| *Hooyaalolee Gaachana jalaan qabi yootole* | *Hoo* |

Yeroo taphni eegalamu eebbatu taasifama**.**

*yaawaaq abet, yaarabbi abet.*
*Kan nagaan bulle, nagaan nu oolchi.*

*Balaan gargar nu oolchi*
*Colleen bahe yaa oofkalu.*
*Kan bahe nagaan haagalu.----- jedhanii eebbisu.*

*Yaada sirba kanaa yoo ilaallee dhimma kuunsa fardaa wajjiin walqabatee haala ittiin waljajjabeessaniidha. `daaleen farduma abbaatu, sooree shoolee yaabbata malee` yoo jedhu fardi uumamaan tokko garuu kunuunsa abbaan fardaa taasisurraa ka'ee dandeettii addaa akka horatu nama hubachiisa.*

❖ ***Mammaaksa Fardaan walqabatu***

- *Bitaanis kooran, mirgaanis Koran, walgeenyi kooruma.*
- *Biyya fardi hinjirree , harreetu garmaama.*
- *Ergaa kooraan dammaqee, fardummaan maaltu jiraa? Ergaa dubbii dadhabdee gamnummaan maaltu jiraa?*
- *"Akka kiyyaan beekaa ganamaan farda fe'adhe."jedhe namichi.*
- *"Abbaan kee eenyuu?" jennaan "heessumni koo farda." jedhe Gaangeen.*
- *Fardi qophaa kaatu colleedha.*
- *Farda abbaa gane, kuffisee gale.*
- *Farda laga buusu malee, humnaan hinhobaasan.*

Mammaaksonni armaan olitti tarreeffaman kun maalummaa fardaa amala fardaa hojii fardaa fakkeessanii karaa ittiin hawaasni Oromoo ergaa isaa dabarfatu nutty agarsiisa. Fkn "Abbaan kee eenyuu? Jennaan hessumni koo fardaa." Jette gaangeen kan jedhu yoofudhannee ilaallee abbaan ishee harree akka ta'e himachuu dhoksitee akka fardi ishee dhalte himachuun kun namoonni dhugaa jiru dhoksanii yeroo waan sobaa dubbachuuf yaalan kan itti mammaakamuudha. " kan haeerr hin qabne farda namaa tuffatti." Kan jedhummoo namni ofii isaatii waan tokko hin qabne yeroo itti kan namaa tuffatu mammaakama. Walumaa galatti mammaaksonni hawaasa Oromoo biratti hiikoo guddaa qaba. Mammaaksi ofeeggannoof , gorsaaf .amala waantotaa ibsuuf kkf mammaakama.

❖ ***Hiibboo farda wajjiin walqabatu***

- *Irri jiraa, jidduun du'aa, jalli jiraa.* *Deebiin Nama , kooraa, farda.*
- *Taktarafii lafee okkoteetti rakkate.* *Deebiin Luugama (birmaduu) Fardaa*
- *Otuu hindhaliin ilmoo ormaa dugdatti baata.* *Deebiin Farda yeroo namni yaabbatu.*
- *Dheeraa qalbiin gabaabaa.* *Deebiin Farda*

Aadaa hawaasaa aoromoo biratti waan hunduu afoolaan ergaan darba haaluma kanaan hiibboowwaan armaan olii kana yoo ilaalluu ijoolleen waa'ee mi'a fardaa, dalagaa fardaa, amala fardaa akka sirriitti hubattuuf afoola isaatti gargaaramee barsiisuun itti dhimma baha. Fkn." Irri jira, jidduun du'aa, gubbaan jiraa." Kan jedhu namni kan gubbaa taa'u lubbuu waan qabu ta'uu, kan walakkaa jirummoo kan lubbuu hinqabne (kooraa) ta'uufi jala kan jiru fardi kan lubbuu qabu ta'uu tooftaa kanatti gargaaramanii haala ijoolleen salphaatti waantota lubbuu hin qabneefi lubbuu qaban ittiin addaan baafattu barsiisuuf afoola kanatti akka dhimma bahan hubatame.

- ***Jechamoota***
  *Abbaa booraa*
  *Abbaa daamaa*
  *Abbaa shaashoo*
  *Abbaa magaal*
  *Abbaa bulloo*

Bifa farda yeroo baay'ee yaabbatuu irraa ka'ee maqaa kennamuudha. Haalli kun hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo biratti baay'ee beekamaadha. Keessayyuu namoota ilmoo hinqbne yeroo baay'ee maqaa farda inni yeroo heddu yaabbatuun waamuu. Sababbiin `Abbaa--- ` jedhamuuf fardi akka Oromootti akka ilmootti ilaalama fardiifi Oromoon addaan bahanii hinbeekan yeroo gammachuu, yeroo du'aafi yeroo waraanaa hawaasni Oromoo fardaan dhimma bahan. Farda nijaalata kunuunsa addaa taasisaafi Obboo Qaabataa Dhaabii Ilaalcha Oromoon Fardaaf qabu yeroo ibsan akkas jedhu." Abbaan fardaa ofirra farda isaatiif dursa kenna yeroo imaltuu oolee galu otuu ofii nyaata hin nyaatiin farda isaatiin nyaata kenna. Bakki bulmaata fardaa seeraan eegama." Jechuun haala ittiin Oromoon farda kunuunsu qorataaf ibsa.

#### *4.1.1.3. Duudhaa/custom /*

Gosti fookiloorii Duudha /custom/ gombisa fardaa waliin hidhata qabaachuu isaa yeroo daawwannaa gombisa fardaa qo'annoo kanaanfi ragaa afgaaffiifi daawwannaa irraa argameen bira ga'amee jira. Duudhaan /Custom/ jiraachuu kan mul'isu, gombisa fardaa taphachuuf yeroo qophii, yeroo taphaafi tapha bood qaba.

I. **Yeroo qophii /Raawwii Gombisa Fardaa Duraa**

Yeroo kana keessatti waantonni raawwataman hedduudha. Farda dhiqu,nyaata aadaa qopheessu, meeshaa tolfatu ykn qixeeffatu. Yeroo gombisaa yoogahe farda isaanii akkaata sochii /amala farda isaanitti mi'a fardaatiin fe'atanii hiriyoota olla wajjiin walwaamanii sirba garaagaraa sirbaa gara dirree guluffii deemu.Hanga namoonni bakka isaanitti argamanitti sirba garaagaraa sirbaa waleegu. Dhumarratti jaarsoleen dabaree dabareen waaqa waamanii collee eebbisanii abbaan bokkuu goonyii saaqa(Obboo Naggaa Indaalaas) kanuma mirkaneessan

II. **Yeroo tapha /gombisa/ fardaa**

Daawwattoonni nisirbu hamilee kennu; nidaawwatu; taphattoonni farda gulufu; maanguddoonni nito'atu ,seera/naamusa fardaa eeguu ,akka ijoolleen xixiqqoon farda jala hin buunee to'atu.

III. **Raawwii Sirna Tapha boodaa**

Yeroon kun akka Obboo Naggaan /Abbaan Joobiri naaf ibsanitti yeroo itti waaqa galateeffatanii akkuma eebbaan banametti eebbaan goolabama, waaqoyyoos ni kalateeffama. Sirbaa gara manaatti deemu. Gara mana abbaa Fardaa waamii fardaa qopheessetti. Iddoo dhaqanitti nyaata aadaa qophaa'e nyaatu. Erga nyaata nyaatanii booda biddeena faarsuu, sirboota aadaa garaagaraa sirbu nigeerraru. Dumarratti warra nyaatanii dhugan kana nieebbisu. Haala kanaan sirni tapha farda goolabama. Kanaaf taphni gombisa fardaa duraaduuba (procedure) akkanaa qabaachuun duudhaan ga'ee qabaachuu ta'uu isaa mul'isa. Duudhaan immoo tartiiba waanti tokko itti raawwatu ta'uu isa boqonnaa lama jalatti ibsamee jira.Yaada kanas kan dhugoomsu W.van Gennep (1960)fi V. Turner(1974) waa'ee duudhaa yeroo ibsan adeemsi duudhaa sadarkaa sadi akka qabu ibsu. Isaanis, yeroo qophii /preliminal/, yeroo sirnaa / luminal /fi sirna booda / post luminal/jechuun lafa kaa'u.

Yaada kana kan fakkaatu Balaay (2007:97). *"Duudhaan akkaataa (prosiijara) waanti tokko ittin raawwatudha" jedha.* Akka waliigalaatti yaadni kun gombisni fardaa(taphni fardaa) qindaa'aa akka ta'uufi tartiiba eeguu qabu eegee akka raawwatu seera qabaatee tasgabbaa'aa akka ta'u kan godhe duudhaa akka ta'e hubachuu nidanda'ama. Haaluma kanaan gombisni fardaa akkaataa raawwii mataa isaa waan qabuuf duudhaa qabaachuu

isaa daawwannaa dirree taasifamera mirkaneesse. Akka walitti qabaatti tapha gombisa fardaa keessatti angafa ykn nama gadaa oofkale kabajanii iddoo kennanii eebbisiisuun, farda karaa mirgaa qofa yaabbachuun, sirna qophii, yeroo raawwiifi sirna booda qabaachuun, gombisni fardaa safuu ykn duudhaa kan eeguu waan ta’eef gosti fookiloori duudhaan /Custom/ gombisa farda keessatti ga’ee guddaa akka qabu nama hubachiisa.

#### *4.1.1.4 Aartii Sochii /Folk Art/*

Aartiin sochii /Folk art/n raawwii sochiin, akkaataa raawwii waan tokkoo ittiin argamu ta’uun isaa Dorson (1972) ibsee jira. Haaluma kanaan waanti raawwii sirna sochii qabaatee gombisa fardaa keessatti mul’ate jira. Kanaaf gosti fookilooriin aartii sochii /Folk art/ ta’ee gombisa fardaa keessatti argame kanaa gaditti taa’ee jira. Kunis dirree guluffiifi iddoo taphatan keessatti kan mul’atedha.

Daawwattoonnifi hirmaattonni gombisa fardaa naannoo dirree taphattis ta’e manatti haala ragaa daawwannaa irraa argameen akka sirban bira ga’amee jira; sirbuun isaanii immoo sochii qaamaa ykn sirna sochii ittiin sirban qaba. Kunis naannoo dirreetti osoo taphni guluffii hin eegalin hamma namni baay’atutti sirbaa waleegu, yeroo sana warri lafoo ykn daawwattoota ta’an *marsaa giingoo* hojjetanii sirbu garee gareen walitti naanna’anii namni tokko yeroo baasu inni kaan immoo jalaa qabuun sirbu. Yaada kana kan dhugoomsu Zarihuun (1992:25) “አንድ የሥነቃል ከዋኝ ከሚናገረዉ ወይም ከምያዜመዉ ጋር እያስተባበረ ሁኔተዉን በድርጊት ያሳያል የሚያደርገዉም የሰዉነት እንቅስቃሴም አስደሳች፣ አሳዛኝ፣ አስደንጋጭና ፣ አስፋሪ ድባብን ፈጥሮ የተሳታፊዎቹን ስሜት እንድስብ ያደርጋል ።” jechuun ibsa

Namni sirbicha baasu immoo marsaa giingoo sana jidduu naanna’ee sirba. Nama baasu sana irraa dabaree fudhaachuun namni barbaade sarara giingoo gadi lakkisee keessaa gara jidduutti lixuu qaba. Kana irratti immoo jidduu jidduutti utaalanii ulee wal harkatti rukutu, lukaan lafa dhiitu, mormaafi gateettiin socho’u, nishubbisu ykn ragadu. Haalli sochii isaan taasisan gosa sirbaa irratti hundaaa’ee garaagar ta’uu danda’a. Yaada kan dhugoomsu Taaddasaan, Fedhasaan (2013) wabeeffachuun yeroo ibsu “Sirbi *yeroo baay’ee sochii qaamaatiin dhugooma; hurruubummaa qaba. Kanaafuu, walaloo miira gammachuu mul’isu ta’ee sochii qaamaatiin kan walqabatu ta’uu hubachuun barbaachisaadha*.” jechuun ibsa. Kuns kan nuuf mirkaneessu, aartiin sochii /folk art/ gombisa fardaa keessatti argamuu isaati. Kun immoo gombisni fardaa akka hoo’u

dargaggoonni akka hirmaatan ga’ee guddaa qaba (Taaddasaa, 2016:59). Kan biraa yeroo taphni xumurame mana waamichaa dhaqanii eega nyaatanii dhuganii booda sirboota gara garaat Fkn 1 Sirba akka qophaa’an gargaaru:

Oo yaa birraa
Birraan bari’ee
Farad biti yaa gootaa!
Oo yaa birraa
Kalessa galgalaa
Yaa galgaleessituu
Anuu jira jettee
Na hin jajjabeessituu.

Jechuudhaan irra deddeebi’anii sirbu. Kun immoo yeroo ganni darbee birraan dhufe gombisa fardatiif akka qophaa’an ergaa dabarsa. Mala ittiin walkakaasaniidha. Fkn `*kaleessa galgalaa yaagalgaleessituu, anuujira jettee na hinjajjabeessituu*` yoojedhan birraan yeroo hiriyaan callisee itti walilaaluumtii nadeeggarii waliin jechuun aamilee walii kakaasuu.

Fakkeenya 2 _Sirba hamilee kennu

Oo yaa birraa
Yaa goota yaagootaa
Oo yaa birraa
Maal biyyaanaa gootaa…….

Jechuun sirbu, kuni immoo yoo dhiira ykn goota taate farda hin bitattu yoo ta’e maaf teessa? Yaada jedhu qaba. Farda akka bitatan ni kakaasu onnee itti hora. Namni farda hin bitne tokko jira ofiin jechuu hin danda’u isa jedhu ibsa. Karaa biraa sirbuun isaanii wal jajjabeessuuf gargaara; hamilee akka godhatan taasisa; Akka walii galaniifi waa baran karaa saaqa; Akka waliin gammadaaniifi bashannanan taasisa.

Yaada kana Getachw (2005: 8-9) Kunis artii ykn haala ittiin raawwatu qaba. Fkn yeroo biddeen faarsan *taa’nitu faarsu;* Yeroo sirba waa’ee misoomaafi kan biraa sirban *dhaabbatanii mormaafi gateettiin sirbaa lukaan immoo lafa dhiitaa utaalaa waljalaa qabanii ragadu*. Yeroo geeraran immoo seenaa ofii, gootumma cimina farda isaanii kaasaa namni geeraru *miilaan asiifi achi deddeebi’aa geerara*. Warri jalaa qaban immoo iddoo qabatanii *‘Ishoo’*… jechuun cooku.

Dirree guluffii keessatti aartiin gombisni fardaa itti raawwatu nijira. Kunis: jsalqaba nama fuuldura dheessutu '*hari'aa*' jechuu qaba. Kana osoo hin jedhin hin eegalamu sababiin isaa nama waraanuufi waraanamuuf gulufu adda baasuun rakkisaadha. Yeroo namni dheessu ykn fuundura gulufu' *hari'aa'* jedhe booda alangeedhaan farda dhahata; Koomeedhaan farda tuttuqee fuundura baha. Namni hari'u immoo jechuun duuba qajeela '*Beenu!… Beenu!…* jechaa jalqaba.Itti fufee '*Che ! Che! Che!…*'' jechuun farda rukutachaa hari'a yeroo walakkaa ykn gara dhumaa iddoo waraansi itti raawwatu ga'ame namni hari'u ykn waraanuuf duuba gulufu "*Garagali!*"ykn "*Qophaa'i* " jechuu qaba. Garagali osoo hin jedhin darbatanii waraanuun hin danda'amu. Namni waraanuu barbaade kam iyyuu darbaachuun dura "*Garagali*" ykn "*Qophaa'i* jechuun dirqama isaati.Namni fuuldura gulufu ykn dheessan walakkaa dirree eega ga'een booda irra deddebii'uudhaan of irra ilaalaa qoqophaa'a: Of irra ilaaluun isaa namoota hari'an keessaa darbannaa nama isa kamiitu rakkisaa akka ta'e adda baafachuuf ilaallataa gulufa. Namni waraanuu barbaade yoo jiraate "*Garagali!*" ykn "*Qophaa'i*!" Jedhee yeroo darbannaan isaaf mijate harka isaa ulee waraansaa ittiin qabate *ol –gadi, ol-gadi…*qabuun itti alaammata. Akkuma garagali jechuun dirqama ta'e alaamanii darbachuunis dirqama,namni hari'u yoo fardi isaa cimaa ta'ee irra qaqqabee ulee isaa gaachanaan tuqee harkatti itti kenna yookiin lafatti darbata gochi kun `aboottee`jedhama jedhu Obboo Naggaan.Abbaan Fardaa kunis injifannoo boonsaa galmeessisuu saatiin niboona nijajama. Akkaa walii galaatti akaakuwwan fookiloorii gombisa fardaa keessatti tajaajila kanneen armaan olitti kan ibsamaniidha. Dhimma kana qorataan bakka guluffiin fardaa itti geggeeffamu hundatti argamee mirkaneeffateera.

*(Daawwannaa Mudde 29, goodaa Jabduuttifi Amajjii 7, goodaa dheeratti taasifamerra).*



*Suuraa 8ffaa,Fakkii kan sochii  aartii Gugsii fardaafi Utaalcha agarsiisuu*

**Gabataa 1**.  Qaaaccessa  afwalaloon gombisa fardaa keessa jiran

| *TL* | *Afwalaloo fayyadaman* | *Ergaa ittiin  dabarfatan* |
|---|---|---|
| *1* | *Ooyaa birraa birraan bari'ee*<br>*Fardaa biti  yaagootaa* | *Qophaa'ina, yeroon hiriyaan walyaadattu gahuu mul'isa.* |
| *2* | *Yagoota yaagootaa*<br>*Maal biyyanaa gootaa* | *Waldammaqsuu.* |
| *3* | *Nyaanni marqaa wayyaa yoo mi'eessaan tolee*<br>*Taphni daaleen wayyaa yoo si'eessaan tole* | *Fardi soorame filatamaa ta'uu ,*<br>*Fardi gootaa dammaquu qaba.* |
| *4* | *Ororaa qincee*<br>*Seesaan asittuu cichee* | *Tapha dura sodaataan beekamuu agarsiisa.* |
| *5* | *Gachana abbaa fardaa lafoon hin qabatu*<br>*Tapha gaafa dhiiraa dabooroon kan baqattu.* | *Tapha cimaa goota  qofaan akka taphatu* |
| *6* | *Haramtuu shunkurtii harki daaraa qaba darbattuu uggummii*<br>*Dhiirri eelaa qaba* | *Waraansi cimaan jiraachuu* |
| *7* | *Takkaan haara haarsa*<br>*Furri  haagubatuu takkaan dhiira faarsa seesaan haamufatu.* | *Gootummaa beeksisuu, dabooroo qeequ ibsa.* |
| *8* | *Odolcha hin miiccanii buraan burree ta'aa*<br>*Dhiira irraa hin dheessanii boruuf komii ta'a.* | *Wal irraa dheessuun sirrii akka hin taane* |
| *9* | *Qotiyyoon hinqottuu irra buusi qaccee*<br>*Dabooroon hinloluu  irraa fudhi gaalee* | *Sodaataan meeshaa gootaa akka hin qabanne* |

### 4.2. Faayidaa Fooklooriin Itti Fayyadama Fardaa Hawaasa Oromootiif Qabu

Fooklooriin hawaasa adunyaa mara biratti faayidaa heddu qaba. Akka yaaxina faayidaa fookloorii jalatti ibsametti faayidaan fooklooriin qabu karaa afuriin ilaaluun nidanda'ama. Isaanis : barsiisuu, aadaa fi duudhaa hawaasaa gaarii cimsuu, aadaafi duudhaa hawaasaa ittiin dabarsuufi balaa garaagaraa ittin jalaa milqsuuf akka gargaaru (Bascom ,1965 ) ibsamera. Akka qabatamaa hawwasa Oromoo aanaa daawoottiis daawwaannaa sirnoota adda addaa taasifameefi odeeffannoo manguddoo aanichaarraa argametti faayidaan fookloorii Fardaan  wajjiin walqabatee geggeeffamu haaluma saayinsii faayidaa fookloorii addunyaa kan giddu galeeffate ta'uun hubatamera.

#### 4.2.1 Barsiisuu

Faayidaa fooklooriin qabu keessaa tokko barsiisuudha. Hawaasni otuu barreeffamni hinjalqabin dura aadaa, duudhaa, safuu, seera sirna gadaa haala kabaja sirnoota garaagaraa karaa fookloorii isaa afaaniffaan barsiifata. Kana immoo karaalee gosoota fookloorii armaan olitti ibsamaniin karaa meeshaa aadaatiin agarsiisaa, karaa duudhaa isaatiin haala raawwii isaa hubachiisaa, karaa sichii artiitiin mul'isaa akkasumas karaa afoolaatiin jechaan barsiifata. Fkn Aadaa gugsii fardaa duraa duuba sirna raawwii, naamusa gugsii fardaa, haala dhufaatii isaa, seera isaa, yoomessa isaa , gadi fageenyaan barsiisuun dirqama keenya hundaatii. Jedhu (Obboo Naggaa Indaalaa mudde, 29/2009).

***Fkn. 1 Afoola barsiisuuf gargaaru***

Daalen  daaleen farduma yaa gadhee
Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.
Sagalee naa qaphuu
Daalen  farduma yaa gadhee
Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.
Gombisa naaf taphuu
Daalen  farduma yaa gadhee
Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.
Sagalee naaf qopheessii
Daalen  farduma yaa gadhee
Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.
Daalee naaf si'eessii
Daalen  farduma yaa gadhee
Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.
Daalen  daaleen farduma yaa gadhee
Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.

Akkuma sirba armaan oliirraa hubannu fardi uumamaan hundi tokko ta’uu. Haata’umalee, daalee jedhedhamee kan beekamu kununsaafi soora sooramurraa ka’ee kan kaatu dirree kutu, utaalu kan samii gahu yoo sirriitti sooran ta’uu barsiisa.

### 4.2.2 Cimsuu

Faayidaa fooklooriin qabu keeessaa tokko wanta hawaasa biratti fudhatama qabu cimsuufi kan badaa ta’e immo balaaleffachuudha. Fkn. Aadaa hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo qabu keessaa aadaan walgargarsaa aadaa cimuu qabuudha. Yeroo gammachuu wajjiin walwaamee waliin gammada, yeroo gaddaas walitti yaa’ee waliin gadda, yeroo balaa tasaa walitti birmatee humnaan, mallaqaanfi horiin akka human isaatti walgargaara. Kanaaf immoo sirnoota garaagaraa qopheessaa. Sirnoota kana keessaatti afoolaan, sochiin, meeshaa aadaatiin agarsiisa. Akka baratamee cimaa deemu taasis. Kanaaf fookilooriin hawasa Oromoo biratti gama hawaasummaan, gama diinagdeetiinfi gama amantittiin faayidaa heddu waan qabuuf kana cimsuun gahee hundaati jedhu (Obboo Naggaa ,mudde 29/2009).

Karaa birootiin marii abbootii gadaa sadarkaa aanaattii geggeeffamerratti manguddoonnii jijjiirama haala gumaarratti mul’achaa jiruufi haala fuudhaafi heerumaarratti jiru kaasanii aadaa cimuu qabuufi kan cimuu hinqabne bal’inaan irratti mari’ataniiru. Fkn, gatiin kaffaltii yeroo fuudhaafi heerumaa kan durhijirre qarshii humnaan olgaafachuun kan hafuu qabu ta’uu mari’atan. Akkasumas adeemsa sirna gumaa baasuu keessatti ergaa araaramee gumaa nyaatee booda haaloo bahuuf deemuun nimul’ataa kun akka aadaa Oromootti safuudha. Kanaafuu aadaan akkasii kun baalaleffatamuu akka qabu murteessan (gumii abbootii Gadaa).

Fakkeenya 2.

Oo yaa birraa
Birraan bari’ee
Farda biti yaa gootaa
Oo yaa birraa
Yagoota yagootaa
Oo yaa birraa
Maal biyyanaa gootaa
Oo yaa birra
Gacahana abbaa fardaa
Oo yaa birra
Dawween hin qabatuu
Oo yaa birraa

Afoola kanarraa waanti hubatamuu jajjabeessuu, cimsuu, kakaasuudha. Sababbiin isaa “hoo yaabirraa birraan bari’ee farda biti yaagootaa, maaldawwee biraa gootaa.”jedhanii onnee itti kakkaasanii hiriyaa isaanii akka farda bitatu taasisu. Kunimmoo faayidaa fookloorii hawaasa Oromoo keessaa cimsuu jalatti fakkeenya ta’uu danda’a.

### 4.2.3 Aadaa Hawaasaa Ittiin Dagaagsuuf( Aadaa Dabarsuuf)

Hawaasa tokko keessaatti aadaalee hawaasa biratti fudhatamaafi jaalatama qabu kana dhalootatti dabarsaniifi kan fudhatama hin qabnne kan ittiin balaalleffatan fookloorii keessatti. Hawaasni Oromoo aanaa daawoo aadaa, duudhaalee, sirnootafi seera hawaasa biratti fudhatama qaban fookloorii isaatiin nifaarsa, ni eebbisa, nijaja. Kanneen hawaasa miidhaan ni arrabsa ni wareega ni balaaleffata. Kanammoo eebba, mammaaksafi oduu durii isaanii keessatti akka dhimma itti bahan (Obboo Goonyiin) ibsan.

Fakkeenya 3

*Yaawaaq abeet,*
*waaqni tokkichi maqaa dhibbaa abeet,*
*Gurrachi garaan garbaa abet,*
*Waaqni tulluu wuumte abet,*
*Waaqni malkaa uumte abet*
*Waaqni dirree diriiraa uumte abet.*
*Booruu gannaa nu oofkalchitee galata,*
*Bacaqii gannaa nu oofkalchitee galata,*
*Akkuma booruu gannaa nu oofkalchite,*
*Booqaa birraa nu oofkalchi.*
*Awaara Bonaa nu oofkalchi.*
*Colleen haa oofkalu.*
*Dubartiin maaddii bultii haamaaddoftu,*
*Kan dhalate yaaguddatu,*
*Guddaan dhugaa haadubbatu.*
*Abbaan ilmoo hinwallaaliin,*
*Ilmoon abbaa hinwallaalin.*
*Waliigaltee nuufhhkennu, waliigalee nuufatolu.*
*Sanyiin daddaggaagee haamargu,*
*Raammoo ,dhibee hamaa irraa nuufhaaqabu,*
*Aramaan baajii haata’u.*

Afoolaa armaan olii waani nuhubachiisuu Hawaasni Oromoo waaqa kadhata, nigalateeffata, gara fuula duraattiis abdii bira kaawwata. Kun barsiifata isaati yeroo waaqa kadhatu waan gadhee nuunjibbi, waan gaarii nuun jaaladhu, maqaa keetiin balaa nurraa qabi, mortuufi dhortuu nurraa fageessi. Jechuun waaqa isaa kadhataa kana keessatti waan yaraa nibalaalleffata, waangaariin akka itti fufu eebbisa.

### 4.2.4 Waanta Balaa Geessisu Danda'u Jalaa Milqsuuf

Oduu durii manguddoon kalaqanii ijoolleetti himan kanaaf fakkeenyaa gaarii ta'uu danda'a. ijoolleen yeroo daa'imummaa gaafii heddu kaasuu danda'u. Fkn. Re'een maaliif eegee olqabdee deemtii? Jedhanii gaafatu. Yeroo kana manguddoonni gaafii kana jalaa bahuuf "re'een duratti yeroo waaqayyoon lafa deemuu uffaata irraa olfuutee ykn soqolte. Kanaaf waaqayyoon `soqolami, safuun sirraa haaka'u jedhee arrabse`. Erga gaafa sanaatii re'een eegee olqabdee deemtii" jechuun gaafii daa'immanii deebisu. Karaa birootiin ijoolleen akka balaarra hinbuuneef yoo qobaa laga bu'an jawween nama nyaataa jechuun akka ijoolleen saafaan laga bu'anii balaan irra hingeenye ittiin gorsu(Obboo Goonyii).

Fakkeenya 4.

*Noor Noor yaabiddeena* x 2
*Biddeenaaf waaqa saganna* x 2
Biddeen yaa warqii koo
Farsoo yaa nadhii koo
Biddeenaaf waaqa sagannaa.
Noor Noor yaa biddeenaa ………

Faayidaa afoolaa keessaa tokko aadaan gaariin akka cimee itti fufu jajjabeessuudha. Afoolaa armaan olii kanarraa waanti hubannu namoonni dalagaa oolanii yeroo gara manaatti deebi'anii erga nyaatanii dhuganii booda jalqaba biddeena faarsu. Kunimmoo kabaja isaan nyaataaf qaban agarsiisa. "noor noor yaabiddeenaa, biddeenaafi waaqa sagannaa." Yoojedhan waaqniifi biddeenni kan walitti dhiyaatan ta'uu hubanna. " kaleessa galgalaa, yaagalgaleessituu, anuu jira jettee nujajjabeessitu." kana jechuun gurmuun barbaachisaa ta'uu, gareen deemuun, gareen hojii hojjachuun aadaa gaarii ta'uu ibsu.

## 4.3. Sirnoota Itti Fayyadama Fardaa Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo Biratti kabajaman

### 4. 3. 1. Sirna Booyichaa Itti Fayyadama Fardaa Hawaasa Oromoo Aanaa Dawoo

Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo aadaafi safuu ittiin beekamu heddu qaba. Isaan keessaa tokko aadaa booyichaati. Namni gosti ykn lammiin yoojalaa du'e niboohuu, nigaddu sirnaan awwaalu. Duuti gosa lama qabdi jedhu manguddoon jiraataa ganda dheeraafi ilaansoo kan ta'an Obboo Ballaxaa Magarsaa. "Inni tokko du'a karaamalee dhufe yoota'u inni kanbiroo du'a karaan dhufteedha." Du'a karaamalee kan jedhamu du'a daa'immanii, dargaggeessaa /darggaggeettii/, kan ga'eessaa/ ga'eettii yoota'u. Kan

karaan dhufe immoo du’a Jaarsaa /jaartii /, gadamoojji / raagduufa’a. Kanarraa ka’uun jaarsi daawoo yeroo warra du’aa eebisu “*duuti kararraa sijalaa higorin du’a fokkiftuu sirraa haaqabu.”* jedhee eebbisa. Kanas yaata’u sanas du’a kamiifuu sirni awwaalchaa ni qopha’aa. Keessayyuu manguddoon dur seenaa hojjatan kan qabeenyaan beekamoo ta’an, kan dhugaan harka isaanii jiru yoodu’an dhiiraas yaata’uu dubartootaaf yeroo du’an sirni awwaalchaa sirriitti qopha’ee awwalamu. Qophii kanaafis hanga guyyaa lamaa ykn sadiitti tursiisuun nidanda’ama.

### *4.3.1. 1 Raawwii Sirna Awwaalchaa Duraa*

Guyyaa lubbuun keessaa baatee eegalee hanga guyyaa awwaalchaatti qophii cimaatu taasifama. Yeroo lubbuun keessaa baatuu ni boohama. Ollaan nibirmata. Erga ollaan boohee qabbaneeffatee booda walitti dhufamee guyyaan awwaalchaa minurta’aa. Waraqaan barraa’ee fira baddaafi gammoojjiitti niergama. Qophiin nyaataafi dhugaatii nieegala yoomanguddoo ta’e farsoon niqopha’aa; horiin qalmaa bitamee qalama. Warri firaa kan waraqaan qaqqabe walitti himatanii afoosha ajajatanii, meehaa fardaa fi farda kadhatanii qopa’uu

### *4.3.1.2 Raawwii guyyaa sirna awwaalchaa*

Guyyaa kan afooshaan nannoo nama du’ee bariin ka’ee dukkaana dhaabee teessoo walitti guuree nyataafi dhugatii bilcheessee qophii taasisa. Naanoo sa’aa shaniirraa eegalee bakka mijataa uummata seeraan keessummeessuu danda’utti duukana reenfi keesa taa’u mijeessa. Yeroo namoonni dhiyoo dhufuu eegalan saanduqa reenfa boohaa manaa baasanii bakka boochisaaf qopha’ee geessu. Sanaan booda firri akkuma fageenyaa mana isaatti walduraaduubaan Fardeen mi’a fardaa guutuun miidhaganii fe’amaniin boochisaa, dhaadachaa ,seenaa nama du’ee kaasee waljalaa qabee faarsaa dhufee asiifii achi foogaluun farda utaalchisuun eeboo mirmirsuun dhaadato/fokkoru/. Gareen hundi haala kanaan bakka booyichaa guun fardarraa bu’ee boohaa. Yeroo kana meeshaan aadaa fardaan walqabatu kan akka Gaachanaa, Eeboo ,Luufisaa, Dasheen Siiqqeen, Alangaanfi kkf akka argaman daawwannaa dirree booyichaarratti argamuun qorataan viidiyoon waraabuun raga fudhaterraa mirkanaa’era. Gama biraatiin Afoolli oromoo sirna awwaalchaa kanarratti mul’atan kan akka `hoofaan,hoofaan` kan jedhu fa’a. walumaagalatti raawwiin yeroo boochisaa haala kanaan erga firri hundi gaaraa dakaa walga’uun mirkanaa’ee keessayyuu ilmoon dirqama argamuu qabu. Karaa gubbaattis yoo

bakki mijataa ta’e hiriyoonniifi firri dhihoon dhaadachaa deemu. Akkas jedhu `ebeluu gaafa rakkoo, yoodhiira ta’e dirree inni irratti farda gulufiin beekamaa ta’e maqaawaamuun gooftaa gaafa dandii ,gaafa dirree jabduu, gaafa goodaa warxuu, ….`jechuun faarsu. Yoo kan duute dubartii taate haayyoo qorobee bareedaa, haadha loonii, haayyoo gaafa beelaa qoonqoon biyyee nyaatte, haayyoo gaafa rakkoo …`jechuun ogummaafi amala isaanii yeroo durii hojjatan kaasuun faarsaa hoofanii dhiitaa gara awwaalchaatti geessu. Sirni awwaalchaa niraawwata.





*Suuraa 10ffaa, Fakkiiwwaan yeroo namni du’e dhaadatan agarsiisan kan qorataan kaase.*

Afoolli yeroo booyichaa namoonni gareen jedhan`oofaan` jedhama. Akka fakkeenyaatti:

| *Garee (nama) baasuu* | *Garee jalaaqabu* |
|---|---|
| *Oofaan ,oofaan …* | *Oofaan oofaan* |
| *Abbaa loonii…* | *oofaan oofaan* |
| *Abbaa fardaa …* | *oofaan oofaan* |
| *Abbaa dhugaa …* | *oofaan oofaan* |

*Abbaan seeraa du’ee, seerri badee, maaltu walgaafataa? ….*

Afoola kanarraa waniti hubatamu namni du’e kun hawaasa keesatii nama bakka gaarii qabu, kan seera, eeguu, kan dhugaa dubbatu, kan qabeenyaa isaa rakkatanii itti fayyadamu ta’uu ittiin ibsu. Yeroo faaruu kana faarfatan goongoo uumanii, meeshaa ulfoo kanneen akka gaachanaa, eeboo, daabeefi kkf qabatanii faarfatu. Sababbiin isaa namni du’e kun yeroo lubbuun jiru goota, abbaa fardaa, beekamaafi jaalatamaa ta’uu isaa ibsuuf.

### 4.3.1 .3 Raawwii Sirna Awwaalchaa Booda

Ergaa sirni awwaalchaa geggeeffamee booda firri mana amantaa awwaalchi keessatti raawwate fuunduratti walga’a. Firri aanteen namni jalaa du’e fira eebbisa. Akkas jedhu

“firri nagaa him’u, firri nagaa him’u kan akkanaa keessa hintaa’inaa chidhaafi mootummaa keessa taa’aa namni dhalatee lafa gahee du’aaf lafa hinhanqatu.” jedhu. Yoo dhiira ta’e mirga himu, yoodubartii teete misa himu. Waan hafe yoojiraate firri waayee nama du’ee sirriitti beekuu irratti dabala. Itti aansuun manguddoon dabaree dabareen waaqa waamanii firri gaaraa dakaa baatan nagaan mana keessan nagaan gala. Warraaf sarbii kennaa ana ijarraa nahambisa jechuun eebbisu. Dhumarrattis firoottan gara mana warra du’aatti deebi’uun nyaataafi dhugaatii qophaa’ee nyaatanii dhuganii `waaqayyo nabsii haamaru` jechuun gara mana ofiitti galu.

Walumaa galatti duudhaan Oromoon geggeessu kamuu dhuudhaa mataa isaa kan qabu ta’uu isaa haala raawwii sirnicha kanaarraa hubatameera . Karaa birootiin gosoonnii fookloorii hundi isaanii sirna kana keessaatti argamuu isaa qorataan yeroo bakka booyichaatti argamee ragaa funaannateen mirkaneeffateera. Gaafiifi deebiin manguddoo booyicharratti argaman waliin taasifameen waanuma armaan olitti ibsame mirkaneeffatera ( Obboo Mul’ataa Abbashuu).

### 4.3 .2 Kabaja Ayyaana Masqalaa

“Masqala Mootii Ayyaanaa”, “Masqalliifi Galgalli Waahibndhabuu” Jedha. Oromoon yeroo mammaakau. Akka hawaasa Oromoo Aanaa Daawoottiis masqalli ayyaana beekamaafi isa jalqaba bara haaraa kabajamuudha. Ayyaanni Masqalaa kan kabajamu baatii Fulbaanaa gaafa guyyaa 16fi 17 ti.

#### *4.3. 2.1 Qophii Kabaja Sirna Ayyaana Masqalaatiif Godhamu*

Masqalliifi horiin hidhata guddaa qabu. Kanaaf qophiin dursaa horiif kaloo (marga dheedichaa) qopheessuurraa eegalama. Fardaafis siddifni qophaatti kaleeffama. Horiin maalaa siddisa hindheedan. Sababbiin horiin maalaa yeroo marga dheedan waan sirriitti otuu hin bulleessiin jiraa liqimsaniif raammoon adda addaa garaa keessa seenee bokoksuu (ajjeessuu) waan danda’uuf marga siddisa qabuu horii maalaa hindheechisan. Fardeen garuu yeroo marga dheedaan waan sirriitti bulleessaniif rakkoo hinqabuu jedhu (Obboo Sirneessaa Tuujjoo). Qophiin biro horii qalmaaf ta’u qopheessuudha. Namoonnii naannoo tokko jiraatan warri dhiiraa qarshii jala jalaa walbira kaawwachuun horii qircaaf ta’u bitatu. Masqalli kan ittiin beekamu keessaa tokko kochee nyaachuun waanta’eefiidha. Warri dubartiimmoo dhadhaa kocheetti naqamu qopheeffatu.

Gaafa hagayya guyyaa 12 muka dhaabaatu dhaabbata. Muka dhaabaan manguddoota naannoo keessaa angafatu( abbaa Gadaa) tu mukoota qaqalloo mataarraa baala qaban baay'inni isaa shan ta'e bakka gubaan itti geggeeffamu (mijjirii) walakkaa dhaabee walitti hidha. Hiikni isaa muka dhaabaan dhaabbannaan ganni hinjiruu jedhamee waan yaadamuufi jedhu manguddoon. Gaafa fulbaana 14 ibidda ijoolleeti jedhama. Gaafa kana ijoolleen ollaata'an bakka tokkotti daammaraa ( Oommaraa) dhaabbatu. Galgala erga horiin galanii ibsaa qabsiifatanii walitti dhufanii gubu.

Gaafa fulbaana 15 "carqoos masqalaa (ayyaana kochee)" jedhamee beekama. Manguddoon walitti yaa'ee waaqa kadhata. Gaafa kana horiin masqalaaf bitame kan gaafti fayyaa, bifti isaa daalacha, diimaa ykn burree ta'uu qaba. Hiikni isaa ganna dukkanarraa gara birraatti bahuu ( ifatti deemuu) agarsiisa jedhama. Horiin qircaaf bitamu kun gurri, ijji, gaafti, eegeen fayyaa ta'uu qabaa; yeroo qalamus gara mirgaatti kuffisanii qaluu jedhu (manguddoo Obboo Goonyii Alaqoo). Sababbiin isaa milkiitu edatama "Baajii qofa gara kuftetti qalu."jedha Oromoon yeroo mammaaku. Kun maaliif akka ta'ee qorataan gaafannaan dagaagaan mirgatti kufee qalamuun mirga galuu, birraan quufa ta'uu agarsiisa jedhu. Qirci sun erga qoqqoodamee gara manaatti galee hojiin kan dubartootaa ta'a. kocheen kochifamee, waciititti cuuphanni qophaa'ee itti makamee, nyaanni qophaa'e dhiyaatee, farsoon dhiyaatee, ollaan walwaamee nyaatee; dhuga. Guyyaa gaafa carqoos masqalaa namoota qofaa miti kan quufee oolu. Horiinis kaloo kaleeffamee qophaa'eetti gadilakkifamu. Fardeen siddisatti hidhamti. Jabbileen horii wajjiin kaloo keessa burraaqxi.

Afoolli Oromoo kana ibsu sirbi akkas jedha.

Hoo yaabirraa, birraan bari'ee
Masqalli quufan seenee Hoo yaabirraa
Masqalli waggumaa Hoo yaabirraa
Hamma gubanitti Hoo yaabirraa
Adunyaan kanumaa Hoo yaabirraa
Amma du'anitti Hoo yaabirraa
Hoo yaabirraa, birraan bari'ee
Masqalli quufan seenee Jechuudhaan sirbama( Obboo Goonyaa Alaqoo).

Akkuma faaruu armaan oliirraa hubachuun yaalamu ergaan inni dabarsu ganni yeroo roobaa, bacaqiisun nagaan nurraa raawwatee masqalli birraa nuufidee dhufee, masqalli ayyaana quufaan dhufee jedhanii masqala faarsu. Fkn. `masqalli waggumaa, hanga gubanitti; addunyaan kanumaa, hanga du'anittii.` yoo jedhummoo masqalli addunyaa haaraa fidee dhufuu ittiin ibsachuuf ittiin gargaaramu.



*Suura 11ffaa, Fakkii  Horii Qircha Masqalaatiif Bitaman agarsiis*



*Suuraa 12ffaa, Fakkii Ayyaana Masqalaa Gaafa Carqoos Masqalaa yeroo Qirca Qircatan*

#### *4.3.2.2 Raawwii Guyyaa Ayyaana Masqalaa*

Gaafa Fulbaana 16 waaree booda namoolli olla tokkoo iddoo tokkotti gubaa guban dame mukaa muranii fidanii bakka mukadhaabaan dhaabbatetti oommaraa oomarru. Mana mana ofiitti xaboora ykn ibsaa masqalaa nihidhatu. Dubartootaaf jabaatu hidhamaafi. Galgala erga horiin hundi galanii maatiin walgahee ibsaan baha. Jalqaba haadha manaatu jabaa qabsiifatee alatti baasa. Abbaan manaa erga qabsiifatee booda ijoolleen qabsiifatu. Goroggor ,goroggor, hamaan kana hinargini, tolaan kana hindhabin waaqa waggaan nugeessee ibsaa saddeetaa nu agarsiifte galanni sihaagahu jechaa gara mijjirii deemu. Bakka daamaraan dhaabbate erga gahaniin booda waleegu. Angafatu dursee qabsiisa. Goroggor, goroggor, hamaan kana hinargini, tolaan kana hindhabin waaqa waggaan nugeessee ibsaa saddeetaa nu agarsiifte galanni sihaagahu. Mortuu waraanii, hattuu waraanii sobduu waraanii jechaa itti naanna'anii karaa mirgaa qabsiisu.

Yeroo daamaraan boba'u hiikni itti kennamu nijira.

- Yeroon gubaa dukkana ykn Addeessi hinjiru yoota'e barri kun hattuuf nitolaa jedhu. Yeroo addeessi jiru yoota'e hattuuf hintoluu, niqabamti jedhu.
- Ibiddi yeroo boba'u arrabni ibiddaa diimaa yoota'e barri kun quufaa , birraan jiraa midhaan nitolaa horiin marga sirriitti waan argataniif nigabbatuu; yoo arrabni ibiddaa addaate immoo birraan hinjiruu barri dhufu kun beelaa, birraan hin jiruu, ongeen nidheerataa jedhu.
- Dhumarratti daamaraan yeroo jigu yoo gara mirgaatti kufe milkiin gaariidhaa; yoo gara bitaatti kufe faroon gaarii akka hintaaneetti hiika itti kennu.

Dhumarratti eebbatu ittifufa kan jalqaba eebbisu angafa ykn abbaa Gadaati. " Baga ganna nagaan baatanii waan hortanii sa'aa maatiin ibsaa saddeetaa argitani saddeenni diroo dirooyyi isiniif yaanna'u." jedhu. Warri kaaniis haaluma kanaan jalaaqabanii deebisanii jedhuun kun hanga nama shaniitti dabaree dabareen jedhu. Dhumarratti waaqa kandhatanii barri akka bara quufaa, bara milkii gaarii, bara nageenyaa, waqayyoon

tokkichi maqaan dhibbaa gurraachi garaan garbaa akka isaaniif taasisu waliif awwanii sirbaa gara manaatti deemu.

Warri manguddoo akkas jedhu:

*yaadaree koo kan daraaru baalaa* *Hoo birraa birraa*
*Abaaboon abaaboon daraaee* *Hoo Birraa Birra*
*Yaadaree koo kan xuuxu kanniisaa* *Hoo Birraa Birraa*

*Jechaa yoosirban warri dargaggeessaa immoo akka armaan gadiitti sirbu.*
*Hoo yaabirraa birraan bari'ee Farda biti yaagoota.*
*Hoo yaabirraa birraan bari'ee Farda binna yaajoolle.*

Sirbi kunis kan nutty agarsiisuu gammachuu uummanni ayyaana masqalaatiif qabu nitti mul'isa. Birraan daraaraa abaabootiin miidhagee dhufuu isaa sirbaan mirkaneessu. Kanniifni yeroo birraa abaaboo xuuxee damma kan dammeessuu ta'uu iraa hubanna. Karaa biraatiin bari'uu birraatti lubbu qabeessi hundi waan gammadu ta'uu nutty muli'isa. Kanaan booda warri dargaggeessaa ykn foolleen walqabatanii garee gareen walqoodanii gara foollee dhiituu deemu. Ijoollee xixiqqoofii warri mangudootaa gara mana isaaniitti galu. *(Daawwanaa gaafa guyyaa gubaa masqalaa qorataan taasifame).*

Gaafa guyyaa Fulbaana 17(gaafa Daara qabannaa) ergaa horii isaanii kalootti yaasanii bakka mijjiriitti walitti yaa'uu. Hoolaan qalmaaf qophaa'ee nidhiyaata. Farsoon Oromoo (dhibaayyuun ) niqopha'aa. Warri abbaa mijjirii (angafti) caariqii niqopheessa. Kanaan booda ergaa namoonni achitti gubani hundi isaanii walgahanii waaqa kadhatanii,galateeffatanii abdii gara fuuladuraatti irraa qabanis himatanii booda abbaan mijjirii hoolaa morma buusa. Hoolaan guyyaa kana qalamu korma bifti isaa daalaca, diimaa, adii, ykn burree ta'uu qaba. Hoolaa qalame kana achitti waadanii nyaatu, farsoo dhibaafatanii dhugu, nyaata jirus ninyaatu. Dhumarratti waaqni ganna nagaan nubaaftee booruu gannaa nu oofkalchite, booqaa birraafi awwaara bonaa nagaan nu oofkalchi jechuun waleebbisanii gara mana isaanitti deemu. Warri dargaggeessaa sangaa fardaa isaanii qabatanii Goda (urufa) deemuu. Yoo lafti qoore garee gareen walqoodanii farda gulufu. Maaliif yeroo kana akka gulufan yoo gaafataman akkas jedhu. Fardeen ganna margaafi siddisa ofitti guurtee garaan guddate akka garaa keessaa ofbaaftuufi. Akkasumas fardeen gara fuuladuraatti gugsiitti waan hirmaattuuf akka miila hiikkattuuf jedhu.



*Suuraa 13ffaa, Fakkii yeroo Daamaraan Masqalaa Boba'u agarsiisu*.

### 4.3. 2. 3 Raawwii Guyyaa Ayyaana Masqalaan Boodaa

Hanga torbee tokkootti horiin kaloo keessaa hin bahan, namoonniis dabaree dabareen walwaamanii wajjiin nyaachaa, ijoollee xixiqqoon daraaraa birraa (Adaa), warra gurguddaaf ollaarra deemanii nyaatu. Horii hora geessanii obaasuu. Fardeen teessumaa laga buusanii miiccu, kalootti hidhu, hokaa itti haamu. Torbani masqalaa gaafa guyyaa 23 abbootiin Gadaa bakka Adaabinnaa Raccee jedhamutti walgahanii eebba kennu. Yeroo eebbisan angafaafi quxisuun waledatu; waloofkalchu. Akkas jedhu:-

*Yaawaaq abeet,*
*waaqni tokkichi maqaa dhibbaa abeet,*
*Gurrachi garaan garbaa abet,*
*Waaqni tulluu wuumte abet,*
*Waaqni malkaa uumte abet*
*Waaqni dirree diriiraa uumte abet.*
*Booruu gannaa nu oofkalchitee galata,*
*Bacaqii gannaa nu oofkalchitee galata,*
*Akkuma booruu gannaa nu oofkalchite,*
*Booqaa birraa nu oofkalchi.*
*Awaara Bonaa nu oofkalchi.*
*Qotataan yaaquufu,*
*Tifkataan haa hour,*
*Daldalaan haabuusu.*
*Dhaltii haamirgisu,*
*Dorrobaan haadhalu.*
*Sangaan gateettii yaajabaatu,* ------

Eebba kanarraa wanti hubatamu hawaasni Oromoo yeroo birraan bari'e jiruufi jireenyaa haaraa akka waan eegaluutti lakkaa'aa. Kanaaf waaqa isaa galateeffata. Waaqni booruu gannaa nagaan nu oofkalchite booqaa birraa nagaan nu oofkalchi. Gara fuula duraattiis

jiruufi jireenyaa keenya nuuf mijeessi jechuun abdiirra kaawwatu. Jechuudhaan dabaree dabaree waljalaa fuudhanii hanga nama shaniitti kadhatu; galateeffatu; abdii itti kennatu. Dhumarratti hirreessa baatanii dhufan hirreeffatanii gara duubatti deebi'u. Walumaagalatti Ayyaana masqalaafi horiin masqalliifi Fardi walitti hidhamiinsa guddaa akka qaban manguddoon ni aanichaa ibsu.



*Suuraa 14[ffaa], Fakkii  Halkan Yeroo Foolleen Foollee Sirbitu Agarsiisu*.

### 4.3.3 Sirna Fuudhaafi Heerumaa

Hawaasa Oromoo biratti sirnoota Fardaan walqabatee geggeeffamu keessaa tokko sirna fuudhaafi Heeruma (cidha) akka ta'e manguddoon aanichaa ni dubbatu. Sirni kun akkumma siroota Oromoo kanneen biroo adeemsa duraa duubaa kan mataa isaa qaba. Qophii duraa, raawwii yeroo sirnaafi raawwii yeroo sirnaan boodaa akka qabu daawwannaa sirnoota fuudhaafi heerumaa adda addaa irratti taasifameefi gaafiifi deebii manguddoota wajjiin geggeeffamerraa hubatamera.

#### *4.3.3.1 Raawwii yeroo Qophii Sirna Fuudhaafi Heerumaa*

Aanaa Daawoo keessatti fuudhaafi heerumni haala garaagaraatiin gaggeeffama. Fuudhafi heeruma jaalalaan raawwatu, fuudhaafi heeruma kadhaan raawwatu, irradhaabafi kkf tu. Fuudhaafi hheumni haaluma kamiinuu yaarawwatu yoo sagantaan (sirni Cidhaa) qopha'ee akkaataan ittiin raawwatu waluma fakkaata. Qophii sirna duraa keessatti dursa kadhannaatu geggeeffama; erga maatiin mucayyoo kennanii booda guyyaa ga'illi raawwatutu murta'a. Guyyaan cidhaa erga murta'ee jiini tokko yeroo afu waan nyaataafi dhugaatif ta'u qophaa'uun eegala. Midhaan daaksisuu, Horii qalmaa bituu, Qopraan

Falaxuu, Xalayaa waamichaa firootaaf raabsuu, waayila kadhachuu, Dallaa ijaaruu, Daasii buusuufi kkf tu raawwata. Qophiin kun warra iltalaattiis ta'ee warra gurbaatti walfakkaata. Yeroo guyyaan cidhaa turban tokko hafu dhugaatiifi nyaataa qopheessun ni eegala. Gurbaaniifi miinjeen (waayilli) yeroon itti farda fuudhaa kadhatanis yeroodhuma qophii kana keessatti. Miinjeen gaangee misirroon yaabbattu kadhatee qopheessa. Kun warra mucayyoo hin ilaallatu. (*manguddoo keessaa Obboo Qaabataa Dhaabii)*



*Suuraa 15[ffaa], Fakkii yeroo qophii keessatti mi'a fardaa walitti qobatan*

### *4.3.3. 2 Raawwii Yeroo Sirnaa Fuudhaafi Heerumaa*

Guyyaan kun guyyaa gammachuuti. Qe'een warra cidhaa garlachuu ni urga'aa ollaan walitti yaa'ee sirba. Fardi misirroo nidhiama; mi'a fardaa guutuun fe'ama. Gurbaan mana miinjee Farda burraaqsisaa deemaa; nyaataafi dhugaatiin nidhiyaataa, miinjeen hundi fardeen mimmiidhagduu mi'aan fe'anii achitti walga'u. Manguddoon eebbisanii gurbaan miinjee fudhatee gara mana isaatti deebi'a. yeroo kana sirboonni adda addaa sirbamaa; gurbaafi miinjonni fardeen burraaqsisaa deemu. Warra gurbaatti nyaanniifi dhugaatiin dhiyaatee hiriyoonni gurbaa hamaamota warri deeman nyaata nyaatanii dhuganii, biddeena faarsanii, eebbaa abbaafi haati ollaan eebisanii geggeessu. Dardaggeessiifi shamarran nisirbu, gurbaa faarsuu.

Gurbaaniifi waayiloonni fardeen burraaqsisaa, hamaamonni sirba garaagaraa sirbaa gara warra mucayyootti adeemu. Warri mucayyoos haaluma walfakkaatuun hiriyoonniifi firoottaan walgahanii alatti gadi yaa'anii faarsuu, dargaggeessi nidhiichisa samarran mucayyoo faarsu. Fkn.Miinjee kee fardi yaabaatuu, dhirsakee rabbi haanyaatu….

Kanaan booda haamaamonni gara manaatti seenuuf haalli ni mijataa fardeen lakkaa'anii nama tokkotti kennu, karra teessuma kennanii gara manaatti olgaluu nyaanniifi dhugaatiin ni dhiyaata; nyaatanii dhuganii sirbu miinjeen intala fudhatee, haadhaa abbaafi firoottaan taa'anii marga fudhatu, uwwisaan niuwwifama, eebbi nikennama. Akkas jedhu "*haga qabadhaa keessi biqilaa sa'aa mana biqiilaa, keessi aannanii okoleefi aannan ta'aa, kuni dammaa akka dammaa walitti mi'aa kun margaa margaa namaa margaa sa'aa hin dhabinaa, raadaafi jibicha walitti horaa, karaa isin deemtan akaakayyuufi abaabayyuun haadeemu….horaa bulaa."* jedhanii eebbisu. Miinjotas waadaa galchisiisu. Akkas jedhu " *obboleettii kookana obboleettii koo ebeluun addaan hinbaasuu; yoon addaan baasee jechi waaqaa naa haaqaqqabu."* jechuun hanga nama sadii waadaa galchisiisanii biqila walhunachiisanii, nyaata dabaree afaan walka'anii waliif amanamu.

Kanaan booda misirroon nigeeffamti. Shamarran nifaarsu; "*manni kee eessaa beenu singaggeessaa. Jajjabaadhu homaa hintaatuu, minjee kee fardi haabaatu dhirsa kee rabbi haanyaatuu. "* jechuun dabaree dabaree walhakaa fuudhanii faarsu; jajjabeessu.

Mucayyoon erga karra baatee booda warri ollaa garee tokko ta'anii sirbu "*yaahamaamotee sigollobuufan, haahamaamotee sigollobuufan…"* yoojedhan warri gurbaa immoo fardeenitti yaa'anii akkas jedhu. "*huummoo bachoo yaawasarra, hammaa booddee walagarraa…"* jechuun sirbu. Mucayyoon akka manaa baateen Gaangeerra hinkaa'an yoo argamte farda dhalaa(qalaamaa) yaabbachiisu; yoo dhabame farda kormaa kan miinjee jalqabaa yaabbachiisanii booda gara gaangeetti dabarsu. Sababa isaa manguddoon yoo ibsan "*Gaangeen maseena waantaateef dursa horii maseena yaabachuu hinqabdu; milkiin gaarii miti."* Jedhu (Obboo Goonyii Halaqoo).

Kanaan booda hamaammonni sirbaa dhiichisaa gara mana warra gurbaatti deebi'a. Karaarratti akkas jechuun sirbu. " *hirroo hirreensa fardaa kaawwoon deebitehoo; hirroo hirreensa daalee kaawoon deebite hoo…."* jechaa sirbaa gara manaa deemu. Erga qe'ee ga'anii gurbaan Farda irraa bu'ee gara manaa seenee hoolaa qala. Hoolaan kun hoolaa `rakoo`jedhamti. Akka manguddoon qorataa kanatti himanitti "*Hoolaa rakoo qaluun ilmi guyyaa kanaa qabee gara abbaa manaatti ce'uu agarsiisa."* Jedhu (Obboo Goonyii). Intallis dhiiga hoolaa kanarraan tarkaanfattee gara manatti seenti. Yeroo kana shamarran

olla walitti yaatee gurbaa faarsu.” Yaa aabaaboo abaaboon lattee, yaagashuu koo nagumaan galtee; nagaan galtee baga hoofkalte…” jechuun dabaree dabareen walharkaa fuudhanii faarsu



Suuraa 16ffaa Fakkii yeroo misirroon manaa baatu agarsiisu



*Suuraa17ffaa, Fakkii Sirna Fuudhaafi Heerumaa yeroo raawwatu Argisiisu kan qorataan kaase.*

*Ibsa fakkii.17.1 yeroo intalli manaa baatu,17.2 yeroo fardarra kaa’an 17.3 amaammonni yeroo sirbu 17.4 yeroo gurbaan marga kennu, 17.5 yeroo intalli marga kennitu,17.6 yeroo waayilli udeellatee deemu.*

#### *4.3.3.3 Raawwii yeroo Sirnaan Boodaa*

Misirroon bakka erga qabatee booda adeemsa kooraa hiikuutu itti fufa. Obboleettii gurbaa ishee quxisuu yoo dhabamte hangafas ta'uu danda'aa ykn nama dhalootaan obboleetti ta'uu danda'utu Farda gurbaa luugama (birmaduu) afaanii fuutee garbuu laatteefii hirma furti. Akkaa aadaatti kooraa hiiktuuf qarshiin gurbaadhaan nikaffalama. Kanaan booda hamaammonni bakka bakka qabatee sirba, ni geerrara, shamarreen misirroo faarsiti. *(Cidha Hayiluu Urgeessaa,Dajanee Guddisaa,Milkeessaa Daandanaa).*

Walumaa galatti hawaasa oromoo aanaa daawoo biratti aadaan fuudhaafi heerumaa haala armaan oliitiin fardatti dhimma bahee akka geggeeffamu daawwannaa dirreefi gaafiifi deebii manguddootaafio namoota cidha geggeessaan waliin taasifame irraa hubachuun mirkana'eera.



*Suuraa 18ffaa, Fakkii misirroon erga mana gurbaatti galtee miinjoonni yeroo haasofsiisan*

### 4.3.8 Raawwii Sirna Gumaa Baasuu

Jiruufi jireenyaa hawaasaa keessatti namoonni haala adda addaatiin walitti bu'uu danda'u. walitti bu'iinsi kun harka walcabsuu, mataa walburuksuu, Ilkaan walcabsuufi kkf bira darbee hanga lubbuu walajjeechaatti deemuu nidanda'a. Haata'u malee aseera Gadaa Oromootti namni beekaas ta'ee otuu hin beekiin harki isaa darbe (harkisaa xuraa'ee) Gumaa baasa. Namni tokko dhoksaanillee yoo nama ajjeesse gumaan hinafu. Nama lammii gumaa nyaatu hinqabnellee yoota'e namni harki xuraaye sun hindhofkatu. Warra abbaa Faajjiitti baqatee harkatu naxureeyee cubbuu narraa baasaa jedhee himata (Dirribii, 2012:271). Gumaan namaa yoo nama dhokate waaqa hindhokatu. Akka

mammaaksi Oromoo “Saala lafa hidhoksan, dhugaa waaqa hindhoksan.” jedhutti. Karaa sirriis yaata’uu karaasirrii hintaaneenis gumaan namaa hinafu. Garuu gatiin gumaa walcaala. Inni hattuu mooraa isaatti, sagaagaltuu mana ofiitti ajjeessefi tas lubbuu baase itti yaadee ajjeesse gumaan walqixa miti jedhu. Obboo Lamuu Bakkalchaa yeroo dhimma Gumaa Baasuu marii Paanaalii gumii Abbootii Gadaatiif ibsan (waxabajjii 7-8/2009).

#### *4.3.8.1 Raawwii Yeroo Gumaa Baasuu Duraa*

Guyyaa duuti galee eegalee hojiin sagadaa nieegala. Bakka olka’aa sagaleen dhaga’muun danda’amutti bahanii sagadu. Kan sagadarratti argamu Abbootii Gadaa shan, Beera cifiree shan, Durba qarree shan, Qeerroo Sarbaa shan, Tumtuu(Ogeessa Sibiilaa), yoota’u waantonni ooda baasuuf sagada gumaarratti argaman, Sangaa Fardaa luugamaan kooraa malee, Sangaa loonii Korma looniitti camadame afaan hidhame, meeshaaleen aadaa kanneen akka Eebooshan, Kallacha, Bokkuu, Caaccuu, Callee, qabatii sagada eegalu. Hanga guyyaa sagaliitti gara mana warra du’eetti dhiyaachaa deemu. Gaafa guyyaa salgaffaa yoo fedhii araaraa qabaatan “koottaa ooda nurraa baasaa” jedhanii gaafatu. Warri sagadamus lukoo ykn aantee itt erganii ooda irraafuudhu. Farda luugama afaanii fuudhanii garbuu laatuuf, qotiyyoo qambara irraa fuudhanii hidhaa afaanirraa hiikanii hokaa laatuuf ,eeboo olqaramee dhaabbatu niciibsu. Haala kanaan araaraaf fedhii qabaachuu isaanii agarsiisuu *(Obboo Lamuu Bakkalchaa ,waxabajjii 7-8 /2009).*

Kun erga ta’ee booda abbootiin Gadaa waaqa kadhatanii dhorkaa baasuu. Akka burqaa tokko ,Obaa loonii tokko, gabaa tokko akka hinfayyadamne tumanii guyyaa haraaraa qabatanii ka’u.

#### *4.3.8.2 Guyyaa Sirna Gumaa Baasuu (Guyyaa Araaraa)*

Araarri gumaa kan raawwattu bakka laga gannaafi bona bishaan qabuutti. Bakka kanatti dursa namoonni warri nama ajjeesseefi warri namni jalaa du’e laga gamaafi gamanatti walgahu. Abbootiin Gadaa garee lamaanuu walgahanii waaqa kadhatu, waaqa galateeffatu. Sanaan booda afaaniin waaqa kadhachaa harkaan lafa qabatanii arfaniin deemaa hiddii heddu lafarra hoofaa marga coqorsaa wajjiin lagatti gatu. Kun gumaa waaqaaf kennamuu jedhu. Dursa safuu cabeef waaqa araarfachuutu dirqama. Bakka waaqaa bu’ee kan gumaa fudhatu bishaanii jedhameeti yaadama. Kanaan booda Otuu gosti lamaan walhinargin akkuma golgaan gidduu jirutti Hoolaa Kuphaa(hoolaa allaattii)

kan jedhan garaachaafi gadameessa ishee tarsaasanii garaacha hoolaa keessatti namichi nama ajjeesseefi aanteen nama du’ee ijaan otuu walhiargin harka walqabatu.

Namichi nama ajjeesse sun yeroo jalqabaatiif erga nama ajjeessee asii garaacha hoolaa keessatti harka namaa qabata. Hoolaa kuphaa sana achumatti gatu. Nama harki isaa xuraaye sana horaafi baala hulmaayeetiin qaama isaa dhiqanii, mataa isaa dhakaa baalcuutiin irraa aadanii huccuu isaa kan gaafa gumaan itti gale uffateen wajjiin boolla qotanii awwaalu. Uccuu haaraa itti uwwisanii dursa gosa isaatti maku itti aansee gosa gara lachuurraa omaa hinqabnetti maku dhumarratti gosa warra namni jalaa du’eetti maku.

Yeroo kana namoonni achitti argaman hundi isaanii waaqa kadhatu,nigalteeffatu. Guulli koottu. Akka ati dhufte nageenyi yaadhufu. Anis dhufe jechuun gatii gumaa ibsa. Tumaa tuma. Gatiin gumaa lubbuu namaa dur loon 80 ture. Yeroo ammaa akka ajeechaa ilaalamee murta’aa hanga qarshii kuma 30-kuma 60 tti murta’aa jedhu abbootiin Gadaa ibsa kan kennan. Horiin gumaaf kennamu kan abbaa gumaan itti galee ta’uu hin qabu. Namichi harki isaa xuraayee harka isaatti cancala ofooni ofitti kaa’ee gabaa sagal deemee kadhachuu qaba. Yoo kun hintaanee gumaan bahuu hin danda’u. Sababbiin isaa abbaan qabeenyaa qabeenyaa isaa abdatee akka lubbuu namaa hin balleessineef. Yeroo kadhatu gaabbiin gocha isaa akka itti dhagahamu (Obboo Dibaabaa Bareechaa, Obboo Lamuu Bakkalchaa Obboo Goonyii Alaqoo Ibsa Gumii abbootii Gadaarratti kennan).





29.1 nama gumaa kadhatu, 29.2 marii gumii abbootii gadaa, 29.3 hirmaattota.

*Suuraa 19[faa], Fakkii Nama gumaan itti galee harka isaatti cancala godhatee kadhatu,Marii gumii Abbootii Gadaa Garee maccaafi Tuulamaafi hirmaattoota mariirratti argaman agarsiisuu.*

### *4.3. 8.3 Raawwii Sirna Gumaa Baasuu( Guyyaa Araaraa Booda)*

Ergaa sirni gumaa baasuu raawwatee boodaa sirna araaraatu itti fufa. Jalqaba mana warra namni jalaa du'eetti kormi araaraa niqalama. Gosti lamaanuu achitti argamanii waaqa kadhatamnii waliin nyaatu. Dammaafi Aannan qophaa'ee waliin dhugu. Biqila harka waliirraa dhamdhamu. Sanaan booda gosti lamaanuu lammata du'aaf walhinbarbaannuu jechuudhaan waadaa waliif galu. Abootiin Gadaafi Jaarsoliin biyyaa dabaree dabaree waaqa waamuun waaqa araara fideef galateeffatu. Nama waadaa kana cabse niwareegu, nimagamu, tumaa tumu. Akka abbootiin Gadaa ibsa kennanitti namni harki isaa xuraayee yoo gumaa baasees Abbaa Gadaa hin ta'u; Bokkuufi Kallacha hinqabatu. Kun Safuudha; qoqqobbii umurii guutuuf irratti gatamuudha *(Obboo Dibaabaa Bareechaa, Obboo Lamuu Bakkalchaa Obboo Goonyii Alaqoo Ibsa Gumii abbootii Gadaarratti kennan).*

Walumaa galatti sirna kanarraa bu'aan argamu karaa nagaan waldhabdee uummata jidduutti uumame hiikuu yoota'u mataduree kanaan wajjiin waanti walqabatuun hawaasni Oromoo kabajaafi ulfina inni fardaafi horii maalaatiif qabu agarsiisuuf. Akkasumas sirnoota dhimma ijoo lubbuu namaatiin walqabatu kana keessatti horiin bakka guddaa qabaachuun hubatame.

### 4.4 Moggaasa Maqaa Fardaa Hawaasa Aaana Daawoo biratti

Hawaasa Oromoo biraatti maqaan bakka guddaafi hiika qaba. Kanarraa ka'ee Oromoon waan qabu maraaf maqaa baasa. Fardaafi Horii Maalaafiis maqaa nikenna. Maqaan fardaas ta'ee kan horii yeroo mogga'u sababa qaba jedhu manguddoon odeeffannoo kennana. Akkuma armaan olitti ibsame Fardaaf maqaan nimogga'a. kana ilaalchisee kidaanuun yeroo ibsu, moggaafni maqaa fardaa akkuma kan maqaa loonii sababoota garaagaraarratti hunda'ee mogga'aa jedha (Kidaanuu, 2016:69). Yaaduma kana kan cimsu jaarsi yaabbii Fardaatiin beekamaa ta'e Obboo Naggaa Indaalaa (Abbaan Joobir) akka ibsa laatetti "Fardaaf maqaan kan kennamu irra caalaa bifaafi gocha isaarratti hunda'eeti."jechuun ibsa.

Fakkeenyaaf Farda bifti Gurraacha ta'een `Shaanqoo`, diimaan `Daamaa`, adiin `Daalee`,Boora gama adii ta'ee miilli arfan muxaafi addi isaa booqaan `Boora ja'ii`, kan eegeen adii ta'ee miilli arfan muxaafi addi isaa booqaa, garri biro diimaa ykn gurraacha tu'uu danda'a. `Bolloo ja'ii`, Kan gamin gurraacha ta'ee eegeen muxaa hin taane, qaamni

biro garuu yoo boora ta’e `Boora Boorana`Farda Bifa Burree qabuun `Soqee` ,…ta’uu ibsu (Obboo Naggaa). Kanumarraa ka’uun namoonni nama ilmoo qabu maqaa ilmoo dhiisanii maqaa farda inni yeroo baayyee yaabbachuun ittiin beekamuun waamu. Fakkeenyaaf jedhu Obboo Naggaan “Ani ijoollee baayyeen qaba garuu namoonni maqaa ijoollee kootiin otuu hin ta’in maqaa fardaa ani yeroo dheeraaf yaabbadhe `Joobir` kan jedhamuun `Abbaa Joobir`jedhanii ittiin nawaamu.” Jechuun fakkeenya fudachuun qorataa kanatti ibsan.

Hawaasni Oromoo farda haala umuriirratti hunda’ee yeroo sadarkaan kaa’u ni mula’ta. Fkn. Fardi tokko yeroo reefu dhalattu `ilmoo fardaa`jedhee waama. Yeroo kana saala lamaanuu maquma tokkoon waama. Erga jabatee harma guutee ishee dhaltuu `goromsa fardaa` yoojedhu isa kormaan `cidhoo` jechuun waama. Hanga ilkaan cabsanitti `bonbaatuu`erga ilkaan cabsaniimmoo `lammacha`jedhu. Fardi dhaltuun yoo ariite `lagdatte` kormaan immoo `alaake` jedhu. Naannoo umurii waggaa afurii yoogahan ilkaan isaanii ilaaluun yoo ilkaan fuunduraa arfan cabsanii haaraa biqilchan `arfacha` jedhamu. Yeroo kana cidhoon kan leenjifamu. Goromsi fardaas leenjifamtee faayidaa yaabbiif ooluu nidandeessi. Yoo leenjisuun afe garuu `gadabii` taatee hafti. Gadabii jechuun farda dhalaa dhaluu malee tajaajila akka yaabbii, midhaan dhahaaf, fedhiisaaf hin tajaajille jechuudha. Fardi kormaan ilkaan ilaalamee yoo moggee qixxeesse `nikolaafama`. Kolaafamuun cidhoo irraa gara fardaatti jijjiirame jechuudha. Kanaan booda akkaataa ogummaafi dandeettii inni qabuutti maqaan kennamaaf. Yookan baayyee kaatu ykn goodaa kutu ta’efi utaalu ta’e moggaasa `sangaa fardaa` jedhamtu kennamaaf. Sangaa fardaan farda garmaamsaa, gaafa fuudhaa mushurraan yaabbatufi gaafa awwaalchaa ittiin boochisaniidha *(Obboo Naggaa Indaalaa)*. Fardi ogummaa armaan olii kan hinqabne `baataa` jedhama. Kana guyyaa hundaa imaltuu ittiin deemu, midhaaniin dhahu, gaarii harkisa. Fardi dhalaan yooleenjifamee garaan dhalee fe’isaafi yaabbiifis tajaajile `qalaamaa` jedhanii moggaasu. Yooleenjifamuu baatee garaan dhaluu qofa ta’e immoo `gadabii` jedhama *(Obboo Qaabataa)*.

Walumaagalatti Hawaasni Oromoo beekumsa mataa isaa fayyadamee qabeenyaa qabu umuriifi dalagaa isaatiin addaan baasee sirnaan akka itti tajaajilamu odeeffannoo

manguddoota aanichaa irraa argadheen hubatame. Kun falaasama guddaafi beekumsa cimaa ta’uu raga guddaadha.



20.1 fakkii sangaa fardaa 20.2 fakkii ilmoolee fardaa, 20.4 fakkii cidhoofi goromsa

*Suuraa 20[ffaa], Fakkii Gosoota Fardaa Umuriin Agarsiisu*



21.1 farda fuudhaafi heerumaa, 21.2 farda baataa 21.3 farda gaarii

*Suuraa 21, Fakkii Gosa Fardaa Gama Tajaajilaatiin agarsiisu kan qorataan kaase.*

## 4.5 Hiikaa Fakkoomii Fookloorii Itti Fayyadama Fardaa Hawaasa Aanaa Daawoo

Fakkoomiin amalli isaa inni guddaan bakka bu’uudha. Wanti qabatamaan tokko bakkan ykn gochaan bakka wanta biraa bu’uun waa’ee bakka bu’ee sanaa olguddisee mul’isa.

Fkn. Mammaaksa Hawaasa Oromoo armaan gadii yoo fudhanne

Namoota haangootti dhufanii uummata dararuu barbaadaniin akkas jedhu “ yeroo riqaan olbaatuu ofeegannoon irra ijjadhu; yeroo deebitee buutuus isumarra ijjattee buuta waan ta’eef yoo sijalaa fuudhan waan irra dhaabbattee buutu hin qabduuti.”

Kanarraa kan hubannu namni tokko yeroo haanggooti bahe yoomana miidhee gaafa haangoo gaddhiise hawaasuma sana keessa jiraata waanta’eef ofeegannoo gochuu qaba jechuudha.

Hawaasni ilaalcha isaa waanittiin bakka buufatu qaba. Jiruufi jireenyaa isaa keessatti muuxannoo gabbifate irraa ka'ee ta'iiwwaan irradeddeebiin raawwatan akeekkachuun hiika mataa isaa itti kenna. Waantota balaageessisan nilagata (irraa ofittisa) kanneen milkii gaarii ta'an akkaataa barame sanaan raawwata yoo irraa gorame niakeekkachiisa.

Fkn. Waantotaa hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo biratti hiika qaban akka manguddoon aanichaa ibsanitti  akka armaan gadiitti xiinxaleera.

Oromoon haalluu gurraachaaf hiika kenna. Waaqni gurraachaa jedhee amana. "Gurraacha garaa garbaa, tokkicha maqaan dhibbaa."jechuun mirkaneessa.Hawaasa Oromoo biratti masqalli kan baatii birraa keessa kabajamuuf hiika mataa isaa qaba. Dukkana gannaa keessaa gara ifa birratti bahuu ibsuuf ibsaa qabsiisee kabaja. Akkas jedhee eebbisa. " ---baga ganna nagaan baatanii waan hortanii horattaniin wajjiin booqaa birraa argitan--." Jechuun ganni baayyee rakkisaa ta'uu ibsa.

Yeroo daamaraan gubatu arraba ibiddaa ilaaluun jaarsoliin hiika itti kennan qabu. Yoo arrabni ibiddaa adii ta'e barri dhufu bara beelaafi waraanatii jedham. Yoo arrabni ibiddaa diimaa ta'e barri ittiaanuu bara quufaa, bara nageenyaati. Yronn gubaa yoo addeessa ta'e hattuuniifi mortuun dhokattee hinbaatuu. Garuu yoo dukkana ta'e immoo hattuunfi mortuun hinqabamtu. Dursaatii ofeeggannoo taasisaa waliin jedhu.

Hawaasni Ormoo yeroo namni waldhabe jaarsummaan araarsa. Kana bira darbee yeroo lubbuun namaa nama harkatti miidhamellee jaarsummaan sagadee walitti araarsa. Kun gumaa baasisuu jedhama. Yeroo kana waantonni hiika qaban jiru. Fardi niluugamama, dhaltiin qotiyyoon walitti camadamtee afaan hidhamtee dhaabbatti. Jaarsi (abbootiin Gadaa miilarraa kophee baafatanii miila duwwaa dhaabbatu. Kun hundi ooda waan ta'eef namoonni sagadaman kana bira hindarbani jedhamee yaadama. Yeroo gara araaratti dhufanimmoo dullacha qalanii golgaa qopheessanii otuu ijaan walhinargin harka namicha ajjeesseefi kan warra mnani jalaa du'ee garaacha keessatti walqabachiisu. Kun hiikni isaa isin lamaanuu ilmaan haadha tokkooti. Oromoon marti bakka tokkoo bahe. Isa jedhu waanqabuuf ammas akka haadhootti walilaala.

Akka aadaa Oromootti gatiin gumaa kan kaffalamu qabeenyaa abbaa nama ajjeessee miti. Namni harki isaadarbe sun harkatti cancala kaawwatee gabaa sagal deemee kadhata. Kan

hanqate lammiitu itti guuta. Hiikni isaa gatiin lubbuu namaa akka salphaatti kan abbaan qabeenyaa tokko qabeenyaa isaa abdatee kan nama ajjeesuu ta'uu hinqabu. Oromoon yeroo horii qalu gara mirgaatti kuffisee qala. Yoobitaatti kuffise milkiin hintoluu jedhee amana. Kanaaf akkas jechuun mammaaka "Baajii qofa gara kuftetti qalu malee dagaagaa mirgatti kuffisanii qalu." Jedhchuun yaada kana dhugoomsu

Gabatee 4 Xiinxala Haala Hiikaa Fakkoomii Fookloorii Itti Fayyadama Fardaan Walqabatu

| T/Lk | Fakkoomii | Waan bakka bu'u | Hiikaa fakkoomii |
|---|---|---|---|
| 1 | Gaafa gubaa arrabini ibiddaa addaachuu | Haalluu Adii | Barri itti aanee dhufu kan bonni dheeratu ta'uu |
| 2 | Gaafa gubaa arrabini ibiddaa diimachuu | Haalluu diimaa | Barri itti aanee dhufu quufa ta'uu, birraan kan jiru ta'uu ibsa. |
| 3 | Gubaan yeroo Addeessi jiru yoota'e | Ifa, adii | Hattuufi mortuun dhokachuu hindandeessu, niqabamti. Gaarii dha. |
| 4 | Gubaan yeroo Addeessi hinjirre yoota'e | dukkana | Hattuufi mortuun dhokachuu nidandeessi, hinqabamtu. Gaarii miti. |
| 5 | Yeroo araaraa dullacha qaluu | Umurii | Wanti umuriin deeme araara keessatti bakka guddaa qaba. |
| 6 | Yeroo gumaa baasan gabaa sagali naanna'ee kadhata. | Sagal =lakkoofa | Lakkoofsi sagan ijoolleen booranaa sagal waan ta'aniif gahee hundaa ibsa. |
| | | Gabaa = namaa | Namni baay'een akka ilaaluuf Ijji baay'een akka ilaaluuf |
| 7 | Namni gumaa baasuu harka issarratti cancala hidhata. | Cancalli=yakka maa | Mallattoo gumaan itti galuu ibsa. Gumaa baasuuf sagadee kadhacuu |
| 8 | Golga qopheessanii jalaan harka walqabachuu | Ija wallaguu | Otuu ijaan walhiarginni harka walqbachiisuun araarsuu |
| 9 | Masqalaaf ibsaa ibsuu | Birraan bari'uu | Ganna dukkanarraa gara birraa (ifatti bahuu agarssiisa. |
| 10 | Garaacha keesatti harka walqabachuu | Dhaloonni Oromoo tokko | Ilmaan Oromoo ilmaan haadha tokkoo waldhaban deebi'anii araaramuu qabu. |
| 11 | Yeroo misirroon manaa baatu gaangee hinyaabbachiisaan | Gaangeen hindhaltu | Yoo misirroon jalqaba gaangee yaabbatte ilmoo malee hafuu dandeessi jedhama. |
| 12 | Gurbaan fuudhee galee hoolaa qala. | Abbaa warrummaa | Gaafa ofdanda'ee hoolaa qalee qabee abbaawrrummaa mirkaneesse; ce'umsa jiruti. |
| 13 | Kuma gatanii garaacha uffacuu; kila lixuu, raada gatuu | Durummaa beeksisuu | Fooliin loonii akka namatti hinxiroofne agarsiisuuf. Kabaja horiif qaban ittiin ibsu. |

## 4.6 Jijjiirama Fookloorii Itti Fayyadama Fardaa irratti mul'ate

Gosoonni Fooklooriin Oromoo Gugsii(Gombisa) Fardaa keessatti ga'ee qaban bu'uura Dorson (1972) tiin akka ragaan argame ibsutti meeshaa aadaa/matrial culter/, afoola/Oral literature/, duudhaa/Custom/fi aartii sochii/ Foolk art/ ta'uu isaanii bira ga'amee jira. Kanaaf isaan amma maal irra jiru? Gara fuula duraatti maal ta'uu danda'u? isa jedhuuf

deebii argachuuf xiinxalli qo’annoo kanaan taasifame akka kanaa gadiitti tokko tokkoon diyaatee jira.

Fooklooriiwwan gombisa fardaa waliin hidhata qaban keessaa baay’ee jijjiiramaa agarsiisaa kan jiran meeshaa aadaa ta’ee isaan kessaa kanneen akka gaachana, mi’a fardaa, dirree taphaa yoo ta’an afoolaa, aartii sochiifi duudhaa irrattis jijjiiramni muraasni nimul’ata. Kunis sababa jijjiirama hawaasa keessatti mul’achaa jiruun waliin walqabate akka ta’e odeeffannoo kennitoota irraa hubatameera.

Haalli jijjiiramaa meeshaa aadaa irratti mullate, jijjiirama bifaa, jijjiirama qabiyee, jijjiirama haala tolfama isaaniitiin yoo ta’u jijjiiramni dirree taphaa immoo bakki itti taphatan dhimma biraa kan akka qonnaafi biqiltuu baargamoo dhaabuun dirreen dhiphachuufi badaa deemaa jiru. Duudhaa, Aartii sochiifi Afoola irrattis jijjiiramni, haala dubbii olka’insa ykn gadi bu’insa sagalee, unka, fayyadama jecha haala ariitii dubbiifi kkf irratti jijjiiramni nijira. Kanas fakkeenya barreeffamafi fakkii kanaa gadii irraa hubachuun ni dada’ama.

### 4.6.1. Jijjiirama Fookloorii Fardaa Gama Meeshaa Aadaarratti mul’ate

Meeshaa aadaa irratti jijjiiramoonni mul’atan waatoota irraa tolfamanfi faaya itti maxanfamaniin walqabata.Fkn

- **Jijjiirama Mi’a fardaa**

Miini fardaa yeroo durii kaasee bifaafi qabiyyeen isaa jijjiirama agarsiisee jira. Kunis akka odeeffannoo maangoddoota irraa argameen gara durii kan ture miini fardaa faayi isaa birrii dhagaraa akka ta’ee, itti aansee faayi isaa qalahaa akka ta’e, kan itti aanu faayi isaa koddaa ykn maxaabirii akka ta’e, itiifufee kuula qofaan akka faayamefi amma kan hojjatamaa jiru immoo kuula kan hinqabne qullaa akka hojjatame manguddoonni ibsanii jiru.







*Suuraa 22ffaa , Fakkii Jijjiirama Mi'a fardaarratti mul'ate kan agarsiisu.*

**Jijjiirama Gaachana.**

Gaachanni bifaafi qabiyyeen jijjiiramaa deeme kunisa gogaa roobii ykn gafarsaa irraa kan tolfamu ta'ee faayyi isaa gara durii qalahaadhaan ykn birrii dhagaraatiin miidhagfame ture; itti aansee faaya kan hinqabne kan gogaa qullaa ta'e dha. Yeroo ammaa kana waanta naannoo irraa argamu kan akka migirafi gogaa horii irraa hojjachuu calqabamee jira(Obboo Naggaa).





1. Faayni isaa sibiilaa

2. Faayni isaa akka muchaa jiru





3 Faaya kan hin qabne

4. Gogaa horiifi migira irraa tolfame

*Suuraa 23ffaa, Fakkii Jijjiirama Gaachanarratti mula'te qorataan kan kaasee*

- Jijjiirama Kal'ee/ luffisaa/fi Dashee /Daabee/

Kal’ee/ luffisaan gogaa bineessotaafi faaya garaa garaa irraa akka hojjatamu odeeffannoon maanguddoo nimirkaneessa. Kunis gara durii fayya sibiilaafi gogaa leencaa, qeerransaa, jaldeessaafi kkf irra hojjatama booda irra duwwaa ta’aa dhufe. Yeroo ammaa kuula ykn wayyaa gara garaa tiin hojjachuun egalamee jira. Jijjiirama mullate fakkii armaan gadii irraa hubachuun ni danda’ama.

Odeeffannoo qofa



1. Faayaa sibiilaa
2. Gogaa qofa





3 Gogaafi huccuu
4. Huccuu haluu qabu qofaa

*Suura 24ffaa. Jijjirama kal’ee irratti mul’atu qorataan kan kaase.*

- **Jijjiirama Dirree taphaa**

Dirree tapha gombisa fardaa irratti jijjiiramni mullatee jira. Kunis sababa qaala’insa jireenyaafi dinagdeetiin bu’aan lafa irraa argamu olka’aa waan dhufef bakki itti taphatan namoota dhuunfaatiin qonaaf oolfamaa jira. Karaa biraa bakka mijataa ta’e immoo abbaa qabeenyaaf kutamee kennamaa jira. Kun immoo adeemsa keessa lafti qabamaa yoo deeme iddoon itti gulufan waan dhabamuuf gara duraatti gombisin fardaa sababa dhabiinsa lafaatiin gaaffii keessa akka galu shakkisiisaa miti. Fakkeenyaaf Suurri armaan gadii kana ni mullisa.

- *Dirree urufa warxuu* kan ganda Biifolee(naannoo Garbeelii Biifolee) keessatti argamu yeroo durii waggoota dheeraaf gombisa fardaafi marga horii qoofaaf tajaajilaa turee. Amma garuu lafa qonnaatiif akka oolu taasifamee jira. Karaa birootiin kan akka urufa Jabduu, Urufa Gafarsaa (Dheeraa), Urufa Racceefi kkf.dur

marga looniifi gombsa fardaatiif oolaa kan ture, yeroo ammaa biqiltuu baargamoo dhaabuun baay'ee dhiphachaa dhufuu manguddoonni ibsaniiru.

### 4.6.2 Jijjiirama Fookloorii Fardaa Gama Duudhaarratti mul'ate

Jijjiirama mul'ate keessaa inni ol'aanaan hirmaattonni gombisa farda xiqqaachaa deemuudha. Itti aansee kanneen hirmaachaa jiran immoo akka baraduriitti yeroo kabajuun hirmaachuufi tasgabbiin wal dhaga'aa deemuu irratti hanqinni nimullata. Kunis haala raawwii gombisa fardaa keessatti yerooo eebbaa bara durii tapha osoo hin eegaliin dura namni hundi hanga walga'utti ni eegama ture. Yeroo namni hundi walga'e bakka hundi jiranitti eebbaan banama ture. Yeroo ammaa garuu namni hundi osoo wal hin ga'iin dargaggootaafi daa'imman bakka bu'uuf adeeman osoo hinargamiin eebbi jarjarumaan raawwata. Waldhaggeeffachuun hin mullatu. Daa'imman waan jedhanii ebbisan osoo hindhaga'in eegalama. Kuni immoo aadaa dabarsuu irratti laafinsa fida. Karaa birootiin duudhaan yoomessaa jijjiirameera. Duratti waaree dura sa'aashanii eegalee waaree booda yeroo sa'aa 10:00 akkuma eebbaan banametti eebbaan xumurama; amma kun hinjiru;sa'aa kudhanitti eegaluu alkan hanga sa'aa tokkootti taphatu. Gama naamusaattiin dur daawwataan irraa fagaatee dhaabbata yeroo ammaa daa'immaan xixxiqoon farda jala kaattee yeroo miidhamtutu mul'ata.Jijjiiramni yeroo qophii ilaalchisee mulate yeroo ibsan "dur nama dhiisii farduu hokaa hinyaatu. Fardi sagalee sirbaa dhageenyaan miilaan lafa ciraa ,gurra qeensee dhaabbata . yeroo ammaa garuu dargaggeessi nyaatee dhugee walaffeeraa oolee galgala gara gugsii deemaa fardarraa kufee miidhamaa, fardeen walitti buusuun miidhaa guddaa qaqqabsiisaa jiru." (Maanguddoo Naggaa Indaalaa ganga Daawoo Kaarraa gaafa 29/ 4/ 2009 sa'a 10:00 )

### 4.6.3 Jijjiirama Fookloorii Fardaa Gama Sochii Artiirratti mul'ate

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti jijjiiramni aartii sochii ilaachise mullate inni olaanaan haala uffannaa meeshawwan gombisa fardaa keessatti ga'ee qabaniidha. Kunis yeroo durii meeshaleen qabatamaa turan amma dhabamaa jiru. Isaanis baay'een isaanii gogaa bineesotaa irraa waan tolfamaniif adamsuun hinjiru waan ta'eefdha. Fkn gachana, luffisaa, daabee, yeroo ammaa qabatanni deemuun baayyinaan hin mullatu. Haalli fardi gombisa fardaa ittiin taphatan mi'a guutuu uffatee ittiin miidhagee deemu amma jijjiiramaadha. Karaa biraa haalli ittiin sirbaniifi gammadan addaani. Fkn bara durii yeroo geeraran meesha kan akka goraadee, eeboofi meesha qaraa harkatti qabachuun

barbaachisaadha; kunis akka ulaagaati ilaalama ture. Yeroo amma garuu sagalee qofaan geeraramuutu xiyyeeffannoo argata. Haalli olka'insa tooni sagalee illee adda akka ta'e maangoddoonni ni ibsu  Karaa biraatiin dur namoota muuxannoo gabbifatantu hirmaata. Yeroo ammaa garuu ijoollee xixiqqootuu taphata. Dur kaayyoon fardi hari'e qaqqabuuf dheessee jalaa bahuun madaalama amma garuu walwaraanuurratti xiyyeeffatu.

*(Maanguddoo Naggaa  Indaalaa  ganga Daawoo Kaarraa gaafa 29/ 4/ 2009  sa'a 10:00 )*

#### 4.6.4 Jijjiirama Fookloorii Fardaa Gama Afoolaarratti mul'ate

Akka odeeffannoo maangudoota irraa argameen Afwalaoo irratti jijjiiramni mullatu haala ittiin dubbataniifi yoomessa irratti  yeroo duriifi kan ammaa walfakkaataa  akka hin taane ni ibsu. Fkn. kan yeroo durii sirban amma hin jiru. Waggaa waggaan sirbi haaraan dhaga'ama deema. Kunis taatee tokko tokkoon walqabsiisanii sirba haaraa uumu kan jiruttis hanga tokko makanii fooyyeessu.  Kuni immoo afwalaloon haala yeroo wajjin walqabatee  akka sirbamu mullisa. Kuni immoo afwalaloo haala wajjin deemu yericha wallin akka jijjiiramu namatti mullisa.

## 4.7 Firii QorannooFookloorii Itti Fayyadama Fardaa  Bira Gahme

Qorannoon kuni ragaa afgaaffiifi daawwannaadhaan argamee xiinxaluun hiikni eega itti latamee booda firii armaan gadii irra qaqqabee jira.

### 4.7.1 Firii Qorannoo Gama Gosoota Fooklooriitiin Mul'ate.

Akaakuwwan Fookiloorii Oromoo Fardaafi Horii Maalaa keessatti ga'ee taphatan haala boqonnaa 2 keessatti Meeshaa aadaa /material culture/ fkn mi'a fardaa, uffata gombisa fardaa keessatti tajaajilan akka luffisaafi daabee, kan qabataman gaachana, ulee, zinnaara, alangee, nyaata aadaa, dirree guluffifi,  farda fa'aadha.Gama horii maalaatiin meeshaaleen sangaa (qonnaan) walqabatee Gindaa fi mi'oota isaa ,Qambaraafi kanaissan wajjiin oolan argamaniiru. Meeshaalee aadaa sa'aan walqabatan Okolee, Qorobee caaccuu, calleefi kkf mul'ataniiru.  Duudha /custom/ kan ta'a fkn  duraa duuba sirna raawwii gombisa fardaa, kabaja sirnoota adda addaa keessaatti yeroon qophii, yeroon raawwiifi yeroon raawwiin boodaa haala gaariin kan jiru ta'uun bira gahameera. Afoola /Oral literature/ jalatti kan argaman: sirba, faaruu, fokkorsi, eebbaafi darbeedarbee makmaaksa yeroo qophii,yeroo raawwiifi raawwiin booda kan jiran ta'uun hubatame.

Aartii sochii /Folk art/ kan ta'an immoo sochii qaamaa yeroo sirban ykn ragadan, akkaataa sochii ittiin gulufanii wal waraananiifi waraansa of irraa ittisan gombisa fardaa keessa jiraachuu isaanii ragaa daawwannaa, afgaaffii irraa argameen hubachuun dada'amee jira.

### 4.7.2 Firii Qorannoo Gama Faayidaa Fooklooriitiin Mul'ate

Faayidaan Fooklooriin Oromoo Fardaafi Horii Maalaa keessatti qaban: Aadaa barsiisuu, walitti dhufeenya cimsuu, gammachiisuu, dandeettii qaban mullisuu, jabina qaamaa ykn fayyummaa cimsuu, kalaqa sammuu jajjabeessuu, hari'uu walbarsiisuu, hawaasummaa jajjabeessuu, jaalala waliif qaban mullisuu, yeroo gaddaa waliin hirmaachuu, miira gaddaa isaanii mul'isu agarsiisuu, midhagina kennuun, hawwataa taasisuu, fedhiifi miira ibsuu, ilaacha hawaasaa ibsuufi kkf.niif tajaajila kennuu akka danda'u qorannoo kuni itti dhaqabee jira. Kunis boqonnaa 2 keessatti tokko tokkoon gosoonni fookiloorii tajaajila akkamii akka qaban ibsame jira. Haluma kanan firiin xiinxalli ragaa boqonnaa 4 jalatti bu'aan gosni afranuu kennan bal'inaan ibsamee jira.

### 4.7.3 Firii Qorannoo Gama Sirnootaan Fookloorii Itti Fayyadama Fardaa Mul'ate

Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo Fardaan wajjiin walqabatee sirnoota kan akka Gugsii Fardaa, Booyichaa, kabaja sirna Masqalaa Kabaja Sirna Fuudhaafi Heerumaa kkf. Akka geggeessaa jiru qorannoo kanaan hubatame. Kabaja sirnoota kanaa keessaattii fookloorii akkaataa Dorson qoqqoodetti gosoota fookloorii arfanuu akka keessatti argame qorannoo kanaan bira gahameera.

### 4.7.4 Firii Qorannoo Gama Moggaasa Maqaa Fardaatiin Mul'ate

Moggaasni maqaa aadaa boonsaa hawaasa Oromoo biratti beekamaa ta'eedha. Hawaasni Oromoo ilmoo isaatii akkuma maqaa moggaasuu horiifi fardaafillee akka maqaa moggaasuu qorannaa kanaan bira gahame. Yeroo maqaa moggaasuu sababa wajjiin akka walqabsiisu, isaaniis irra caalaa bifa, amala, ta'ii yeroo, hawwii irraa ka'ee akka maqaa baasu bira gahameera. Fkn. Yeroo masqala gubu arraba ibiddaa ilaaluun barri sun bara akkamii akka ta'u tilmaamee hiika itti kenna

### 4.7.5 Firii Qorannoo Gama Hiikaa Fakkoomii Fookloorii Fardaatiin Mul'ate

Hawaasni Oromoo muuxannoo yerooyeroon keessa darburraa kaasee waantota jiruufi jireenyaa isaa keessatti irra deddeebiin argurraa ka'ee kun akkanata'a, yookun ta'uu baatee kanatu ta'a, jechuun raawwii bara baran raawwatamuuf hiikoo mataa isaatii akka kennu gaafiifi deebii manguddootaafi abbootii Gadaa aanichaa wajjiin taasifamerraa mirkanaa'eera. Hawaasa Oromoo biratti Fardi maal akka bakka bu'u imaltuu yeroo deeman yoo mana namaatti goran colleen birmaduun manaa sanaa hin bahu. Afaanii fuudhanii midhaan kennuuf kun hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo biratti ooda akka ta'e hiika fakkoomiif kennamuun hubatame. Yeroo sirna fuudhaafi heerumaa raawwatamu, yeroo misirroon manaa baatuu dursa otuu gaangee hin yaabbachiisiin dura farda yaabbachiisu. Sababbiin isaa gaangeen maseena waan taateef dursa farda yaabbachuun gaddii gaarii ta'uun hiika kennamuudha.

### 4.7.6 Firii Qorannoo Gama Jijjiirama Fookloorii Fardaatiin Mul'ate

Jijjiiramni Fookilooriin Oromoo itti Fayyadama Fardaa keessati jiran. Kunis sababa qaroominafi barumsa ammayyaatiin dhaloonni haaraan gara barumsaatti waan duufaniif namni xiyyeeffannoo itti kennu xiqqaachaa jira. Akkasumas barumsa amantii irraa kan ka'e namoonni amantaa hordofan baay'en isaanii waa'ee aadaa oromoo irratti hirmaacuu akka cubbuutti ilaalu; nama hirmaatus yaadaan nifalmu waan ta'eef fookilooriin miidhamaa akka jiru qorannoon kuni irra ga'ee jira. Dabalees qaala'insa jireenyaa walqabatee bakki gombisa fardaa itti taphatan namoota dhuunfaa tiin fudhatamee lafa qonnaaf oolaa jira. Bakkeewwan bal'ina qaban abbaa qabeenyaatii kennamuun naannoo inveestimantii ta'aa jiru.

Akka walitti qabaatti Fookilooriin Oromoo Itti Fayyadama Fardaa keessatti ga'ee qaban, Afoola /Oral Literature/, Meeshaa aadaa /Material culter/, Duudhaa /Custom/, Aartii sochii /Folk Art/dha. Isaan kuni immoo aadaa barsiisuuf, walitti dhufeenya cimsuuf, bareedinaaf, Ogummaa ykn kalaqa sammuu jajjabeessuufi kkf fayyadu. Yeroon tajaajila isaanii, *qophii* irratti. *tapha* kessattifi *tapha* booda tajaajila kennu. Kana keessatti kan qooda fudhatan dhiiraafi dubartii ta'ee daa'imman, dargaggoota, ga'eessotafi maanguddootadha. Fookiloorii fardaa keessatti ga'ee qaban kana irratti sababa siyaasaa,

barumsa jabanaa /qaroominaa/, dinagdeefi amantii irraa kan ka'e jijjiiramni ni mullata. Haaluma kanaan ciminaan fookiloorii Oromoo irratti hinhojjatamne yoo ta'e, gara fuula duraatti bifa isaa gadi lakkisee yeroo dheeraa booda hanguma jijjiiramni dabalu liqinfamuu, dhabamuu ykn baduu akka danda'u tilmaamuun rakkisaa miti

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GUDUUNFAAFI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon Gooree qorannoo kanaa akaakuu fookiloorii Oromoo Itti Fayyadama Fardaa keessa jiruibsuu, Sirnoota fookloorii Itti fayyadama Fardaa walqabatee geggeeffaman tarreessuu, Faayidaalee Fooklooriin Oromoo Itti fayyadama Fardaakeessatti qabu ibsuu, Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo haala kamiin akka maqaa fardaa moggaasuu ibsuu, Hiika fakkoomiin Fookloorii itti fayyadama Fardaaf qabu agarsiisuufi Jijjiirama Fookloorii Itti fayyadama Fardaa irratti mul'ate xiinxaluuf yaaleera. Barbaachisummaan qorannichaas akaakuwwan fookiloorii Oromoo gama itti fayyadama Fardaa ga'ee qaban irratti qorattoonni gara duraa yoo irratti hojjatan, kitaaba yoo barreessan, sirna barnootaa keessa yoo galchaniifi qaamni goda hambaa keessatti hojjatu illee firii qorannoo kanaa hubannoo keessa yoo galche gumaacha gochuu danda'a. Gosni qorannoo kanaa gosa qorannoo ibsaa ta'ee odeeffannoo kennitoota madda raga duraarraa mala iyyaafannaa /snow ball/fi akkayyoo /purposive/tiin iddatteessee ragaalee sassaabuuf meeshaa akka afgaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeeffannootti dhimma bahe. Qorataan yaada odeeffannoo kennitoota irraa argame xiinxalee qaaccessuun hiika itti kennee bifa armaan gadiitiin guduunfee jira.

**5.2. Guduunfaa**

- Mata dureen qorannoo kanaa 'Xiinxala Fookiloorii Oromoo Itti Fayyadama Fardaa Keessatti: Aanaa Daawootti kan xiyyeeffate' isa jedhu ta'ee galmi isaa immoo beekumsaafi falaasama Oromoo /Indeginious knowledge/ qoratameefi safarame irra hinga'amne keessaa muraasa isa ta'e *Fookloorii Fardaa keessa jiru* hanga danda'e xiinxale gama barnootaa, aadaa, qorannoofi kan birootiif gumaacha akka kennu taasisuudha. Kanaf akkaataa Dorson (1972) qoqqoodee tiin akaakuuwwan fookiloorii Oromoo itti fayyadama Fardaa keessatti tajaajila kennan xiyyeeffannoo Aanaa Daawootiin eega xiinxalame firiin argame mala ibsaatiin /Descriptive method/ fayyadame iddoo barbaachisutti suura waliin deeggaruun kaa'ee jira. Dhuma irratti deebiin gaaffilee bu'uura qorannootiif argameefi akka rakkootti waanti argame haala kanaa gadiitiin qindaa'ee jiru. Isaanis:
- *Gaaffii Qo.1ffaa Gosoonni Fookiloorii Oromoo akkamiitu Fookloorii Fardaa / keessaatti argamaa?* jedhuuf deebiin argame: Akka aanaa Daawooti afoola /Oral literature, Duudhaa /custam/, Aartii sochii/ Performing art/fi meeshaa aadaa / material culture/ akka jiran qorannoon kuni irra ga'eera.
- *Gaaffii Qo.2ffaa Fookilooriin OromooItti Fayyadama Fardaan waliin hidhata qaban tajaajila akkamii kennu* ? jedhuuf firiin qorannoo kanaan irra qaqqabame: barsiisuuf, aadaa dabarsuu, miira ofii ibsuu, jabina qaama fiduu, kalaqa jajjabeessuu, tokkummaa cimsuu, bashannansiisuu, miidhagina kennuufi kkfiif tajaajilu bal'inaan kan ibsaman yoo ta'uu akka fkn *Afoola* keessaa sirbi irra caala akka qophaa'an, akka baratan, hamilee horatan, akka bashannanan, akka hubatan, tokkummaa akka horatan, ergaa walii dabarsniifi kkf tajaajila. *Meeshaan aadaa* miidhagina kennuu, aadaa dabarsuu, eenyummaa ibsuu, ogummaa guddisuu, balaa irraa ittisuu, gammachuu ibsuu, haalli yeroo gaddaa miira isaanii ittiin ibsatan, tokkumma cimsuufi jaalaala uumuufi kkf tajaajila.

  *Aartiin sochii* raawwiin gombisa fardaa, sirna booyichaa, sirna fuudhaafi heerumaa keessatti adeemsa hawwataa mataa isaa akka qabaatu, ogummaan kalaqa namoota adda addaa akka ifa bahu, sammuun akka bilchaatu, qaamni namaa akka fayyaalessa ta'ufi kkfniif tajaajila guddaa kenna. *Duudhaan* immoo

gombisni fardaafi sirnoota fuudhaafi heerumaa wajjiin walqabatee geggeeffamu keessatti duraa duuba ykn tartiiba eegee yeroo qophii, yeroo sirnaafi yeroo sirnaan boodaa akka qabu, naamusa qabeessaan akka taphatamu, safuun akka jiraatu, aadaan akka beekamu, dhaloonni akka of barufi kkf taniif tajaajila.

- *Gaafii 3ffaa Hawaasa Oromoo biratti sirnoota Fookloorii Itti fayydama Fardaan walqabatan maalfa'aa?*

  *Hawaasa Oromoo aanaa daawoo biratti sirnoonni Fardaan walqabatanii geggeffaman heddu ta'uu qorannoo kanaan hubatameera. Isaan keessaa kanneen fardaan walqabatan, kan akka Sirna gugsii fardaa, sirna fuudhaafi heerumaa, sirna awwaalchaafi kkf.  bira gahameera. Kabaja sirnootaa kanneen hunda keessaatti gosoonni fookloorii Oromoo kan jiraniifi haalli raawwii isaanii duudhaa eegee kan raawwatu dha.*

- *Gaafii 4ffaa Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo Maqaa  Fardaa maal irratti hunda'ee moggaasaa?*

  *Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo waantota qabu maraa maqaan waama. Haaluma kanaan Fardaa qabu hundaaf maqaa ni moggaasa. Akka argannoo qorannaa  kanaatti haalli ittiin maqaan kun mogga'u irra caalaa bifa irratti  hunda'uullee kanneen amal, hojii, haala yeroo, abdii gara fuula duraatti qabu ibsuufi kkf irratti hundaa'ee akka moggaasuu gaafiifi deebiifi daawwannaa garaa garaa taasifameen mirkana'e.*

- Gaafii 5ffaa hiikaa fakkoomii fookiloorii itti fayyadama fardaa hawaasa Oromoo keessatti argamu ilaalchisee

  Hawaasni Oromoo muuxannoo keessa darberraa kaasee waantota milkii gaarii qabaniifi hinqabne addaan baasee hiika itti kenna. Fak. Yeroo sirna garaagaraa raawwatu kamtu akka dura dhufuu qabu, yeroo sirna gumaa raawwatu maal akka hojjatu isaan hojjataman sun hiikoo maalii akka qaban sirriitti ibsa. Haaluma kanaan Oromoon waan hunda mirgaafi bitaan addaan baafata. Milkiin kan mirgaatu sirriidha. Jedhee aman. Yeroo masqala gubu arraba ibiddaa ilaalee barri itti aanee dhufu milkiin akkamii akka qabu tilmaama. Sirna fuudhaafi heerumaa keessatti gurbaan bitaan bahee mirgaan gala. Akkasumas, misirroon dursa yeroo mana

warra isheetii baate jalqaba farda qalaamaa yaabbatti; yoo dhabame farda miinjee irratti aggamsisanii gara gaangeetti dabarsu malee jalqaba gaangee hin yaabbachiisan. Milkii hedatu; gaangeen waan hidhalleef dursa yoo gaangee yaabbatte nimaseenti jedhanii hiiku. Kun hiika fakkoomii ta'uu danda'a. ( maddi Marii Garee gumii Abbootii Gadaa )

- *Qo.6ffaa Fookilooriin Oromoo Fardaa keessatti tajjaajila kennanirraati jijjiiramni mullatu maal fakkaata?* Jedhuuf deebiin qorannoo kanaan argame. Jijjiiramni unkaa, qabiyyeefi haala raawwii afoola irratti mullateera. Jijjiiramni qabiyyee, bifaafi, waan irraa tolfamanii *meeshaa aadaa* irratti mul'atee jira. Jijjiiramni tartiibaafi yeroo aartii sochiifi duudhaa irratti mullatee jira. Sababa dinagdeetiin dirreen dhimma biraatiif oolaa jira. Sababa barumsa ammayya ykn qaroominaa, barumsa amantii irraan kan ka'e hirmaattonni hir'achaa akka dhufan qorannoon kuni irra ga'ee jira.

***Hanqina Mul'ate:***

- *Dirreen taphaa abbumaan qaamni hoogganu hin jiru waggaa waggaan dhiphachaa deema; fudhatamaas jira.*
- *Kunuunsi meeshalee aadaatiif hingodhamu. Kan bade bakka buusuun rakkisaadha. Kana irraa kan ka'e gatiin meeshalee gombisa fardaa garmalee ol ka'aa deemaa jira.*
- *Goda hambaan Oromiyaa seenaafi meeshaa gombisa fardaa muraasa ibsuu malee tapha gombisa fardaa Oromoo qabatamaan agarsiisu danda'u /visual show/ hinqabu.*
- *Baayyinni namootaa kanneen gombisa fardaa taphatan caalaa daawwattootatu caala. Namoonni hirmaataa ta'an lakkoofsi isaanii xiqqaachaa akka deemeefi keessaayyuu namoonni muuxannoo qaban bakka kanatti argamuu dhabuun kan isaan sodaachise ta'uu maanguddoonni nihimu; yeroo daawwannaas nimul'ata.*
- *Naamusa waliin walqabatee rakkoon mul'ate waldhaga'uun hinjiru; dargaggoo baay'een eebbaaf iddoo hin kennan, Wal eeganii al tokko*

*hineegalan. Namni hundis eebba xumuraa hindhaga'u. Garuu fardaafi mi'a fardaa luffisaa, gaachana gatii olaanaan bitaa jiru.*

- *Gobisni fardaa wal waraanu qofa malee dandeettii fardaa akka utaalchaa, saggaaruufi doloolloo utaaluu bifa hammateen hin jiru.*

### 5.3. Yaboo

Akaakuwwan fookiloorii Oromoo itti fayyadama Fardaa keessaatti akka aanaa Daawootti bifa hanga ammaatti ibsamaa tureen xiinxalamaniiru. Firiin xiinala kanaa immoo hojii qorannoo itti aanuuf waan karaa saaqe qaba. Kunis fookiloorii Oromoo irratti hojiin barbaachisaa ta'e, aadaa afaaniffaa darbaa dhufe kitaaba keessatti barreessanii olkaa'uufi meeshalee durii barbaadanii goda hambaa keessatti walitti sassabanii kaa'uun qofti gahaa waan hintaaneef itti fufiinsa akka qabaatu gochuun dirqama nama hundaa ta'uun isaa shakkii hinqabu. Kanaafuu firii qorannoo kana irraa argame ka'umsa godhachuun waa'ee fookiloorii Oromoo itti fayyadama Fardaa keessaa jiraniin walqabatee qorataan yaboo kanaa gadii kaa'ee jira.

- Dirree gombisni fardaa irratti taphatamu nama dhuunfaafi abbaa qabeeyaa akka hinqisaasofneef bakka hunda kan jiru marti  beekkamtiin kennameefii kunuunsi godhame.
- Argamni meeshaa gombisa fardaa  akka itti fufuuf dameen leenjii meeshaa aadaa (kalaqa Oromoo durii) hammachuu danda'uu Dhaabbata Leenjiifi Ogummaa keessatti osoo hundaa'ee argamni meeshaa aadaa itti fufinsa qabaachuu danda'a.
- Agarsiifni Ispoortii aadaafi duudhaaleen kabaja sirnootaa yeroo hunda akka jiraatuuf goda hambaa gamoo miidhagaa godhanii ijaaruu qofa osoo hintaane haala jireenya hawaasa durii ibsuu danda'uufi  Ispoortii aadaa hammachuu danda'utti lafa bal'aa waliin osoo qophaa'ee  namoota Ispoortii aadaa taphachuu danda'an leenjisee aadaan durii qabatamaan mul'isuun /real visual show/ turistootaaf osoo banaa ta'ee gaariidha. Fkn  biyyoota guddatan keessaa Koriyaa Kibbaa 'Folk village' jechuun namootni uffata durii uffatanii, meeshaa durii qabatanii, akkaataa duriitiin fayyadamanii beellada akka horii, fardaa, bineensota madaqfaman  waliin qabatamaan daawwattootaaf  banamee taa'a.  Uummanni Oromoo eenyummaa, duudhaa, aadaa, afaanfi seenaa isaa akka  waantoota gara garaan hinliqimfamneefi guddifachuu akka danda'u  waggaa waggaan Oromiyaa mara keessatti guyyaan kabaja ayyaana aadaa Oromoo osoo jiraatee gaarii ta'a. Baruumsi dhimma aadaarratti akkaataan ittiin kennamu yoo mijaa'e malee namoonni amantaafi aadaa addaan baafachuu dadhabuun yeroo aadaarratti dhiibaa keessisan nimul'atu.

- Si'ana waggaa waggaan dorgommiin ispoortii aadaa kan akka gobisa fardaa, qillee, xiyyoo darbuufi kkf irratti hinjiru. Kuni immoo cimsuu irratti akka hin hojjanne agarsiisa. Kanaafuu osoo irratti hojjatamee gaarii ta'a. Kana gochuun namootatti fedhii hora; hirmaattotas nidabala; ummanni Oromoo addunyaa faana akka tarkaanfatu gargaara.
- Dokumantariin fiilmiin Ispoortii aadaa, haala kabaja sirnoota adda addaa walqabatu osoo qophaa'ee dargaggoonni fedhii horachuu danda'u
- Akkaataan kabaja sirnootaa fardaa wajjiin walqabatee itti geggeeffamaa jiru jijjiiramni guddaan irratti mu'ataa jira kunimmoo gara badiifi irraanfachuutti geessaa jira waan ta'eef hawaasni marii geggeessuun furmaata kaa'uu qaba. Fkn. Kabaja sirna fuudhaafi heerumaa yoofudhanne yoomessi isaa jijjiiramee guyyaarraa gara alkaniitti galee jira. Kunimmoo miidhagina isaa hir'isa. Kanaafuu haala duriitti akka deebi'uuf qaamni ilaallatu irratti hojjachuu qaba.
- Haalli moggaasa maqaa fardaaf kennamaa jiru kan duriirraa jijjiiramaa jira. Keessayyuu haallii fardaa umurii isaan tiin beekan dhaloonni ammaa hin beekuu. Kunimmoo haala amma jiru kanaan yoo itti fufe beekumsiifi kalqni oromoon qabu badaa deema kanaafillee xiyyeeffannaa kennuun barbaachisaadha.
- Oromoota abbaa qabeenyaa ta'aniif bifa fookiloorii uummata Oromoo cimsuu danda'anitti karaan osoo saaqameefii. Fkn hoteela ispoortii aadaa kan akka gombisa fardaa, bishaan daakaa, qilleefi, kkf of keessatti hammatu akka babal'isan osoo godhamee gaarii ta'a.
- Taphni gombisa fardaa yeroo ammaa aartii sochii walfakkaataa saffisaan gulufanii wal waraanuu qofa irratti kan xiyyeefatu waan ta'eef gara duraatti addunyaa waliin deemuun akka danda'amuuf dorgommiin garagaraa kan akka farda utaalchisuufi kan biroos akka haammatu WATO qaama barbaachisu waliin osoo hojjatee gaarii ta'uu danda'a.

Wabbii


Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa: Yaadarimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: mega printing press.

Alamituufi Alamaayyoo ( 2010 ). *Seenaa Afoolaa.Sgantaa Barnoota Fagoo Damee Barnoota Afaaan Oromoofi Ogbarruu*. Yuunivarsiitii Jimmaa.

Applebee et al.(2003). *Book Language Of Literature*. McDougal Littell Inc

Bascom, W. R. (1965). *Four Functions of Folklore, in Dundes, A. (1965).* The Study of Folklore.Burkelay: Printice-Hall, Inc.

Bacom William (1992). *African Folktales in New World.*Indian University Press.

______ (1954). "*Four Fucntions of Folklore*" amercan Folklore Society

Bauman, Richard (Ed.). (1992). *Folklore, Cultural performances, and Popular Entertainments:ACommunications-centered Hand book*. New York Oxford: Oxford University Press.

BBO (1999). *Afoola Oromoo Tuulamaa: Walaloo Geerarsaa, Faaruleefi Sirboota Adda Addaa*. Jildii II. Finfinnee. Finfinnee.

Beekan Gulummaa. (2015). *Koomtoo: Cooma Afoola Oromoo*. Finfinnee: Subi printing press.

Dastaa Dassaalenyi.(20013*). Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee:Mana maxxansa Boolee

Dawit & Alemayehu. (2002). "*Introduction to Applied Educational Research*" (Educ.222) Module 1 Concepts and Elements of Educational Research. Addis Ababa: Educational Media Agency **(**MOE**).**

Dirribii Damisee. (2012*). Ilaalcha Oromoo*. Fifinnee. Mana maxxansa Finfinnee.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Foklife: an Introduction*. Chicago: The University of Chicago.

Dundes, A. (1965). *The Study of Folklore*. Berkeley: Prentice-Hall.

________. (2007). *The meaning of Folklore*. The anylitical essay. Logo:Utah state University press.

Fedhesa Taaddasaa (20013). *Subii:Bu'uraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subi Printing Press.

Fekade Azeze. (1999). *Yasinaqal Mamriyaa*. Addis Ababa: Alfa Printers.

Filee Jaallataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo*: Mana maxxansaa Raajii. Finfinnee.

Fitsum Abate. (2013). *The Salivation Of Endangered Language* :Documantation And Description Of The Gunjule Oral Lite.PhD

Fiqaade Azeze. (1985). "Sinaqaal". Fifinee. Mega printing Press.

Georges, R. A and Jones, M. O. (1995). *Folkloristics: An Introduction*. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.

Jaalataa Mootii. (2014). *Xiinxala Sirna Gombisa Fardaa OromooTuulamaa*. (MA Thisis)

Kabbadaa. (2007)."*Xiinxala Hiibboo Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Daawoo*" kan hinmaxxanfamne. Finfinnee, Yuunvarsiitii Addis Ababaa.

Kidaanuu Zallaqaa. (2016). *Safuufi Aadaa.* Finfinnee: Mana Maxnsa Saglii.

Misganu Guluma .(2011). *Dilbii: Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo*. Finfinnee : Subi Printing Press.

_____________ .(2012). *Dhikkifannaa: Kuusaa Walaloofi Saayinsiisaa*. Finfinnee: Subi Printing Press.

______________. (2013).*Yando. Ogumaafi Ogwalaloo Oromoo*. Fifinnee, Oromiyaa.

MOE. (200 5). *Phisical Education* . Addis Ababa: Mega Publishing Enterprice.

MOE. (1999). *Tacher Hand Book Research*. Addis Ababa: Mega Publishing Enterprice

*Oxford Dictionary of English*. Oxford University Press. (Third Edition, 2010:679).

Sims and Stephen. (2005). *Living Folklore.An Introduction to Study of Peopleand Their tradition*. Utah state University Press.USA.

*Taaddasaa Hoomaa*. (2016). Xiinxala Gosoota Fookloorii Gombisa Fardaa Hwaasa Oromoo Aanaa Dandiirratti. Kan hin maxxanfamne. Yunivarsiitii Finfinnee Waraqaa Qorannoo (MA)

Taylor. (1973). *Introduction to cultural Anthropology*. U.S.A

V. Kahn and W. Best. (2005). *Research In Education*. Prentce-Hall,Inc.

Warquu Dachaasaa. (1992). *Wiirtuu* (Jil.5) Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaatti.

**___** . (1995). *Barruulee Wiirtuu* (Jil.7).Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaatti

**___** . (2001). *Wiirtuu* (Jil.9) Finfinnee: *Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaatti.*

*Wasanee Bashaa .(*2000**).**Qorii Hambaa. Finfinnee Oromiyaa.

**____**. (2001). *Qorii Hambaa*. Finfinnee Oromiyaa

**_____**. (2002). *Qorii Qorsaa* **.** Addis Ababaa Finfinnee

Xannaa Alamaayyoo. ( 2013). *The documentation of historical and cultural significancy of horsr racing 'gugsii' in kutae society*. (MA Thesis).

Zoltan. (2007). *Research Method in Applied Lingustic. Quantitative, qualitative and Mixed Methodology.*

*Zarihun Asfaw. (2004) "sinetsuf meseretawiyan."daabbata maxxansa daldala. Finfinnee*

*ያለው እንዳወቀ ሙሉ፡* (2011). *የምርምር መሰረታዊ መርሆችና አተገባበር፡፡ ባህርዳር ዩኒቨርሲቲ፤ ሶስተኛ* እትም፡፡

**Dabaleewwan**

**Dabalee A**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FAAKAALTII DHAABBATA QO'ANNOO AFAANIITTI

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

**Afgaaffii**

Kaayyoon afgaaffii kanaa qorannoo mata duree "Xiinxala Fookloorii Hawaasa Oromoo Itti Fayyadama Fardaaf Qabu" jedhuuf raga funaanuuf waanta'eef yaada kam irraa iyyuu bilisa ta'uun shakkii tokko malee deebii keessan akka laattan kabajaan gaafatamtanii jirtu.

Ajaja I: Ragaa dhuunfaa

Saala -------umurii 20-30 ---- 30-40-- 40 fi ol----- Sadarkaa barumsa ----------

Gaa'ela: kanFuudhe/ heerumte-----kanhinfuune/ hineerumne---- kanhiike/te---------

Ajaja II=Waangaafatamte akkaataa sirriin deebisi.

1. Sirboonni Haawaasa Oromoo keessatti gombisa fardaa waliin beekamoo ta'an jiruu? Maalfa'i?
2. Akkamitti taphatamu? Maal jedhu? Yoom taphatamu?
3. Meeshaan ittiin taphatan maalfa'i?
    - Maal irraa hojjatama?
    - Eenyutu hojjata / akkamitti?
    - Hiikaa kkamii qaba?

    -Bu'aa meeshaa kanaa maali?
4. Eenyufa'aatu gombisa fardaa taphata?
5. Jijjiiramni tapha gombisa fardaa bara duriifi yeroo ammaa jiraa?
6. Naamusni gombisa fardaa keessa jiraa ?
7. Miidhaan gombisa fardaa irratti mullatu maali?
8. Faayidaan Sirboonni gombisa fardaa waliin sirbaman qaban maalfa'i?
9. Waantonni sirba aadaa kana irraan dhiibbaa fiduu danda'an jiruu? Yooj iraatan, maalfa'a?

10. Meeshaan aadaa gombisa fardaa irratti durii kaasee tajaajila kennan hanga ammaatti jijjiirama qabuu? yoo qabu ta’e , gaaffii itti aanu deebisi.

| TL | Gosota Meeshaalee aadaa Fookloorii Oromoo FardaaFI Horii Maalaa | Meeshaa durii kaasee hanga ammaatti tajaajila kennaajiran | Kan durturanii amma hinjirre | Kan dur hinturre amma bakka bu’an/ dabalaman/ |
|---|---|---|---|---|
| 1 | | | | |
| 2 | | | | |
| 3 | | | | |
| 4 | | | | |
| 5 | | | | |
| 6 | | | | |
| 7 | | | | |
| 8 | | | | |
| 9 | | | | |
| 10 | | | | |

Dabalee B

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FAAKAALTII DHAABBATA QO'ANNOO AFAANIITTI

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

# Daawwannaa

Kaayyoon daawwannaa Qorannoo Digrii 2[ffaa] guuttachuuf taasifamuuf odeeffannoo gumaacha gochuu danda'u argachuuf Fookloorii Hawaasa Oromoo Fardaa Wajjiin walqabatan argachuuf Yoomessa Uummamaa /Natural setting/ Keessatti argamuudhaan qabxii gadii irratti xitteefachuun daawwannaan raawwatamejira. Kunis meeshalee kanneen suura kaasuuf fayyadaniifi waraabbii sagaleetiif oolanitti dhimma bahuun raawwatame.

1. Iddoo
    - Kan hirmaattonni itti taphataniifi
    - Daawwattootaa turan
2. Haala hirmaattotaa
    - Uffannaa fi
    - Gocha isaanii
        - Jalqabbii dura
        - Yeroo sirnaa
        - sirnaa booda.
    - Meeshaa itti tajaajilaman
3. Duraa duuba Fookloorichi ittiin ta'u keesstti maal akka jedhan
    - Yeroo sirnaa qophaa'u
    - Yeroo Sirnaa
    - Sirnaan booda

Dabalee C

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FAAKAALTII DHAABBATA QO’ANNOO AFAANIITTI

DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

# Marii Garee Xiyyeeffannoo tiif qophaa’e

Kaayyoon marii garee xiyyeeffannootiin Qorannoo Digrii 2[ffaa] guuttachuuf taasifamuuf odeeffannoo gumaacha gochuu danda’u argachuuf Fookloorii Hawaasa Oromoo Fardaa Wajjiin walqabatan argachuuf Yoomessa Uummamaa /Natural setting/garee dhimma kanaaf walitti qabame Keessatti argamuudhaan qabxii gadii irratti xiyyeefachuun mariin geggeeffamera. Kunis meeshalee kanneen suura kaasuuf fayyadaniifi waraabbii sagaleetiif dhimma bahuun raawwatame.

**I Gaafii Qabxii Marii Garee Xiyyeeffannootiin qophaa’ee**

1 Sirnoonni hawaasni Oromoo Fardaafi Horii maalaatiin walqabatee qopheessu maalii?

2/ Jijjiiramni fookloorii Oromoo Fardaa walqabatee jiru maalii?

-Waantoonni jijjiirama kanaaf sababa ta’an maalii?

- gara fuula duraatti maaltu ta’uu malaa?

- Fooklooriin Oromoo akka cimuuf gaheen kan eenyuuti?

- miidhaan gugsiin qaqqbsiisu maalii?

Ragaa Hirmaattotaa Garee marii kanarratti hirmaatani

| T/L | Maqaa guutuu | saala | umurii | Sad/Barumsa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |
| | | | | | |

Guyyaa 07-08 /2009

Hirmaattota marii Paanaalii Gumii Abbootii Gadaa Akka Aaanaa Daawootti kan Waajjira Aaadaafi Turizimii Aanaatiin qophaa'e.

| T/Lak | Maqaa Guutuu | Saala | Umuri i | Sadark/Barnoota a | Ga/irraa dhufan | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Abdallaa Kadir | Dhi | 40 | Digrii 1ffaa | Buusaa 01 | Barsi/ A/O |
| 2 | Dajanee Nasgiyaa Fiixaa | Dhi | 55 | - | Go/Kusaayee | Abbaa Gadaa |
| 3 | Dibaabaa Bareechaa | Dhi | 65 | 6 | Daawoo Kaarraa | Abbaa Gadaa |
| 4 | Lamuu Bakkalchaa | Dhi | 70 | 3 | Dheeraa Ilaansoo | Abbaa Gadaa |
| 5 | Mulugeetaa Bantii | Dhi | 55 | 6 | Dheeraa Ilaansoo | Bulchaa /Gan |
| 6 | Mul'ataa Bultii | Dhi | 63 | - | Taajjab Go/Saqayyo | Abbaa Gadaa |
| 7 | Badhaatuu Heey'ii | Du | 50 | - | Xuxee Quncee | Haadha Ateete |
| 8 | Dirribsaa Baatii | Dhi | 80 | - | Naannoo G/beelii | Abbaa Gadaa |
| 9 | Alamuu Warquu | Dhi | 72 | - | Kallachoo Garbii | Abbaa Gadaa |
| 10 | Gannat Taaddasaa | Du | 35 | Digrii 1ffaa | Buusaa 01 | I/G/WAT |
| 11 | Baalchaa Baay'isaa | Dhi | 80 | - | Ulmaa Buusaa | Abbaa Gadaa |
| 12 | Mangistuu Tafarraa | Dhi | 50 | Digrii 1ffaa | Buusaa 01 | Ho/Waajjiraa |
| 13 | Amaaraa Guutamaa | Dhi | 45 | Digrii 1ffaa | Buusaa 01 | Bu/Aa/Daawoo |
| 14 | Yashii Gulummaa | Du | 45 | - | Ta/Go/Saqayyoo | qonnaa Bultuu |
| 15 | Boggee Tamasgeen | Du | 65 | - | Go/ Kusaayee | qonnaa Bultuu |
| 16 | Goonyii Alaqoo | Dhi | 75 | - | Da/Saden | Abb/ Gadaa |
| 17 | Urgeessaa Gosaa | Dhi | 60 | - | Dhe/ Ilaansoo | Abb/ Gadaa |
| 18 | Taarraqanyi Kafanaa | Dhi | 40 | 6 | Da/Saden | Bu/ Gandaa |
| 19 | Lammaa Urgeessaa | Dhi | 42 | Dig/2ffaa | Buusaa 01 | I/G/Fayyaa |
| 20 | Mangistuu Garasuu | Dhi | 36 | Digri/ 1ffaa | Buusaa 01 | I/G/M/Diin |
| 21 | Dammallaash Taaddasaa | Dhi | 30 | Digrii | Buusaa 01 | I/G/Haqaa |
| 22 | Eebbisee Tirfeessaa | Du | 25 | Digrii | Buusaa 01 | I/G/Beeksisaa |
| 23 | Kumaa Dinqaa | Dhi | 29 | Dipp. | Dhe/Ilaansoo | Barsiisaa |
| 24 | Alamnash Kabbadaa | Du | 27 | Dipp. | B/Qilxuu | B/ttuu |
| 25 | Abarraash Mulugeetaa | Du | 23 | Dipp. | B/Qancaraa | B/ttuu |
| 26 | Abarraa Hirphasaa | Dhi | 30 | Digrii 1ffaa | Buusaa 01 | Barsiisaa |
| 27 | Mashanyaa Warquu | Du | 27 | Dipp. | W/Sunxaaree | B/ttuu |
| 28 | Iftuu Guutamaa | Du | 27 | Digrii 1ffaa | Diimaa Jalluwaan | B/ttuu |
| 29 | Tasfayee Hirphasaa | Dhi | 26 | Dipp. | Qa/ Ada'ii/ Ga | Barsiisaa |
| 30 | Keebeekii Daksiisaa | Du | 27 | Digrii 1ffaa | Qa/ Ada'ii/ Ga | B/ttuu |
| 31 | Salamoon Dajanee | Dhi | 27 | Dipp | Dii/Aabbaa | Barsiisaa |
| 32 | Habtaamuu Taatoo | Dhi | 16 | 9 | Buusaa 01 | Barataa |
| 33 | Tasfaa Xurunaa | Dhi | 15 | 5 | Buusaa 01 | Barataa |
| 34 | Kaasahuun Kafanaa | Dhi | 18 | 11 | Buusaa 01 | Barataa |
| 35 | Dastaa Hayiluu | Du | 15 | 9 | Buusaa 01 | Barattuu |
| 36 | Zarihuun Wadaajoo | Dhi | 18 | 11 | Buusaa 01 | Barataa |
| 37 | Habtaamuu Koonkonee | Dhi | 18 | 11 | Buusaa 01 | Barataa |

Ragaa Namoota, Manguddootafi beektota raga kennanii

| T/La | Maqaa guutuu | saala | umurii | Sad/Barumsa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obboo Goonyii Alaqoo | Dhi | 85 | - | Qotee bulaa |
| 2 | Obboo Ballaxaa Magarsaa | Dhi | 95 | - | Qotee bulaa |
| 3 | Obboo Qaabataa Dhaabii | Dhi | 80 | 4 | Qotee bulaa |
| 4 | Obboo Sirneessaa Tuujjoo | Dhi | 78 | 5 | Qotee bulaa |
| 5 | Obboo Naggaa Indaalaa | Dhi | 75 | 8 | Qotee bulaa |
| 6 | Obboo Dajanee Nasgaa | Dhi | 64 | 6 | Qotee bulaa |
| 7 | Obboo Mul'ataa Abbashuu | Dhi | 53 | 8 | Qotee bulaa |
| 9 | Obboo Mitikkuu Goodaa | Dhi | 87 | - | Qotee bulaa |
| 10 | Obboo Baqqalaa Furgaasaa | Dhi | 64 | TTI | Barsiisa |
| 11 | Aaddee Daadhii Tolasaa | Du | 80 | - | Qotee bulaa |
| 12 | Aaddee Badhaatuu Heey'ii | Du | 65 | - | Qotee bulaa |
| 13 | Obboo Dirribsaa Baatii | Dhi | 89 | - | Qotee bulaa |
| 14 | Addee Boggee Tamasgeen | Du | 67 | - | Qotee bulaa |
| 15 | Obboo Baay'isaa Qananii | Dhi | 57 | Dirg | WBA |
| 16 | Obboo Amsaaluu Mirkanaa | Dhi | 58 | Digr | WAT |
| 17 | Addee Warqituu Raggaasaa | Du | 65 | - | Qotee Bulaa |
| 18 | Obboo Lachiisaa Tuujjii | Dhi | 82 | - | Qotee Bulaa |
| 19 | Obboo Dibaabaa Bareechaa | Dhi | 70 | 6 | Qotee Bulaa |
| 20 | Obboo Bantii Lachiisaa | Dhi | 53 | 10 | Qotee Bulaa |
| 21 | Addee Shuumituu Guraaraa | Du | 58 | - | Qotee Bulaa |

Dabaleewwaan sirbootaa

Sirboota qaacceffaman

A.

| *Kan baasan* | *kan jalaa qaban* |
|---|---|
| Hoo birroolee kawoo | |
| Laal kawoo | Kaawoo yaasi’a fardaa hoo |
| Faanaan fardaa cite | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Kan itti hejjetanii | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Kan baasu | Kna jalaaqabu |
| Yaa jorraa yaa babbareeda koo | |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Ijoollee walii dhufee | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Kan itti abdatanii | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Haramtuu shunkurtii | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Harki daaraa qaba | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Darbattuu huggumii | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Dhiirri eelaa qaba | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Odolcha hinmiicanii | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Buraanburree ta’aa | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| Dhiira irraa hin dheessanii | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |
| Laal kawoo | Kaawwoo yaa si’a frdaa hoo |
| boruuf komii ta’a | |
| Jorraa yaa babbareeda koo | Hoo birroolee kawoo |

B

*Oo yaa birraa*
*Birraan bari'ee*
*Farda biti yaa gootaa*
*Oo yaa birraa*
*Yagoota yagootaa*
*Oo yaa birraa*
*Maal biyyanaa gootaa*
*Oo yaa birra*
*Gacahana abbaa fardaa*
*Oo yaa birra*
*Dawween hin qabatuu*
*Oo yaa birraa*
*Tapha goofa dhiira*
*Oo yaa birraa*
*Seesaan hin taphattuu*
*Oo yaa birraa*
*Birraan bari'ee*
*Farda biti yaa gootaa*

C

*Ookawoo Ookawo*
*Oo-kawoo leensaa*
*Birraan dammaa beektaa*
*Ororaa qincee*
*Seesaan asittuu cichee*
*Maal godhuu garuu*
*Ookawoo Ookawo*
*Oo kawoo leensaa*
*Birraan dammaa beettaa*
*Ookaa Ookawoo*
*Ookawoo leessa*
*Warra gaalee beekta*
*Ookawoo  Ookawoo*
*Ookawoo leensaa*
*Birraan dammaa beektaa*
*Ookawoo Ookawo*
*Okawoo leesaa*
*Warra Dandii beekta*
*Ookawo Ookawo……….*

E

*Daalen daaleen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee. X 2*
*Sagalee naa qaphuu*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Gombisa naaf taphuu*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Sagalee naaf qopheessii*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Daalee naaf si'eessii*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Daalen daaleen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee. X 2*
*Nyaanni marqaa wayyaa*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Yoo mi'eessaan tole*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Taphni daaleen wayyaa*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Yoo si'eessan tole*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Daalen daaleen farduma yaa gadhee*
*abbatu sooree shoolee yaabbata malee. X 2*
*Gachana abbaa fardaa*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Lafoon hin qabatuun*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Osoo akka garaa koo*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Gadheen hin taphatuu.*
*Daalen farduma yaa gadhee*
*Abbatu sooree shoolee yaabbata malee.*
*Daalen daaleen farduma yaa gadhee ……*

F

*Gurroo lee yaa booka koo x 2*
*Dhakaa daakuu*
*Diinqa dhaabu*
*Dhakaa daakuu*
*Diinqa dhaabu*
*Hammanaafuu dhiira*
*Hin waamure yaa booka koo*
*Gurroolee yaa booka koo x 2*

*Dhagaa daakuu*
*Daakuu gibe*
*Dhagaa daakuu*
*Daakuu gibe*
*Ammanaafuu*
*Dhirri dhibee ree  Yaa booka koo*
*Gurreelee yaa booka koo      x  2*
*Dhakaa dakuu*
*Daakuu gibee*
*Dhakaa dakuu*
*Daakuu gibe*
*Ammanaafuu*
*Seesaa dhufeeree   Yaa booka koo*
*Gurroo lee yaa booka koo  ……….*

G

Noor Noor yaabiddeena      x  2
Biddeenaaf waaqa saganna      x   2
Biddeen yaa warqii koo
Farsoo yaa nadhii koo
Biddeenaaf waaqa sagannaa.
Noor Noor yaa biddeena      x   2
Biddeenaaf waaqa sagannaa
Kaleessa gal'galaa
Yaa galgaleessituu
Anuu jira jettee
Na hin jajjabeessitu
Noor Noor yaa biddeenaa
Biddeenaaf waaqa saganna.
Noor Noor yaa biddeenaa      x   2
Bidden yaa warqii koo
Farsoo yaa nadhii koo
Biddeenaaf waaqa saganna.
Noor Noor yaa biddeenaa  ………

Dabalee I

*Eebba 1ffaa.*

*Yaa Waaq galata!*
*Galata!*
*Yaa Rabbi Galata!*
*Galata!*
*Booruu gannaa  nu oofkalchitee galata !*
*Galata !*
*Booqaa birra nu agarsiiftee galata!*
*Galata!*
*Namni Ayyaana kanaa bahe yaa oofkalu!*
*Yaa oofkalu!*
*Taphataan yaabbatee bahee kooraa rarraafatee hin galin!*
*Hin galin !*
*Colleen nama baatee bahee kooraa duwwaa hin galin!*
*Hin galin !*
*Waraansi waraansa basoqqee haa ta'u!*

*Haa ta'u!*
*Colleen yaa oofkalu!*
*Yaa oofkalu!*
*Bolli dibdibbee haa ta'u !*
*Haa ta'u!*
*Tulluubbeen dirree haa ta'u!*
*Haa ta'u!*
*Gufuun isin hin dhahin !*
*Hin dhahin !*
*Mana nagaatii baatanii mana nagaatti galaa!*

Eebba 2ffaa

*Yaa Waaq abeet!*
*Abeet!*
*Yaa Rabbi Abeet!*
*Abeet!*
*Yaa Waaqa nagaan nu oolchi!*
*Nu oolchi!*
*Yaa Rabbi nagaan nu oolchi!*
*Nu oolchi!*
*Gufuu nu lagi !*
*Nu lagi!*
*Collee bahe nagaan galchi!*
*Galchi!*
*Dargaggoo bahe nagaan galchi!*
*Galchi!*
*Maanguddoo bahe nagaan galchi!*
*Galchi!*
*Dirree kana nuuf eebbisi!*
*Eebbisi!*
*Nama karaa malee dhufu nu irraa qabi!*
*Qabi !*
*Farda karaa malee dhufu nu irraa qabi!*
*Qabi !*
*Baanee nagaan nu galchi!*
*Galchi!....*

Dabalee Fakkiiwwaan

Fakkii 1ffaa Fardaafi meeshaa fardaaf oollan




Fakkii 3ffaa suuraa namoota raga qorataaf kennanii



Fakkii 4ffaa Suuraa guyyaa hirreessaa yeroo waaqa kadhatan



Fakkii 5ffaa Suuraa yeroo qorataan dirree uumamaa keessatti ragaafunaanu

